BARNOOTA AFAAN OROMOO

QAJEELCHA BARSIISOTAA
KUTAA 10

Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee

Barnoota Afaan Oromoo
Qajeelcha Barsiisotaa
Kutaa 10

Qopheessitoonni:

Dasii Olqabaa Amiinaa (MA)

Lalisaa Lataa Lammii (MA)

Warquu Mokonnon Garbii (MA)

Gulaaltota:

Hayiluu Lammeessaa Wadoo (MA)

Tashoomaa Qanaasaa Tolasaa (MA)

Madaaltuun:

Yewubdaar Ayyaaleew (MA)

Qindeessaan:

Roobii Waamii(MA)

Fakkibsa (illustration)fi Graafiiksii (layout)

Koolleejii Poolii Teekniikii Inxooxxoo (TMS

Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee

Bara 2014/2021

Finfinnee

Maxxansa jalqabaa 2013/2021

Mirgi abbeentaa gama suuraawwanii, fakkiiwwanii, dookimentootaafi meeshaalee kanneen biroo akkasumas, odeeffannoofi ragaalee isaan of keessaa qaban waliin Ministeera Barnootaa Itoophiyaatiif kan dhiyaate yoo ta'u, mirgichis waggoota shaniif hojiirra oola.

Mirgi hunduu seeraan eeggamaadha. Eeyyama barreeffamaan abbaa mirgaa irraa kennamuun ala, kitaaba kana irraa hir'isuun, itti dabaluun, gamisaan ykn guutummaatti maxxansiisuun, waraabanii rabsuun dhimma dhuunfaafis ta'ee hawaasaaf oolchuun dhorkaadha. Kanaafuu, eeyyamni seeraan osoo hinkennamin gochawwan kanarratti bobba'uun seeraan nama gaafachiisa. Labsii Gaazexaa Nagaariita Federaalaa lakk. 410/2004, Labsii Ittisa Mirga Abbeentaafi Kanneen Isaan Hidhata qaban, Waggaa 10ffaa, Lakk. 55, Finfinnee, Adoolessa 12, 1996 (July 19,2004).

Daangaa Mirga Abbeentaa

Hanga danda'ametti, mirgi abbeentaa meeshaalee kitaaba kana keessatti dhimma itti bahamanii eeruu yaallee jirra. Kanneen akka tasaa bira darbamaaniif immoo dhiifama jechaa, maxxansa itti aanu kamiyyuu keessatti galateeffachuuf qophaa'oodha.

BAAFATA

Mataduree **Fuula**

Seensa……III

Boqonnaa Tokko:Afaaniifi Hawaasa…….....……1

Boqonnaa Lama: Fuudhaafi Heeruma Aadaa…….....……10

Boqonnaa Sadii: Dubartootaafi Misooma…….....……..19

Boqonnaa Afur: Garaagarummaa keessatti Tokkummaa……..25

Boqonnaa Shan:Qareeyyii.....……33

Boqonnaa Jaha: GaheeMaanguddootaa.....……..49

Boqonnaa Torba: Asoosama Dheeraa.....……63

Boqonnaa Saddeet: Sab-qunnamtii Hawaasaa…….....70

Boqonnaa Sagal: HojiiUumuu.....……83

Seensa

Qajeelchi barsiisotaa gargaartuu barsiisaa/-tuuti. Kana jechuun barsiisaan/-tuun haala itti qabiyyee kitaaba barattootaa keessatti dhiyaate hojiirra ittiin oolchan kallattii kan kaa'u jechuudha. Kitaaba barattootaa sirriitti hojiirra oolchuuf akka danda'amu yaada ka'umsaaf nita'a jedhamee yaadame dhiyeessuun barsiisaa/-tuu deeggara. Barsiisaan/-tuun barnoota leenjiin argate/-teefi muuxannoo gabbifachaa dhufeen/-teen walsimsiisuun barnoota dareefi sadarkaa sanaaf qophaa'e haala barbaadamuun hojiirra oolchuun barsiisuu qaba/-di.

Malli baruu barsiisuu akka haala yeroofi naannichaatti haala biyyaafi addunyaa wajjin walunatee dhiyaachuu mala. Akka imaammata barnoota haaraatti, barnoonni rakkoo hiikuuf furmaata waan ta'eef, hojiin barnootaafi bu'aan isaa hawaasa keessatti xiyyeeffannoo argatee hojiirra akka ooluuf tattaaffii cimaa gochuun barbaachisaadha.

Qajeelchi barsiisotaa kunis hanga danda'ametti maloota baruu barsiisuu adda addaa kan barsiisaa/-tuu gargaaru kaayyoo, qabiyyeefi tooftaa madaallii barnootichaa irratti hundaa'uun kan dhiyeessuudha. Kana malees, gilgaalota kitaaba barattootaa keessatti dhiyaataniif deebii ni kaa'a. Barsiisaan/-tuun maloota baruu barsiisuu qabiyyeewwaniifi kaayyoo barnootichaa galmaan gahuuf barbaachisan akkamitti akka hojiirra oolchuu danda'u/-eessu karaa agarsiisa.

Qajeelchi barsiisotaa baay'ina wayitii barnootichaaf murtaa'e ni kaa'a. Kun immoo barsiisaan/-tuun qabiyyee kenname yeroo akkamii keessatti hojiirra oolchuu akka qabu/-qabdu hubachiisa. Dabalataanis, yaadannoo gabaabaa qabiyyee barsiifamu ilaalchisuun barsiisaaf/-tuuf ni kaa'a. Kunis hubannoo barsiisaa/-tuu qabiyyicha irratti cimsuuf nigargaara. Kana malees, dubbisa dhaggeeffachuuf dhiyaatu nidhiyeessa. Barattoonni dubbisa dhaggeeffachuu barachuuf gargaaru kan barsiisaan/-tuun qajeelcha barsiisotaa irraa dubbisuuf gargaaramanii kaayyoo barnootichaa galmaan gahatu.

Qajeelchi barsiisotaa kun kaayyoo, qabiyyee, mala baruu barsiisuu, tooftaa madaallii, gilgaalotaafi shaakaloota adda addaa of keessatti qabata. Kaayyoon bakka lamatti qoodama. Isaanis: kaayyoo gooroofi kaayyoo gooreeti. Qajeelcha kana keessatti boqonnaa boqonnaa jalatti kan ibsame kaayyoo gooreeti.

Kaayyoon gooroo kaayyoo barnootichaa isa guddaa kan dandeettii barattoonni waliigalatti dhuma barnootichaa irratti akka goonfataniif eegamuudha. Kaayyoon gooroo barnoota Afaan Oromoo barattoonni dhuma barnootichaa irratti dandeettii **dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuu, barreessuu, fayyadama jechootaafi seerluga** akka gabbifatan gochuudha. Kaayyoon gooroo kun boqonnaa jalqabaa hanga dhumaatti walfakkaataa waan ta'eef, barsiisaan/-tuun kana hubachuun itti fayyadamuu barbaachisa. Kaayyoon gooree boqonnaa hunda jalatti waan kennameef barsiisaan/-tuun qabiyyee kenname haala qabatamaa jiruun walsimsiisuun hojiirra oolchuu qaba/-di.

Qabiyyeen kitaaba barattootaa keessatti dhiyaate walhordoffii dalgeefi ol-gadee akka qabaatutti dhiyeessuun yaalamee jira. Walqunnamtii dalgee eeguuf mata dureewwan filataman gama akaakuu barnootaa adda addaatti akka luucceffatan taasisuuf yaalamee jira. Walqunnamtii ol-gadee isaanii eeguufis kan kutaawwan gara gadiifi gara olii jiran hubannoo keessa galchamee jira. Kanaa olitti immoo barsiisaan/-tuun yaada kana hubatee/-tee ciminaafi gahumsaan hojiirra oolchuutu irraa eegama. Gama hundaan silabasii kutaa kanaaf qophaa'een akka dhiyaatu taasifamee jira.

Qabiyyeewwan silabasii keessaa dubbisa, gilgaalaafi, shaakala adda addaatiin deeggaramanii waan dhiyaataniif, barsiisaan/-tuun silabasii, kitaaba barattootaafi qajeelcha barsiisotaa walcinaa qabee/-dee itti fayyadamuu qaba/-di.

Barsiisonni adeemsaafi dhuma barnoota wayitii tokkootti barattoota isaanii madaaluuf gilgaalota garaagaraa shaakalsiisuu qabu. Dhuma seemisteeraa irrattis ta'ee waggaatti barattoota madaaluun dirqama barsiisotaati. Barattoonni maal irra akka jiran addaan baafachuuf sakatta'uun barbaachisaadha. Kun immoo karaa idilee ta'een hirmaannaa isaanii bu'uureeffachuun ta'uu mala. Gilgaalonni gahumsa isaanii kana sakatta'uuf gargaaran kitaaba barattootaa keessatti haalaan dhiyaatanii jiru. Barsiisonni gilgaalota kanatti dhimma ba'uun waan barattoonni isaanii irra gahan madaaluu qabu. Barsiisonni gilgaalota qabiyyee barnootaa jalatti dhiyaatan hunda booda tooftaa mataa isaanitti gargaaramanii barattoota isaanii madaaluu qabu. Kun immoo bakka hir'inni jirutti furmaata barbaaduufi bakka fooyya'inni jirutti jajjabeessuuf gargaara.

Walumaagalatti, qajeelchi barsiisotaa akkaataa barnoonni daree keessaafi alatti hojiirra oolu, malleen baruu barsiisuu qabiyyee dhiyaateef mijatoo ta'an, akkaataa hojiirra oolmaa mala baruu barsiisuu, yaadannoowwan gaggabaaboo barattootaafi barsiisotaaf gargaaran, deebii gilgaalotaa, maloota madaalliifi kan kana fakkaatan dhiyeessuun barsiisaa/-tuutti karaa agarsiisuun kaayyoo barnootichaa galmaan gahuuf gargaara.

Boqonnaa Tokko
Afaaniifi Hawaasa (Wayitii 9)
Dheerina Wayitii Tokkoo: Daqiiqaa 45

Seensa

Boqonnaa kana keessatti barattoonni hariiroo waa'ee afaaniifi hawaasaa irratti muuxannoo duraan qaban wajjin walitti fidanii bakka hubannoo isaanii itti gabbifatanidha. Adeemsa kana keessatti ogummaa afee dhaggeeffatanii yaaddeebii kennuu gabbifatu. Marii waliin adeemsisuun gabaasa afaaniin dhiyeessu. Mata duree filatan irratti mari'achuun barruu gabaabaa qopheessun walqabsiistotaafi sirnoota tuqaalee adda baasu. Dubbisa dhiyaate hubachuufi yaada walii gala dubbisichaa cuunfanii dandeettii keeyyata ijaaruu isaanii cimsatu. Hiika galumsaafi ijaarsa jechoota tishoo kana malees, malleen dubbiitti dhimma bahuun beekumsa duraan qaban dagaagfatu.

Kaayyoo: Xumura Boqonnaa Kanaatti Barattoonni:

- Afee/dubbisa dhaggeeffachuun odeeffannoo isaarratti mari'atu.
- .Marii gaggeessuun yaada marii afaaniin gabaasuu.
- Barreeffama dubbisuun barreeffamichi qaama kamiif akka barreeffame adda baasu.
- Barreeffama keessatti malleen dubbiitti fayyadamu.
- Barruu qopheessu
- Jechoota tishoo ijaaruun itti gargaaramu.

Qabiyyeewwan:

1.1 Dhaggeeffachuu
1.2 Dubbaachuu
1.3 Dubbisuu

Mala Baruu Barsiisuu:

- Odeeffannoo afee dhaggeeffatan irratti waliin mari'achiisaa.
- Gareen mari'atanii yaaddeebii irratti walii galan dareef haa ibsan.
- Dubbisa dhaggeeffatan cuunfanii keeyyata tokkoon haa barreessan.
- Jechoota hiika galmee jechootaafi galumsatti gargaaramuu.
- Jechoota tishoo barreessuu shaakalchiisuu.

Barannoo Tokko: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1: Gochaalee Dhaggeeffachuun duraa.

Kaayyoon gochaalee dhaggeeffachuun duraa (Gilgaala 1A) keessatti wanta barattoonni barachuuf jiran tokko waan isaan hanga ammaatti beekan wajjin walqabsiisuufi. Kanaafuu, kanatu sirriidha yookiin kanatu sirrii miti osoo hinjedhin gaaffilee dhaggeeffachuun dura dhiyaatan irratti bilisaan mari'achuun akka ibsan deeggari. Dabalataanis hiika jechoota itti aananii dhiyaatan hubannoo dubbisuu barattootaatti gufuu ta'uu malan hiika isaanii dursuun tilmaamsisi.

Deebii Gilgaala 1B. Hiika Jechootaa

1. Xiinxala yaad-sammuu
2. Adda addummaa haasawaa irratti dubbattoota afaan tokko dubbatan gidduutti mul'atu ta'ee, waliigaluu irratti rakkoo uumuu kan hindandeenye
3. Waliin jireenya hawaasaa
4. Saayinsii waa'ee afaanii qoratu

Gilgaala 2: Gochaalee Yeroo Dhaggeeffachuu

Gochaalee kana jalatti barattoonni gaaffilee gilgaala 2 jala jiran barruulee isaanii irratti dursanii akka barreeffatan itti himi. Mata duree dubbisa barattoonni dhaggeeffachuuf qophaa'an gabatee irratti barreessiif. Sana booda dubbisa ati dubbistuuf dhaggeeffatanii iddoo duwwaa himootaa akka guutan taasisi. Barreeffamicha hubachiisuuf si'a lama irra deebi'uun dubbisiif. Itti aansuun deebii irratti yaada waliif kennuun daree keessatti akka waliif ibsan deeggari. Dhuma irratti deebii isaa gabatee irratti barreessii cimsiif.

Deebii Gilgaala 2

1. Afaanummaa
2. Hawaasummaa, siyaasa, xiinsammuufi dhimmoota
3. Looga
4. Mallattoo, tokkummaa
5. Hawaasummaa, teessuma lafaa

Afaanifi Hawaasa

Afaan dhimma hawaasummaati. Hubannoon afaanii (loogaa) bu'uura irraa dhimma ijaarsa afaanii osoo hintaane hawaasummaadha. Seerri qoqqoodinsa afaanii gidduu afaanuma isaa kan uumame yommuu ta'u, aadummaafi siyaasummaan isaa garuu faayidaa qabeessa. Haalonni afaanii walitti dhufeenya hawaasummaa, siyaasa, xiinsammuufi dhimmoota seenaa irraa kan maddanidha malee garaa garummaa afaanummaa yookiin xiinqooqaa miti.

Garaa garummaa looga hawaasa afaan tokko dubbatu gidduu jiru waaltessuun barbaachisaadha. Adeemsi waaltina afaanii dhimmoota hawaasummaafi seenaa kanneen akka: barnoota bu'uuraa, sabboonummaa, eenyummaafi aadaa sabaa waliin kan walitti hidhamedha. Dagaaginniifi waaltinni afaanii dhiibbaa sabummaa akka mallattoo tokkummaa siyaasaatti tajaajila. Afaan

waalta'e tokko dubbattoota afaanii kanneen afaanicha akka madda ka'umsa tokkummaa isaaniitti ilaalan garuu, sababa teessuma lafaatiin walirraa fagaatanii jiraatan gidduutti tokkummaa uumuun tajaajila. Itti fayyadamni afaanii siyaasaafi hawaasummaa keessatti yaada barbaadame ibsuuf looga hawaasichaa waaltessuun murteessaadha. Dhimmi loogaas uumamaan hawaasummaa irraa malee haala teessuma lafaa irraa kan madde miti.

Walumaagalatti, uumamni looga hawaasa afaan tokkoo sababa teessuma lafaa irraa osoo hintaane rakkoo walitti dhufeenya hawaasummaa hawaasa afaanicha dubbatuuti. Kanaafuu, garaagarummaa looga hawaasaa afaan tokko dubbatu gidduutti uumamu hir'isuuf looga afaanichaa waaltessuun walitti dhufeenya hawaasaa cimsaa deemuun barbaachisaadha.

Gilgaala 3: Gochaalee Dhaggeeffachuun Boodaa

Gochaalee kana jalatti barattoonni gaaffilee (Gilgaala 3) jalatti dhaggeeffachuu duraafi yeroo dhaggeeffachuu qabiyyee qayyabataniin dandeettii isaanii gabbifachuu akka danda'an bakka itti taasistuudha. Kanaaf gaaffilee gilgaalaa qayyabannaaf dhiyaatan ajaja irratti hundaa'uun hojjechiisi.

Barannoo Lama: Dubbachuu

Gilgaala 4: Shaakala dandeettii Dubbachuu

Gilgaala 4Afi B keessatti barattoonni dandeettii dubbachuu jalatti afee dhaggeeffatan ka'umsa taasifatanii mata dureewwan kennameef keessaa filachuun waliin mari'atanii shaakala barruu qopheessuu akka taasisan deeggari. Barruu qopheessan afaaniin dhiyeessuun dandeettii dubbachuu isaanii gabbifachuu madaali.

C. Waliin dubbii armaan gaditti kenname xumuri.

Obbo Gammachiis guyyaa tokko dhukkubsatee hinbeeku. Gaafa tokko garuu, akka tasaa dhukkubsate. Battaluma sanatti itti cimninaan gara mana yaalaatti geessan.

Dhibee isaas akka armaan gadiitti Ogeettii fayyaatti himate.

Ogeettiin fayyaa: Obbo Gammachiis maal taatan?

Gammachiis: maaloo! baay'ee nadhukkuaba.

Ogeettii fayyaa: Maal isin godha?

Gammachiis: mataa naboowwafata, dugda nakuta, nyaata na jibbisiisa.

Ogeettii fayyaa: Ergaa sidhukkubuu jalqabe, ammam sirra tureera ?

Gammachiis: Har'aan guyyaa lammaffaa narra ta'eera.

Ogeettii fayyaa: Maaliif kana hunda ofirra tursiisuu dandeessan?

Gammachiis: Nadhiisa jedheen yaade; garuu didee natti cime.

Ogeettii fayyaa: Mee! Siree kanatti olba'aatii ciisaa.

Gammachiis: Tole! Tole ! Tole!

Ogeettii fayyaa: Obsaa! Obsaa! nifayyitu.

Gammachiis: Tole! Tole! Nan... ob…sa.

Ogeettii fayyaa: Amma qorannoon dhiigaafi bobbaa bahutti xiqqoo eegaa.

Gammachiis: Haata'u.

Ogeettii fayyaa: bu'aan qorannoo keessanii baheeraa, seenaa!

Gammachiis: Tole!

Ogeettii fayyaa: dhibeen keessan taayifoodiidha.

Gammachiis: Dhibeen kun maal maalirraa nama qabuu danda'a?

Ogeettii fayyaa: Bishaan qulqullina hin qabne dhuguufi nyaata bule hinfayyadaminaa.

Gammachiis: Kanaafuu, bishaan qulqullina hinqabneefi nyaata bulerraa ofeeggachuun qaba.

Ogeettiin fayyaa: Eeyyee! Amma dawaa isiniif ajajame torban tokkoof ganamaafi galgala nyaata booda tokko liqimsaa.

Gammachiis: Wantoonnin dawaa kana waliin hinfayyadamne jiraa?

Ogeettii fayyaa: Amma dawaa xumurtanitti aannaniifi killee hin-nyaatinaa.

Gammachiis: Kan biraan wanti irraa ofeeggatan hinjiruu?

Ogeettii fayyaa: Kanumadha, qoricha keessan seeraan fayyadamaatii xumuraa.

Gammachiis: Tole! Galatoomi! Naaf jiraadhu!

Barannoo Sadii: Dubbisuu

Gilgaala 5: Gochaalee Dubbisuun Duraa

Kaayyoon gaaffilee dubbisa duraa (gilgaala 5A) waan barattoonni barachuuf jiran irratti muuxannoo sana dura qaban wajjin walqabsiisuudha. Kanaafuu, barattoonni waliin mari'achuun yaada dhiyeessan sirriidha; yookiin sirrii miti osoo hinjedhin sodaa tokko malee yaada hubannoo isaanii jajjabeessuufi deeggaruun isinirraa eegama.

Kana malees, gilgaala 5B jalatti hiika jechootaa yeroo dubbisuu hubannoo barattootaa hir'isuu danda'anii dursii tilmaamsisuun deebii kennan gabatee irratti barreessaafii. Dhumarratti deebii barattootaa mirkaneessaa.

Deebii Gilgaala 5B

1. Waan yaadan argachuu
2. Galma yaadan gahuu
3. Dhaloota
4. Hiika itti kennuu
5. Walitti dhufeenya

Gilgaala 6: Gochaalee Yeroo Dubbisuu

Gaaffilee gilgaala 6 jalatti kennamaniif osoo gara dubbisuutti hinseeniin dura qajeelfama kennuufiin barbaachisaadha. Kanas dubbisa dhiyaateef osoo dubbisuu hin eegalin gaaffiiwwan yeroo dubbisaa dubbisanii qalbiitti akka qabatan itti himi. Itti aansuun daqiiqaa 5-7 keessatti sakatta'aan akka dubbisan taasisaa.

Deebii Gilgaala 6

1. Keeyyata 2ffaa
2. 5000 – 7000
3. Jaalala, gadda, gammachuu, beekumsa…
4. Hawaasicha afaan dubbatu

Gilgaala 7: Gochaalee Dubbisuun Boodaa

Gilgaala kana jalatti dubbisa dhiyaateef erga dubbisanii booda muuxannoo duraan qaban bakka itti gabbifatan qofa osoo hintaane, iddoo yaada barreeffamaa ka'umsa taasifachuun ijaarsa barreessuufi walqabsiistota dubbisa keessa jiran baasuun akaakuu isaaniitiin keessisuuf gargaari. Akkaataa yaada waliigala dubbisaa baasuun danda'amu itti agarsiisi. Kana malees, yaada dubbisichaa cuunfanii keeyyata tokkoon akka barreessan ka'umsa kennuufiin kallattii itti agarsiisaa.

Hubachiisa: Deebii Gilgaala 7A (cuunfaa dubbisaa, walqabsiistotaafi akaakuu isaanii irratti yaadannoo dabalataa kennuufiin deeggaraa).

Deebii Gilgaala 7B

1. milkeessuu
2. hatuu
3. gurgurtee
4. walitti dhufeenya
5. qance; goge; bilchaate
6. dhimma
7. Booda/booddee
8. Uffata; wayaa
9. godeessa
10. gante

Gilgaala 8: Hiika Jechootaa

Gilgaala 8A jalatti barattoonni hiikaa faallaa jechootaa ilaalchisee hubannoo isaanii bakka itti dagaagfatanidha. Kanaafuu, hubannoo isaanii caalaatti cimsachuuf jechoota roga 'A' jalatti kennamaniif hiika faallaa isaanii roga 'B' jala jiran wajjin akka walitti firoomsa jajjabeessaa. Dhumarrattis, deebii barattoonni hojjetan akka mirkaneeffataniif wajjin hojjedhaatii mirkaneessaafii.

Deebii Gilgaala 8A

1. H
2. F
3. G
4. C
5. L
6. B
7. K
8. J
9. A
10. E

Gilgaala 8B jalatti barattoonni dubbisa ofiin dubbisanii darban keessatti hiika jechootaa hubatanii darbuu kan itti mirkaneeffatanidha. Kanaafuu, hiika jechootaa dubbisa keessaa ba'an dhuunfaan barruulee isaanii irratti hojjechiisuun deebii isaanii soroorsaa.

Deebii Gilgaala 8B

1. C
2. A
3. D
4. B
5. C
6. B
7. C
8. A
9. B
10. D

Gilgaala 9: Jechoota Tishoo Ijaaruu

Yaadannoo Jechoota Tishoo

Tishoo (Diigala): Tishoo jechuun jechoonni hiika qaban lama walitti qindaa'uun jecha hiika qabu tokko kan uumu jechuudha. Jechootni tishoo kunis kan ijaaraman gareewwan jechootaa adda addaa irraati. Isaanis: Garee maqaa, Garee maqibsii, Garee gochimaafi Garee durduubeeti. Waa'ee jechoota tishoo ijaaruu beekumsa duraan qaban caalaatti dagaagfatu. Kanaafis yaadannoofi fakkeenya kitaaba barattootaa irratti kenname barreeffachuun yaada ijaarsaa akka cimsatan taasisaa. Fakkeenyota kennamanis garee jechootaa jechoonni tishoo irraa ijaaraman irra deebi'uun barattoota waliin hojjedhaa. Kana malees, jechoota garee adda addaa irraa jechoota tishoo ijaaruun garee jechoota irraa ijaaramanii akka ibsan taasisaa.

Garee jechootaa irraa ijaaraman

- Maqaafi maqaa irraa
- Maqaafi maqibsii irraa
- Maqaafi gochima irraa
- Maqaafi durduubee irraa

Ibsaafi fakkeenyota kitaaba barattootaa irratti kennaman bu'uureffachuun barattoonni jechoota tishoo dabalataan ijaaranii akaakuu garee jechootaa irraa ijaaramanis adda baafachuu isaanii madaalaa.

Gilgaala 9A jalatti barattoonni jechoota tishoo ilaalchisee hubannoo isaanii bakka itti gabbifatanidha. Haaluma kanaan fakkeenyota kitaaba isaanii irratti kennaman irratti hundaa'uun jechoota tishoo ijaaruu akka shaakalan taasisaa. Gilgaala 9B jalatti immoo jechoota tishoo gilgaala 9A jalatti ijaaran garee jechoota isaan irraa ijaaraman akka ibsan deeggaraa. Dhumarratti deebii barattootaa ilaaluufiin
mirkaneessaa.

Deebii Gilgaala 9B

1. Sardiida
2. Harka qalleessa
3. Mata duree
4. Yoomessa
5. Sabqunnamtii
6. Adda duree
7. Qublamee
8. Rogsadee
9. Qalbi qabeessa
10. Muktumaa

Gilgaala 10: Shaakala Malleen Dubbii

Yaadannoo Malleen Dubbii

Malleen dubbii dubbiifi barreeffama keessatti holooloonis ta'e walaloon dhaamsa dabarsuuf barbaadame sana humnaafi bareedina gonfachiisudhaan sammuu dubbisaa ykn dhaggeeffataa keessatti fakkii uumee, miidhagee, salphaatti akka hin irraanfatamnetti dhiyeessuudhaan bakka guddaa akka argatu gochuudha. Malleen dubbii bal'inaan beekamaniifi ogbarruu keessatti faayidaarra oolan kanneen armaan gadiiti.

1. **Iddeessaa (Bakka buusa):** Tokkummaa wantoota lama gidduu jiru fudhachuun isa tokko iddoo isa biraa buusuun waldorgomsiisudha. Kana jechuun wanta tokko guutumaan guutuutti amala waan biroo gonfachiisuu jechuudha.

Fkn: Finfinneen galaana.

2. **Akkasaa:** Mala ittiin wantoota lama walcinaa qabuun isa tokko isa biraatiin waldorgomsiisanidha. Kunis jechoota 'akka, fakkaata, gaha, hamma/hanga' jedhanitti dhimma baha.

Fkn: 1.Beektuun akka abbaa ishee cimtuudha.
2.Ilkaan ishee cabbii fakkaata.
3. Namni hundi hamma maqaa isaa hingahu.
4. Anoo numan kurkuraa,
Akka jabbii gurguraa
Anoo numan xallisaa
Akka ilmoo kanniisaa

Amma gaanfi margutti
Amma gaaf naa darbuutti
Tabban bu'ee ba'utti
Akkan kufee cabutti
Amman du'ee badutti.

3. **Nameessaa:** Mala ittiin wantoota nama hintaane amala namaa gonfachiisuun haala salphaatti akka hubatamu taasisanidha.

Fkn: "Ergan ani du'ee araddaan hinmargin" jette harreen.

4. **Arbeessaa**: Mala ittiin waan tokko dhugaa xiqqoo jiru irraa ka'uun amma wantichi gahuun olitti guddisuun yookiin gadi xiqqeessuun dhiyeessanidha.

Fkn: Namicha dheeraa waaqa gahu tokko arge.

5. **Habalaka**: Ergaa dabarsuun barbaadame tokko faallaa isaatti dhimma bahuun salphaatti akka hubatamu taasisuudha.

Fkn: Si jaaladhee du'uufani. *(*Yoo kan jibbu ta'e).

6. **Eemitii:** Wanta tokko yaada walii faallaa ta'an lamatti dhimma bahuun ibsuudha.

Fkn: Namni jireenyi itti bade kolfaa boo'a.

7. **Atee /ateessa):** Wantoota nama hintaanefi namatti hinmul'anne akka waan nama bira jiruutti itti haasa'uudha.

Fkn. Yaa du'a nafudhu!

8. **Anyarsee:** Mala dubbii yaada tokko ittiin too'achuufi ceepha'uuf itti dhimma ba'amudha.

Fkn. Na argaa, na argaan, na dhoksaa, na dhoksaa fida.

9. **Birqaba:** Mala dubbii wantoota lama walbira qabuun ibsuuf itti dhimma ba'amudha. Fkn. Mar'ataan kottee hinqabuu; barruusaatu jaatamaa,
Alagaan onnee hinqabuu; mar'imaantu raafamaa.

10. **Fakkeessummaa:** Gosa malleen dubbii ta'ee, yaada ibsuu barbaadame tokko wanta birootiin bakka buusuun ibsudha. Fakkeessummaa keessatti wanti bakka bu'e sun akka bakka buusaa dubbicha keessatti hinargamu.

Fkn. 1. Gugeen nageenya bakka buuti.
2. Dukkanni doofummaa bakka bu'a.
3. Handhuura 'Toophiyaa,
Maddaseenaa biyyaa,
Aayyoo deessee tiyyaa,
Dachee waaqni eebbise,
Uumamaan badhaase,
Jiituu, magariituu
Kan hawwu hundumtuu.

Gilgaala 10A jalatti barattoonni dubbiiwwan qoolaa adda addaa himoota keessatti fayyadamuu bakka itti shaakalanidha. Kanaafuu, hiimoota garagaraa kitaaba barattootaa irratti dubbiiwwan qoolaatiin dhiyaatan irratti hundaa'uun gosoota dubbii qoolaa himoonni ofkeessaa qaban addaan baafachuu akka shaakalan barattoota jajjabeessaa

Deebii :

1. Eemitii
2. Arbeessuu
3. Iddeessa
4. Nameessa
5. Akkasaa

Deebii Gilgaala 10B

1. C
2. B
3. C
4. A
5. B
6. D
7. A
8. D
9. D
10. B

Gilgaala 10C jalatti barattootni beekumsa waa'ee malleen dubbii irratti duraan qaban iddoo itti dagaagfatanidha. Bu'uuruma kanaan yaadannoo kitaaba barattootaa irratti kenname barruulee irratti barreeffatanii akka qayyabatan taasisaa. Fakkeenyota kennaman keessaa malleen dubbiifi akaakuu isaanii adda baasuun hubannoo isaanii cimsuuf deeggaraa. Malleen dubbii gilgaala 10B jalatti kennamanis akaakuu isaaniitti qooduun akka ibsan taasisaa.

Deebii Gilgaala 10C

1. Arbeessuu
2. Nameessa
3. Akkasaa
4. Arbeessuu
5. Nameessa
6. Iddeessa/bakkabuusa/
7. Eemitii
8. Arbeessuu
9. Nameessa
10. Eemitii
11. Atee/ateessa/.
12. Anyarsee
13. Akkasaa
14. Eemitii

Gilgaala 10C Barsiisaa/-tuu!

Gilgaala 10C jalatti barattoonni gosoota malleen dubbii adda addaa barreeffamoota garaagaraa keessatti fayyadamanii barreessuun akka dhiyeessan taasisaa. Barreeffama malleen dubbiitti fayyadamanii barreessan daree barnootaa keessatti dhiyeessuun akka ibsaniifi gosa malleen duddii barreeffamicha keessaas kam akka ta'e akka ibsan jajjabeessaa.

Madaallii: Barsiisaa/-tuu!

Barattoonni qabiyyeewwan kanneen yommuu baratan:

- Odeeffannoo afee dhaggeeffatan akka waliif ibsan gaafadhaa.
- Sodaa malee jechoota barbaachisootti fayyadamuun yaada ofii ibsachuu danda'uu isaanii madaalaa.
- Odeeffannoo dhaggeeffatan cuunfanii keeyyata tokkoon barreessuu isaanii mirkaneessaa.
- Jechoota tishoo ijaaruufi itti fayyadamuu isaanii madaala.

Shaakala barattootaaf duubdeebii kennaa.

Boqonnaa Lama
Fuudhaafi Heeruma Aadaa (Wayitii 8)
Dheerina Wayitii Tokkoo: Daqiiqaa 45

Seensa

Boqonnaa kana keessatti barattoonni waa'ee fuudhaafi heeruma aadaa ilaalchisee muuxannoo duraan qaban wajjin walitti fidanii bakka hubannoo isaanii itti gabbifatanidha. Adeemsa kana keessatti dandeettii haasawa namoota biroo dhaggeeffachuudhaan duubdeebii kennuu dagaagfatu. Mata duree falmisiisoo ta'an filachuun falmii gaggeessuu shaakalu. Dubbisa dhiyaate dubbisanii yaada dubbisa keessaa mirkaneeffatu. Kana malees, tarsiimoolee garaagaraa fayyadamuudhaan dubbisuun yaada isaanii barreeffamaan ibsatu. Dubbachuufi barreessuu keessatti immoo jechoota teekinikaafi barnootaa fayyadamu. Adeemsa kana keessatti akaakuuwwan himaa kanneen akka: hima himamsaa, hima gaaffiifi hima ajajaatti ni fayyadamu.

Kaayyoowwan: Xumura Boqonnaa Kanaatti barattoonni:

- Haasawaa namoota biroo dhaggeeffachuudhaan duubdeebii kennu.
- Falmii gaggeessu.
- Dubbisanii yaada dubbisa keessaa mirkaneeffatu.
- Tarsiimoolee garaagaraa fayyadamuudhaan dubbisuun yaada isaanii barreeffamaan ibsatu.
- Dubbachuufi barreessuu keessatti barattootni jechoota teekinikaafi barnootaa fayyadamu.
- Hima himamsaa, hima gaaffiifi hima ajajaatti fayyadamu.

Qabiyyeewwan:

1.1 Dhaggeeffachuu
1.2 Dubbaachuu
1.3 Dubbisuu
1.4 Caasluga: Himaafi gosoota isaa

Mala Baruu Barsiisuu:

- Haasawaa namoota biroo dhaggeeffachiisuun duubdeebii ijaarsaa kennisiisi.
- Yaada ijoo dubbisa dhaggeeffatanii afaaniin haagabaasan.
- Barruu seensa, qaamaafi gudunfaa qabu barreessisi.
- Gochaalee raawwatan keessatti himoota tajaajilaan adda baasuufi akka itti fayyadaman taasisi.
- Falmii keessatti barattoota hunda hirmaachisi.
- Shaakala gilgaalota kennamanii fakkeenya kennuufiin hojjechiisi.

Barannoo Tokko. Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1: Gochaalee Dhaggeeffachuun duraa.

Gochaalee dhaggeeffachuun dura gilgaala1 jalatti barattoonni waan barachuuf adeeman tokko muuxannoo isaanii wajjin kan walqabsiisanidha. Haaluma kanaan kanatu sirriidha; kanatu sirrii miti osoo hinjedhin barattootni gaaffilee kana jalatti kennaman bilisaan irratti yaada isaanii wal haajijjiiran. Kanaafuu, gaaffilee irratti akka waliin mari'atan deeggari. Dubbisa keessatti jechoota hubannoo isaanii danquu danda'anis dursii hiika isaanii akka tilmaaman taasisi.

Gilgaala 2:Gochaalee Yeroo Dhaggeeffachuu

As jalatti barattoonni gaaffilee gilgaala kana jiran dhaggeeffachuun dursanii akka barreeffatan taasisi. Barreeffamicha yoo xiqqaate akka hubatamuufitti yeroo lama irra deebi'uun dubbisiif. Dhumarratti, deebii gaaffilee shaakalanii akka waliif dhiyeessan taasisi.

Deebii Gilgaala 2

1. Aadaa
2. Miidhaa
3. Hundeessuu
4. Kaadhimmachuu
5. Tumsi
6. Butii, dhaala
7. Suukanneessaa

Fuudhaafi Heeruma Aadaa Oromoo

Aadde Boontuun guyyaa ayyaana dubartootaa mana barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu sadarkaa 2ffaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetti argamu keessatti kabajame irratti waajjira Dhimma dubartootaafi daa'immanii irraa affeeramuun barattootaafi hawaasa mana barumsichaatiif haasawaa taasisan. Mata dureen haasawa isaanis sirna fuudhaafi heeruma aadaa irratti yommuu ta'u, haasawaan kun haala itti aanun dhiyaata.

Kabajamoo dura taa'aa walgayii kanaa,
Kabajamtoota hirmaattota waltajjii kanaa

Duraan dursee guyyaa har'aa kana waa'ee fuudhaafi heeruma aadaa Oromoo ilaalchisee haasawaa akkan isiniif taasisuuf asitti na affeeruu keessaniif gammachuu guddaatu natti dhagahama!

Hawaasni tokko aadaa fuudhaafi heerumaa mataa isaa qaba. Sirna fuudhaafi heerumaa kanas hawaasni haala garagaraatiin raawwachaa ture; har'as raawwachaa jira. Uummanni Oromoos akkuma uummattoota biroo bultii ijaarrachuuf fuudhaafi heeruma aadaa karaa adda addaatiin gaggeeffata. Sirni fuudhaafi heeruma aadaa sabni kun qabu hedduudha. Isaanis: kaadhimmachuun fuudhuu, dhaala, hawwachuu, aseennaa, butii, sabbatmarii, bembeetoofi kkf. eeruun nidanda'ama. Gosoonni fuudhaafi heeruma aadaa kunniinis durii kaasanii abbootii keenyarraa dhalootaa dhalootatti ce'aa kan dhufanidha. Ta'us, qabeenya aadaa ta'anii dhaalamuun kan dhufan yoo ta'anis " Gaariin mudaa hindhabu" akkuma jedhamu hundee dhala namaa akkuma itti fufsiisan barmaatileen miidhaa geessisanis dhalachuun isaanii kan hinoolle ta'ee, nuti dubartoonni gaa'ela hundeessuun dura hubannoo keenya cimsachuu qabna.

Kabajamtoota! Dhaggeeffattoota waltajjii kanaa,

Dhaabbileen mootummaafi miti mootummaa sirna fuudhaafi heeruma aadaa Oromoo ilaalchisee qorannoo garagaraa gaggeessaniiru. Bu'uuruma kanaan bu'aafi barmaatileen miidhaa geessisuu danda'an jiraachuun hubatameera. Fakkeenyaaf kaadhimmatanii fuudhuufi heerumuun kan bal'inaan mul'atudha. Kunis ilaallachuu irraa kan eegalu ta'ee; fedhiifi walii galtee maatii lamaanii kan Giddu-galeeffatedha. Sirna kana gaggeessuun dhiibbaa dinagdee yoo qabaate malee; rakkoo xiinsammuu yookiin hacuuccaa mirga dhala namaa qaqqabsiisu hinqabu. Kanaafuu, sirni kun mirga dubartootaa waan hinsarbineef haala baasiif nama hinsaaxilleen gagageeffamuun isaa gaaridha. Itti fufiinsa akka qabaatuufis tumsi hawaasa hundaa barbaachisaadha.

Gosni fuudhaafi heerumaa inni biroon waliin deemuudha. Sirni kun warri walfuudhan lamaan dhiibaa tokko malee waljaalachuu irraa kan ka'ee murteeffaatanii waliin jiraachuudha. Kun mirga dubartootaa kan sarbu miti.

Haata'u malee, sirnoonni mirgoota dhala namaa ukkaamsan kanneen akka: butii, bembeetoo, aseennaafi dhaala jedhaman maqaa dhahuun nidanda'ama. Butiin warri dhiiraa boortaadhaan fedhii durbaa malee kaayyoo ishee dukkaneessanii fuudhuudha. Bembeetoon haati warraa yoo abbaa warraa jalaa boqotte obboleettii ishee warroomsachuudha. Faallaa kanaatiin ammoo, dhaalli abbaan warraa tokko yoo du'e obboleessi isaa haadha warraa obboleessi irraa du'esana bulchuudha.

Dimshaashumatti, sirnoota fuudhaafi heerumaa duudhaa uummatichaa eegan kabajamanii akka itti fufan gochuuniifi warreen mirga dhala namaa sarban immoo uummata barsiisuun sirreessaa deemuun barbaachisaadha. Nutis hubannoo keenya cimsinee mirgi dubartootaa akka kabajamuuf gahee keenya bahuu qabna jechaa haasaa koo asumarrattin goolaba.

Waan nadhaggeeffattaniif galatoomaa!

Gilgaala 3: Gochaalee Dhaggeeffachuun Boodaa

Gocha kana jalatti barattootni jechoota gilgaala 3A jala jiran dubbisa dhaggeeffatan irratti hundaa'uun hiika galumsa isaanii filachuun deebisu. Haaluma kanaan dursanii jechoota barreeffatanii dhuunfaan akka hojjetan itti himi. Kana boodas, deebii sirrii ta'e filachuu isaanii akka mirkaneeffatan deeggari. Dhuma irratti deebii isaanii soroorsi.

Deebii Gilgaala 3A

1. A
2. C
3. D
4. C
5. A
6. C
7. B
8. B
9. C
10. B

Gilgaala 3B jalatti dubbisa dhaggeeffatan muuxannoo jireenya isaanii wajjin walqabsiisuun bakka caalaatti hubannoo itti gabbifatanidha. Kanaafuu, gareedhaan ta'anii ergaa waliigala dubbisichaa dhaggeeffatanii baasuun afaaniin daree keessatti akka ibsan gargaari. Itti aansuun yaadota callaa dubbisa dhaggeeffatanii hubachuun, yaada deeggaraniifi morman dubbisicha wabeeffachuun sababa dhiyeessuu akka danda'an gargaari. Mata dureen dubbisaa " Fuudhaafi heeruma aadaa Oromoo" jedhu miidhaafi faayidaa isaan qaban tilmaamaa dubbisa keessaa baasuun ibsa akka itti kennan taasisi.

Barannoo Lama: Dubbisuu

Gilgaala 4: Gochaalee Dubbisuun Duraa

Gilgaala 4A jalatti barattoonni jechoota yeroo dubbisuu hubannoo dubbisuu isaanitti gufuu ta'uu danda'an hiika isaanii dursuun akka tilmaaman godhi.

Deebii Gilgaala 4A

1. Fira dhiigaa
2. Hunda
3. Gaa'ela godhachuu
4. Jiruufi jireenya keessatti waan amaleeffatame

Kaayyoon fakkiifi gilgaala 4B jala jiru waan barattoonni barachuuf deeman tokko hubannoo qaban wajjin walqabsiisuuf isaan gargaara. Kanaafuu, barattootni mata dureefi fakkii dubbisaafi fakkii walitti maal barachuuf akka jiran tilmaamsisi.

Gilgaala 5: Gochaalee Yeroo Dubbisuu

Gilgaala kana jalatti gaaffilee kennaman osoo gara dubbisuutti hinseenin dura qajeelfama kennameef hubachiisi. Kana booda tokkoon tokkoon gaaffilee dubbisuun qalbiitti akka qabatan itti himi. Itti fufuunis dubbisicha callisaafi sakattaan guutummaan barattoota hunda dubbisiisi. Erga dubbisanii booda deebii barreessan dareef akka dhiyeessan hirmaachisi.

Deebii Gilgaala 5

1. Naqata, aseennaa, hawwachuu, sabbat marii, bembeetoo…
2. Hawwii/ jala deemtuu
3. Siiqqee, hidda kalaalaa, okolee…
4. Dhaala
5. Adeemsa dhalli namaa karaa aadaatiin bultii ijaarrachuun maatii horachuu itti eegaludha. Haalli raawwii sirna fuudhaafi heeruma aadaa kun biyyaa biyyatti, nannoo garagaraattiifi haalota adda addaa irratti hundaa'uun garaa garummaa kan qabudha. Adeemsi kun of eeggannoodhaan itti dhimma hinba'amne taanan miidhaa geessisuun mirga dhala namaa sarbuu danda'a.

Hub. Gochaalee kana jalatti tarsiimolee dubbisuu:

A. Sakatta'aandubbisuu
B. Saffisaandubbisuu
3. Gadi fageenyaan dubbisuufi
4. Bal'inaandubbisuu

Irratti barattootaaf hubannoo dabalataa kennuufiin akka itti fayyadaman deeggari.

Gilgaala 6: Gochaalee Dubbisuun Boodaa

Gilgaala 6A jalatti barattoonni erga dubbisa dhiyaateef dubbisanii xumuranii booda hubannoo dubbisuu isaanii gabbifatu. Dubbisa dhiyaate irratti hundaa'uun yaadaafi ergaa dibbisichaa irraa argatani keessa deebi'anii xiinxaluu danda'u. Kanaafuu, gaaffiiwwan dhiyaatan xiinxaluudhaan yaada sirrii ta'e 'dhugaa' sirrii kan hintaane immoo 'soba' jedhanii deebisuun hubannoo isaanii akka mirkaneeffataniif deeggaraa.

Deebii Gilgaala 6A

1. Soba
2. Soba
3. Dhugaa
4. Dhugaa
5. Dhugaa

Gilgaal 6B jalatti dubbisa dhiyaateef erga dubbisanii booda hiika galumsa jechootaa bakka itti gabbifatanidha. Barattootni jechoota dubbisa keessaa ba'an dursa akka barreeffatan itti himi. Itti aansuun gaaffilee dhiyaatan fakkeenya hojjechuufiin kanneen hafan dhuunfaadhaan akka hojjetan deeggari.

Deebii Gilgaala 6B

1. C
2. D
3. D
4. C
5. A
6. B
7. C
8. A
9. B
10. A

Barannoo Sadii: Dubbachuufi Barreessuu

Gilgaala 7A jalatti barattoonni bakka dandeettii dubbachuu isaanii itti cimsachuu danda'anidha. Ajaja kitaaba barattootaa (A) irratti kenname sirriitti akka qalbeeffatan itti himi. Dubbisa kitaabasaanii irratti argamu irra deebi'anii saffisaan akka dubbisan jajjabeessi. Hubannoo dubbisa keessaa argatan keeyyata keeyyataan yaada isaanii afaaniin akka calaqqisiisan ajaji.

Dabalataanis, gilgaala 7B jalatti immoo barattoonni akaakuuwwan fuudhaafi heeruma aadaa irratti hundaa'uun qabxiiwwan armaan gadiirratti gareen mari'atanii akka ibsan taasisaa.

a. Tokkummaa isaanii

b. Garaagarummaa isaanii

c. Faayidaa isaaniifi

d. Miidhaa isaanii irratti gareen mari'achuun yaada irratti walii galan afaaniin daree keessatti akka waliif ibsan jajjabeessaa.

Gilgaala 7C jalatti barattoonni himoota kennamaniif deebii sirrii ta'e filachuun akka deebisan taasisaa. Deebii barattoonni hojjetan daree keessatti waliin mirkaneessaa.

Deebii Gilgaala 7C

1. B
2. C
3. D
4. D
5. A
6. A
7. C
8. A
9. C
10. D

Ajaja barreessuu gilgaala 7D irratti barruu seensa, qaamaafi guduunfaa qabu barreessuu shaakalu. Barruu qopheessuun adeemsaafi seera ittiin barreeffamu qabaachuu isaa dursii barattootaaf ibsa kenniif. Kana booda mata duree isaaniif dhiyaate keessaa filachiisi. Hima ijootti gargaaramuun

keeyyata tokko barreessuufiin itti fufanii akka barreessan deeggaraa.

Barannoo Afur: Caasluga: Himootaafi Gosoota isaa Yaadannoo

Himni qindoomina jechootaa ta'ee; ergaa dabarsuu kan danda'udha. Himni yoo xiqqaate matimaafi gochima kan qabu, yaada guutuu kan dabarsu, hawaasa afaanicha dubbatu biratti fudhatama kan qabuufi tuqaaleedhaan kan goolabamudha. Afaan Oromoo keessatti gosoota himootaa adda addaatu jiru. Gama tajaajila isaan kennan irratti hundaa'uun yoo ilaalaman: hima himamsaa, hima gaaffii, hima ajajaafi hima raajeffannoo jedhamanii beekamu. Himoonni kunniin tokkoo tokkoon isaanii sirnoota tuqaalee waliin deeman qabu.

A. Hima Himamsaa/Addeessaa

Himni himamsaa akaakuu himaa odeeffannoo dabarsuuf tajaajilu ta'ee, hima tuqaadhaan goolabamudha.

Fakkeenyaaf: Jiituun barattuu cimtuudha.

B. Hima Gaaffii

Himni gaaffii hima waa'ee waan tokkoo odeeffannoo barbaaduuf tajaajiludha. Hima kana gaaffii agarsiisuu isaa kan mul'isus mallattoo gaaffii dhumarraa qabaachuu isaati. Kana malees, jechoota akka: maal, yoom, attamitti, eenyuufi kkf. of keessaa qaba.

Fakkeenya: Barattoonni maaliif hafan?

C. Hima Ajajaa

Himni kun ergaa ajaja of keessaa qabu dabarsuu irratti kan xiyyeeffatudha. Kunis, dheekkamsa, affeerraa, kadhaafi kkf. kan of keessaa qabudha. Himni ajajaa mallattoo raajeffannoo yookiin tuqaadhan xumurama.

Fakkeenya: Boru kitaaba fidaa koottaa.

Ka'ii mana kanaa ba'i!

D. Hima Raajeffannoo

Himni raajeffannoo yaada nama ajaa'ibsiisuufi yaada nama gaddisiisu kan of keessaa qabu; ta'ee yeroo hunda waan miira namaa tuqu ibsuuf kan tajaajiludha.

Fakkeenya: Uggum! Yaa Rabbi nu baraari!

Gilgaala 8 A jalatti himoota kitaaba barattootaa irratti shaakalaaf dhiyaatan tajaajila isaanii irratti hundaa'uun sirna tuqaalee isaan itti fayyadamuu qabaniifi gosoota isaaniitti akka qoqqoodan hojjechiisi. Deebii isaaniis mirkaneessi.

Deebii Gilgaala 8A

1. Hojiin bu'uura guddinaati. = Hima himamsaa/addeessaa
2. Finfinneen yoom hundeeffamte? = Hima gaaffii
3. Safuu! Maali tun kan qullaa deemtu!= Hima raajeffannoo
4. Akkam bareeddi!= Hima raajeffannoo
5. Gaafa barnoota xumurte maal ta'uu feeta? =Hima gaaffii

6. Jabaadhuu hojjedhu. =Hima ajajaa
7. Abbabaa Biqilaa hangafa atileetota biyya keenyaati. =Hima himamsaa/addeessaa
8. Jeneraal Taaddasaa Birruu yoom dhalatan?= hima gaaffii

Gilgaala 8B jalatti barattoonni bakka itti himoota adda addaa jalqabamanii hinxumuramne jechoota garaagaraatiin xumuruufi gosoota himootaa addaan baasuun xiinxalanidha. Kanaafuu, barattoonni himoota kitaaba isaanii irratti bakka duwwaa kennamaniif jechoota guutuu danda'an jechoota kennaman keessaa filachuun akka guutaniifi gosoota himoota guutaniis tajaajila isaaniitiin akka ibsan taasisaa.

Deebii Gilgaala 8B

1. Aadaa
2. ofittoo
3. abbaa warraa
4. bu'aa bayii
5. kabajamaa
6. Mana barumsaa
7. deemtee
8. Jabaatanii
9. maal nadhibdeen
10. jaalattullee

Yaadannoo sirna Tuqaalee

Tuqaa (.): Barreeffama keessatti tuqaan tajaajiloota armaan gadii qaba.

- Himni tokko xumuramuu agarsiisuuf.

  Fakkeenya, Irbaata koo nyaadhe.

- Kottoonfannaa agarsiisuuf.

  Fakkeenya, Hubachiisa= Hub.

  Yookiin=Ykn.

- Gabaajee agarsiisuuf.

  Fakkeenya, Biiroo Barnoota Oromiyaa = B.B.O

  Dhaabbata Fayyaa Addunyaa = Dh.F.A

- Herreega keesstti lakkoofsa guutuufi haftee adda baasuuf.

  Fakkeenya, 86.5

Mallattoo Gaaffii (?): Barreeffama keessatti tajaajiloota armaan gadii qaba.

- Dhuma hima gaaffii ta'ee agarsiisuuf tajaajila.

Fakkeenyaaf, Yoom eebbifamta?

- Yaada tokko irratti shakkiin jiraachuu agarsiisuuf hammattuu keessa kaawwama.

Fakkeenya, Taaddasaa Birruu bara 1920tti (?) dhalate.

Mallattoo Raajeffannoo (!): Barreeffama keessatti tajaajiloota armaan gadii qaba.

- Dhuma hima raajeffannoo ta'e agarsiisuuf gala.

Fakkeenya, nama gaarii akkamii seete!

- Jecha gaalee yookiin gaalima caasaan walgitan booda gala.

Fakkeenya, Dhaabi! Ati kan gamasii ilaalladhu.

- Hima ajaja cimaa ibsu booda gala.

Fakkeenya, Usi! Waatokkollee hindubbatin!

- Xiyyeeffannaa yaada tokkoo agarsiisuuf gala.

Fakkeenya, ni injifanna!

Sarara xiqqaa (-): Sararri xiqqaan tajaajila armaan gadii qaba.

- Jecha jechoota lama irraa uumame gidduutti iddoo sagaleen keessaa hafetti gala.

Fakkeenya, saba + quunnamtii = Sab-quunnamtii

- Qarqara yookiin dhuma sarara barreeeffamaa irratti jecha addaan cite agarsiisuuf.

Fakkeenya, Barreeffama tokko dubbisnee yaada waliigala isaa huba-

Chiisuuf yaada ijoo barreeffamichaa addaan baafachuun barbaachisaadha. Jechi tokko kan addaan citee sarara itti aanutti ce'u birsaga irrattidha.

Tuttuqaa/Fuftuu (…): Barreeffama keessatti yaanni tokko citee hafuu agarsiisa. Iddoo yaada osoo hinbarreeffamiin hafetti bakka buuti jechuudha.

Fakkeenya, Afaan ibsituu aadaa, duudhaa, seenaafi…uummataati.

Buufata xiqqaa (;): Yaadota guutuu lama gidduu boqonnaan jiraachuu agarsiisuuf.

Fakkeenya, Boontuun konkolaataa bitte; Kuulaniin immoo mana nyaataa banatte.

Falmii

Falmii mata dureewwan walfaallessaniifi falmisiisoo ta'an lama irratti adeemsifama. Yaadni lamaanuu falmitootafi deeggartoota qabu. Kaayyoon falmii gaggeessuu dandeettii dubbachuufi ija jabina horarchuun dandeettii yaadan garee faallaa moo'achuuti. Falmii gaggeessuuf qajeelfamoota isaa beekuufi hordofuun barbaachisaadha.

Qajeelfamoota Falmii:

- Falmii gaggeessuuf qindeessaa tokkoofi abbootii seeraa sadi filachuun barbaachisaadha. Abbootiin seeraa filatamanis yaadolee amansiisoo ta'anii garee lamaanin dhiyaataniif loogii malee qabxii kennu.
- Dhiyeessitoonni falmii yaada isaanii mata duree bu'uureffachuun duraa duuba eeganii qabxiilee ijoo yaada loojikaawan dhiyeessuu qabu.
- Falmii keessatti mirga falmitootaa osoo tuqin yaada garee faallaa fashaleessuuf seera eeganii falmuudha.
- Falmiin kan gaggeeffamu yaadan injifachuu waan ta'eef moo'achuuf yaada ofii ragaan tumsuun dhiyeessudha.

Gilgaala 9: Falmii Gaggeessuu

Qabiyyee kana jalatti barattoonni qajeelfama falmii hordofanii falmii keessatti hirmaachuun dandeettii dubbachuufi ofitti amanamummaa bakka itti gonfachuu danda'anidha. Dura qajeelfamoota falmii akka eegan deeggari. Mata duree falmii isaaniif kenname keessaa filachuun daree keessatti gareen walfalmisiisaa.

Madaallii: Barattoonni qabiyyeewwan kanneen yemmuu baratan:

- Gochaalee kennaman hodofuun gocha garaagaraa keessatti hirmaatu.
- Barattoonni akkaataa itti falmii gaggeessan madaali.
- Yaada ijoo dubbisaa afaaniin akka gabaasan taasisi.
- Barruu seensa ,qaamafi guduunfaa qaban barreeesu.
- Himoota tajaajila kennaniin qoqqoodanii, sirnoota tuqaaleetti haalan fayyadamuu isaanii madaali.

BOQONNAA SADII
DUBARTOOTAAFI MISOOMA(8)
Dheerina Wayitii Tokkoo: Daqiiqaa 45

Seensa

Boqonnaa kana keessatti hirmaannan dubartootaa misoomarratti murteessaa ta'uu isaa bakka itti barattoonni hubannoo isaanii cimsatanidha. Miidiyaalee garaagaraa dhaggeeffachuun dhimmoota dubartootaafi misoomarratti yaada isaan dhiyeessan madaalun afaaniin gabaasa dhiyeessu. Tarsiimolee adda addaatti fayyadamuun dubbisa dhaggeeffannaafi dubbisa ofiin dubbisanitti dhimma bahuun dandeettiiwwan afaanii dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu cimsatu. Kana malees, fayyadama jechootaa keessatti hiika galumsaafi hiika galmee/ guuboo jechootaa, caasluga, himoota caasaa isaanitiin addaan baasuun dandeettii barreessuu caalatti dagaagfatu.

Kaayyoowwan: Xumura boqonnaa kanaatti barattoonni:

- Miidiyaalee garaagaraa dhaggeeffachuudhaan ilaalcha dubbattootaa, dhimmoota dubartootaa garaagaraa, waa'ee dubartootaafi misoomaa haasa'anii madaalu.
- Yaada murtaa'aaf saffisaan dubbisu.
- Waa'ee dubartootaafi misoomaa afgaaffii qopheessuun afaaniin gabaasu.
- Cuunfaa barreeffamaa /afee dhiyaatee keeyyata tokkoon dhiyeessu.
- Himoota salphaa, dachaafi xaxamaa ijaaruun itti fayyadamu.

Qabiyyeewwan:

1.1 Dhaggeeffachuu
1.2 Dubbachuu
1.3 Dubbisuu
1.4 Barreessuu
1.5 Fayyadama Jechootaa
1.6 Seerluga/ Caasluga

Mala baruu Barsiisuu

- Afee/ miidiyaa garaagaraa dhaggeeffachiisuun ilaalcha dubartootaafi misoomarratti qaban barattoota madaalchisi.
- Hirmaannaa dubartoonni misooma keessatti qaban ilaalchisee afaaniin dhiyeessisi.
- Tarsiimolee garaagaaraatti fayyadamuun dubbisa akka dubbisan shaakalchiisi.
- Dubbisa saffisaan dubbisuun yaada dubbisichaa cuunfanii keeyyata tokkoon akka barreessan deeggari.
- Jechoota dubbisa keessaa bahaniif hiika galumsaafi hiika galmee/ guuboo jechootatiin hojjechiisi.
- Himoota caasaa isaanitiin qoqqoodanii akka itti fayyadaman taasisi.

Barannoo Tokko: Dhaggeeffachuu

Gilgaala 1: Gochaalee Dhaggeeffachuun Duraa

Gilgaala kana jalatti barattootni wanta barachuuf deeman tokko muuxannoo isaanii hanga ammaatti qaban wajjin walitti fiduun hubannoo isaanii bakka itti gabbifatanidha. Bu'uuruma kanaan barattootni gareen ta'uudhaan gaaffilee irratti mari'achuun ibsa akka waliif kennan gargaari. Deebii barattootni kennan sirriidha; sirrii miti hinjedhin. Deebii sirrii dubbisicha dhaggeeffachaa akka isaan mirkaneeffatan itti himi.

Gilgaala 2: Gochaalee Yeroo Dhaggeeffachuu

Jechootni gilgaala 2 jalatti kennaman dubbisa keessaa bahan. Jechoota kanneen dhaggeeffachuun dura akka barreeffatan godhi. Itti aansuudhaan dubbisa dhaggeeffachaa hiika jechoonni dubbisa keessatti qaban akka barreessan hordofi. Dhumarrattis, deebii barattoonni hojjetan ilaaluun mirkaneessaafii.

Deebii Gilgaala 2

1. Dhabamsiisuu/ hir'isuu
2. Irraa madduu/ argamuu
3. Gahee olaanaa
4. Yaada bu'uuraa
5. Jibbamaa/badaa

Barannoo Lama: Dubbachuu

Gilgaala 3: Shaakala Dandeettii Dubbachuu

Gilgaala kana jalatti barattoonni dandeettii dubbachuu irratti hubannoo isaanii bakka itti gabbifatanidha. Kanaafuu, dubbisichas akka barattoonni hubachuu danda'anitti al lama dubbisiif. Yaada callaa dubbisichaa hubachuun boodarra hubannoo argatan irraa gaaffilee dhiyaatan 'dhugaa' ykn. soba ta'uu barattoota mirkaneessisi.

Deebii Gilgaala 3

1. Soba
2. Dhugaa
3. Sob
4. Soba
5. Soba

GAHEE MIIDIYAAN DUBARTOOTAAFI MISOOMA IRRATTI QABU

Miidiyaan hirmaannaa dubartoonni misooma keessatti qaban beeksisuu irratti gahee guddaa taphachuu danda'a. Kana jechuun miidiyaan ijaafi gurra uummataa ta'ee rakkoo ilaalchaafi raawwii hojii wajjin walqabatee jiru irratti xiyyeeffachuun hojjeta. Rakkoolee kana maksuufis dhimmamtoota garaagaraa waltajjii irratti affeeree haasofsiisa. Kana keessatti yaadonni mootummaaf galtee, uummataaf ijaarsa, dubartootaaf immoo abdiifi kaka'umsa itti horan burquu danda'u. Dubartoonni bulchiinsa, diinagdeefi hawaasummaa cimsuu keessatti, gahee olaanaa taphachuu danda'u. Barnoonni ammayyaa babal'achuufi miidiyaaleen rakkoo hirmaannaa dubartootaa irratti hojjechuu dhabuun biyyoota Afrikaa keessatti guddinni misoomaa harkifachaa akka deemu godhe.

Dubartoonni guddina misoomafi diinagdee biyya tokkoo keessatti shoora olaanaa qabu. Imaammata biyyaa baasuufi murtee dabarsuu irratti dhiirota wajjin qooda walqixa ta'e yoo argatan guddinni biyyaa nisaffisa. Kana malees, saayinsiifi teeknooloojii babal'isu; dhimmoota fayyaafi barnootaa irratti shoora guddaa gumaachu. Biyya keenya Itoophiyaafi biyyoota Afrikaa kanneen biroo keessattis baroota dhiyoo asitti dubartoonni pirezedaantiifi ministeerota garaagaraa ta'anii muudamuun jalqabameera. Akkasumas, kantiibota bulchiinsa magaalotaa ta'uudhaan bu'aa gaggaariin uummataaf buusaa jiran daran hedduudha. Jijjiiramni kun akka dhufuufis gaheen miidayaaleen taphatan salphaa miti.

Hirmaannaa gara hooggansaatti fiduu ilaalchisee ogeessoni quunnamtii alaa yaa'ii gamtaa Afrikaa 32ffaa bara 2011A.L.I Finfinneetti taa'an irratti dubbii ijoo godhanii kaasaniiru. Itoophiyaa keessaatti dubartoota 50% ta'aniifi Ruwaandaa keessatti 30% ta'an hooggansatti fiduun gamtaa Afrikaa irratti ka'ee akka milkaa'ina tokkootti mootummoonni Afrikaa ibsan. Kana ilaalchisee qopheessaa Gaazexaa Bariisaa kan ta'e Waasihuun Taklee waa'ee dubartootaa irratti namoota muraasa irraa yaada fudhateera. Pirezedaantiin Paan Afrikaa Dr. Amaanii Asfooraa yaa'icha hirmaachuuf dhufan akka jedhanitti "aadaan dubartoota aangeessuu eegalame fakkeenya Itoophiyaa irraa baratamuu qaba" jechuun miidiyaaf yaada isaanii ibsan. Dabalataanis, miira dandeettii dubartootaa qabatamaan hojiirra oolchuufi mirkaneessuun dubartoonni tattaafachuu akka qaban gorsan.

Kana malees, akka maxxansa Gaazexaa Bariisaa Guraandhala 29/2011tti maxxansamee ba'etti lammii Zaambiyaa kan taate moodelitiin Lukuweessaa Noo'ini jedhamtu, "Dubartoonni haadha ogummaa waamaraati; kana jechuun ilaalcha balfamaa dubartoonni hindanda'an jedhuun ijaaramee gahumsi dubartootaa akka ukkaamamu ta'aa tureera" jette.

Walumaa galatti, aadaan dubartoota dhiirotaan walqixa ilaaluufi hojii hundaa keessatti hirmaachisuun daangaa tokko malee babal'achuu qaba. Kana keessatti qooda fudhattoonni miidiyaalee mootummaa, dhuunfaafi uummatni bal'aanis tumsa walirraa hincinne taasisuutu irraa eegama. Misooma biyya keenyaa saffisiisuuf hirmaannaa dubartootaa cimsanii waliin hojjechuudha. Kanaafis, qaamonni dhimmi ilaallatu hunduu gahee isaanirraa eegamu bahuun dirqama lammummaa galmaan gahuu qabu.

Barannoo Sadii: Dubbisuu

Gilgaala 4: Gochaalee Dubbisuun Duraa

Mata duree dubbisaa dursii gabateerratti barreessi. Gilgaala kana jalatti muuxannoo duraan qaban wantoota barachuuf deeman wajjin walqabsiisuun hubannoo isaanii bakka itti gabbifatanidha. Barattoonni gareedhaan yaada waljijjiiruun daree keessatti akka afaanin waliif ibsan jajjabeessi. Deebii barattootni deebisan sirriidha; sirrii miti jechuun hindanda'amu. Yaada isaan kennan sirrii ta'uufi dhiisuu isaa yeroo dubbisan mirkaneeffachaa akka dubbisan gargaari. Gaaffilee dubbisa duraatiin barattoota hunda sissi'eessuun gara dubbisaatti akka ce'an taasisi.

Gilgaala 5: Gochaalee Yeroo Dubbisuu

Gilgaala 5A jalatti barattootni dubbisa callisaan dubbisaa hiika jechootaa bakka itti gabbifatanidha. Kanaafuu, dubbisuutti osoo hinseenin jechoota barreeffachuun akka dubbisan godhi. Al tokko irra deebi'uun sakatta'aan dubbisanii hiika galumsa jechootaa akka barreessan gargaari.

Deebii Gilgaala 5A

1. Dayeeffamaa/dhoksamaa
2. Kallattii maraan
3. gahee
4. Kan madaalu/qixxee

Gilgaala 5B: Jalatti jechoota dubbisa keessaa bahan gilgaala 5A jalatti hiikni galumsa isaanii kennan itti aansuun hiika galmee jechootaa gargaaramuun akka hiika isaanii barreessan taasisi.

Deebii Gilgaala 5B

1. Golguu
2. Kallattii maraan/ karaa hundaan
3. Qooda/ gumaacha/tumsa
4. Kan walmadaalu

Barannoo Afur: Barreessuu

Gilgaala 6: Gochaalee Dubbisuun Boodaa

Gilgaala 6A jalatti barattootni dandeettii barreessuu shaakaluu iddoo itti cimsatanidha. Ajaja 1ffaa jalatti akkuma kitaaba barattootaarratti kennameen dubbisicha irra deebi'anii saffisaan akka dubbisan godhi. Yaada dubbisichaa akka waliigalaatti cuunfanii keeyyata tokko akka barreessan taasisi; deeggaris. Barattootni hunduu dhuunfaan shaakaluu isaaniis mirkaneeffadhu. Ajaja 2ffaa jalatti immoo seenaa hirmaannaa dubartoonni biyya keenyaa misooma keessatti qaban irratti xiyyeeffachuun haabarreessan. Ijaarsi barreeffama barattootaa qaama barreeffamaa guutuu: seensa, qaama, guduunfaafi walta'insa qabaachuu akkasumas, mata duree isaanif kenname hammachuu isaa mirkaneessi.

Gilgaala 6B jalatti barattoonni dandeetti barreessuu isaanii bakka itti dagaagfatanidha. Haaluma kanaan barattoonni himoota duraa duubni isaanii walkeessa makamanii kitaaba isaanii irratti dhiyaatan duraa duuba sirrii ta'een sirreessuun keeyyata barreessuu shaakalu. Kanaafuu, himoota kanneen sirreessanii haala armaan gadiitiin akka barreessan deeggarsa taasisaafii. Haala ka'umsaa kennuufiin itti fufanii akka barreessan taasisaa.

Deebii Gilgaala 6 B

Kunuuunsa Qabeenya Uumamaa

Qabeenya uumamaa jechuun lafa irra jiraannuufi wantoota lafa irra jiran hunda. Isaanis: biyyee, qilleensa, bosona, laggeen, haroowwan, albuudaafi bineensota bosonaa maqaa dhahuun nidanda'ama.Wantoonni lubbuu qabaniifi lubbuu hinqabne qabeenya uumamaati. Isaan kunis, jireenya dhala namaatiif barbaachisoodha.

Qabeenyawwan uumamaa akka hinbarbaadoofne goonee itti fayyadamuufi labata dhufutti dabarsuun barbaachisaadha. Madaalliin uumamaa akka hinjijjiiramne eegumsi naannoof godhamu xiyyeeffannoo ol'aanaa argachuu qaba. Kun ta'uu baannaan, qabeeny uumamaa nibarbadaa'a. Bosonni barbadoofnaan haalli qilleensa jijiiramee caamsaa buusuudhaan beela fida. Biyyeen

akka salphaatti loloaan dhiqamu ykn bubbeen haramu ta'a. kana malees, laggeeniifi haroowwan nigogu. Bineensonni dinagdee biyyaatiif bu'aa guddaa argamsiisanis biyyaa nigodaanu. Walumaagalatti madaalliin naannoo akka hin jijjiiramnetti eegumsi godhamuufii baannaan lafa kanarra jiraachuun rakkisaa ta'uusaa beekuun murteessadha.

Barannoo Shan :Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 7: Hiika Jechootaa

Gilgaala 7A jalatti barattootni hiika walfakkeenya jechootaa walitti firoomsuun hubannoo isaanii bakka itti cimsachuu danda'anidha. Jechoota kanneen dursanii akka barreeffatan itti himi.

Jechoonni "A" jalatti barreeffaman dubbisa keessaa akka bahan ibsiif. Kana booda hiika isaanii "B" jala jiraniin akka walitti firoomsan taasisi; deebii isaanii waliin mirkaneessi.

Deebii Gilgaala 7A

1. K
2. E
3. J
4. H
5. B
6. D
7. A
8. C
9. G
10. F

Gilgaala 7 B jalatti barattoonni hiika jechoonni himoota adda addaa keessatti qabaachuu danda'an ilaalchisee hubannoo isaanii bakka itti cimsachuu shaakalanidha. Kanaafuu, barattoonni himoota kitaaba isaanii gilgaala 7B irratti kennamaniif dursanii barreeffachuudhaan hiika jechoonni hima keessatti jala sararaman qabaachuu danda'an filachuun akka deebisan jajjabeessaa.

Deebii Gilgaala 7B

1. C
2. A
3. B
4. D
5. C
6. D
7. A
8. B
9. C
10. B

Barannoo Ja'a : Seerluga/ Caasluga

Gilgaala 8: Himootafi Caasaa Isaanii

Gilgaala kana jalatti barattootni akaakuu himoota Afaan Oromoo caasaa isaaniirratti hundaa'uun tarreessuufi fayyadamuu bakka itti shaakalanidha. Kanaafuu, barannoo kana jalatti himoota Afaan Oromoo caasaa isaanii irratti hundaa'uun akka shaakalan deeggari. Yaadannoo gaggabaaboo dhiyaatanis akka barreeffatan hordofi.

Himootni armaan gaditti tarreeffaman caasaan isaanii garaagara. Fakkeenyota kennaman barattootaaf ibsuun gaaffilee shaakalaa kitaaba barattootaa irratti kennaman hojjechiisi.

1. Caalaan boru Adaamaa deema.
2. Daraartuun ganama shaayii dhugde; Tulluun garuu buna dhuge.
3. Aadaa Oromoo erga jaalattee, Afaan Oromoo sirriitti baradhu.
4. Mana barumsaa yemmuu deemtufi yemmuu galtu, natti gori.

Himoota armaan olitti barreeffaman keessaa himni 1ffaa irra jiru gochima 'deema' jedhu qofa of keessaa qaba. Kanaaf himni kun hima salphaa jedhama. Himni 2ffaan gochima 'dhugde'fi 'dhuge' jedhu qaba. Gama biraatiin ciroo of danda'aa lama irraa ijaarame. Kanaaf, hima dachaa jedhama. Himni lakkoofsa 3ffaa irratti argamu ciroo hirkataa tokkoofi of danda'aa tokko irraa ijaarame. Himni kun hima xaxamaa jedhama. Himni lakkoofsa 4 irra jiru ciroo hirkataa lamaafi of danda'aa tokko of keessaa qaba; himni kun hima dachaa xaxamaa jedhamee waamama.

Yaadannoo Himootaa

Himoonni Afaan Oromoo unkaa yookiin caasaa isaaniirratti hundaa'uun bakka afuritti qoodamu. Isaanis: Hima salphaa, hima dachaa, hima xaxamaafi hima dachaa xaxamaa jedhamu. Himni salphaan matima tokko ykn. isaa oliifi gochima tokko qofa irraa ijaaramuu danda'a. Himni dachaan ciroo of danda'aa lamaafi lamaa ol irraa ijaarama. Karaa biraatin gochima lama of keessaa qaba jechuudha. Himni xaxamaan ciroo hirkataa tokko qofaafi ciroo of danda'aa tokko yookiin tokkoo ol of keessaa qaba. Himni dachaa xaxamaan immoo hima ciroo hirkataa tokkoo oliifi ciroo of danda'aa tokko ykn. tokkoo ol of keessaa qabudha.

Gaaffilee shaakalaa (Gilgaala 8) jalatti kennaman:

1. Seenaan Birbirsa Gooroo geessee deebite.
2. Yemmuu Caffee Araaraa deemtu, nawaami wajjin deemnaa.
3. Boossus, maraattus, kan du'e hingaluu, obsi!
4. Eebbaafi Eebbiseen mana barumsaa deeman.
5. Inni yoo bahus, yoo galus, waa'ee barnoota isaa yaada.
6. Ammamiyyuu yoo rakkatte, lammii kee hinganin.
7. Joortee hinjoowwarinii, taa'ii biyya keetti hojjedhu.
8. Koottuu buna dhugi.
9. Gaaddisaan Gaaddisee fuudhe.
10. Qorumsan darba yoo jette, jabaadhuu qo'adhu.

Deebii Gilgaala 8:

1. Hima dachaa
2. Hima xaxamaa
3. Hima dachaa xaxamaa
4. Hima salphaa
5. Hima dachaa xaxamaa
6. Hima xaxamaa
7. Hima xaxamaa
8. Hima dachaa
9. Hima salphaa
10. Hima dachaa xaxamaa

BOQONNAA AFUR GARAAGARUMMAA KEESSATTI TOKKUMMAA (WAYITII 8)

Dheerina Wayitii Tokkoo: Daqiiqaa 45

Seensa

Boqonnaa kana keessatti barattoonni garaagarummaa keessatti tokkummaan akkamitti jiraachuu akka danda'u bakka itti hubannoo isaanii cimsatanidha. Bara qaroominni addunyaa daran fooyya'aa dhufe kana keessatti garaagarummaan akka miidhaginaatti kan ilaalamu ta'uu isaa hubachuun tokkummaan waliin jiraachuun jiruufi jireenya biyya keenyaatiif baay'ee murteessaadha. Kanaafuu, sabaafi sablammoonni biyya keenyaas garaagarummaa uumamaan qaban qabachuudhaan tokkummaa uumanii waliin jiraachuun baay'ee barbaachisaadha. Bu'uuruma kanaan barattoonni hubannoo kana kan gabbifatan boqonnaa kana jalattidha. Adeemsa boqonnaa kana barachuu keessatti immoo dandeettiiwwan afaanii arfan nidagaagfatu. Haasawaa namootaa dhaggeeffatanii xiinxalu. Kana malees, maddoota garaagarummaa odeeffannoo fudhachuun haasawaa nitaasisu. Dubbiifi barreessuu keessatti mammaaksota gargaaramuu nigabbifatu. Hiika jechootaa, hiika walfakkiifi hiika faallaa jechootaafi ciroowwan qaama adda addaatti qoqqoodu.

Kaayyoowwan: Xumura Boqonnaa Kanaatti Barattoonni:

- Dubbattoota garaagaraa dhaggeeffachuudhaan xiinxala dhiyeessu.
- Barattootni dubbisuudhaan hiika yaadaa adda baasu.
- Barreessuufi dubbachuu keessatti ibsa mammaaksotaa fayyadamu.
- Hiika walfakkiifi faallaa jechootaaf kennu.
- Ciroowwan ibsu.

Qabiyyeewwan:

1.1 Dhaggeeffachuu
1.2 Dubbachuu
1.3 Dubbisuu
1.4 Barreessuu
1.5 Fayyadama Jechootaa
1.6 Caasluga/ Seerluga: Ciroowwan

Mala Baruu Barsiisuu

Barsiisaa/ -tuu: Barattootni:

Haasawaa dubbattootaa dhaggeeffachuun yaada kennuu, waldorgomsiisuu, mammaaksota dubbiifi barreeffama keessatti akka gargaaraman taasisaa. Mata duree kennuufiin barruu akka qopheessan taasisaa.

Dubbisa tarsiimolee garaagaraa: Saffisaan, sakatta'aafi gadifageenyaan dubbisuun odeeffannoo akka qeeqaniifi walitti fidan deeggaraa.

Jechoota hiika walfakkiifi hiika faallaa isaaniitiin akka kennan taasisaa.

Ciroowwan garaagaraa ibsuun barreeffama keessatti akka itti fayyadaman godhaa.

Barannoo Tokko: Dhaggeeffachuu

Gilgaala 1: Gochaalee Dhaggeeffachuun Duraa

Kaayyoon gilgaala (1) dhaggeeffachuun duraa wanta barattootni barachuuf deeman tokko wanta duraan beekan wajjin walqabsiisuufi. Kanaafuu, yeroo barattootni mari'atan kanatu sirriidha; kanatu sirrii miti, osoo hinjedhiniin; barattootni waan isaanitti fakkaate haa ibsatan. Fakkiifi mata duree dubbisa dhaggeeffannaa walbira qabuun waa'ee maalii dhaggeeffachuuf akka jiran dursanii akka tilmaaman taasisaa. Barattootni murtaa'an yaada hubannoo dhaggeeffachuu dura akka ibsan deeggaraa.

Gilgaala 2: Gochaalee Yeroo Dhaggeeffachuu

Gilgaala kana jalatti barattootni jechoota yeroo dhaggeeffatan isaan danquu danda'an dursanii akka barreeffatan taasisaa. Jechoota kanas haalaan akka qalbeeffatan itti himaa. Itti aansuun dubbisicha dhaggeeffachaa jechoota hiika isaanii tilmaamuun akka barreessan taasisaa. Boodarras deebii barreessan afaaniin akka ibsan jajjabeessaa.

Deebii Gilgaala 2

1. uumamaan kenname
2. bareedanii
3. sagalee bareedaa
4. Waliif faallaa
5. Kan walsimatu

Gilgaala 3: Gochaalee Dhaggeeffachuu Boodaa

Kaayyoon gaaffilee gilgaala kana jalaa dubbisa kitaaba barattootaa irratti argamu dubbisanii qayyabachuufi qayyabachuu dhabuu isaanii bakka itti mirkanaahudha. Gaaffilee gilgaala kana jalatti kennaman deebii isaanii gabaabsanii akka barreessan taasisaa. Barattootni dhuunfaadhaan akkaatuma ajaja kennameen hojjechiisaa. Dhuma irratti deebii isaanii madaaluun hubannoo argachuu isaanii mirkaneessaa.

Deebii Gilgaala 3

1. Garaagarummaa keessatti Miidhagina Finfinnee; Xiyyeeffannoon isaa, garaagarummaa keessatti tokkummaa uumuun waliin jiraachuu sabaafi sablammoota Magaalichaa ibsuu irratti xiyyeeffata.
2. Gosa Oromoo Tuulamaa: Torban Oboofi Ja'an Galaani.
3. Garaagarummaa isaanii qabatanii, tokkummaan waldanda'anii jiraachaa turan.
4. Bu'aa dinagdeefi hawaasummaati.
5. Garaagarummaan biyya diiga ilaalcha jedhuufi garaagarummaan miidhagina ilaalcha jedhudha.

Barannoo Lama: Dubbachuu

Gilgaala 4: Shaakala Haasawaa Taasisuu

Gilgaala kana jalatti haasawaa Abbaan Gadaa kabaja Ayyaana Irreecha Finfinnee irratti taasisan dhaggeeffataniiru. Itti aansanii mata duree haasawaaf ta'u irratti haasawaa akka gaggeessan taasisaa. Haasawaa taasisuu isaaniin dura qajeelfamoota sirna haasawaa armaan gadii irratti ibsa gabaabaa kennaafii. Erga sirna haasawaa dubbisanii booda, mata duree haasawaaf kennameef keessaa filachuun qophii godhanii haasawaa akka gaggeessan deeggaraa.

Qajeelfamoota Sirna Haasawaa:

1. Mata duree haasawaaf kennaman adda baafachuufi waandubbachuuf barbaadan irratti yeroo bal'aa fudhatanii akka itti yaadan godhaa. Itti aansuun qabxiiwwan gurguddaa haasawaaf isaan gargaaran akka qabatan taasisaa.
2. Haasawaa taasisaniif ragaa kitaaba ykn namoota irraa argatan bu'uureffachuu qabu.
3. Haasawaa taasisuuf dursa waan barreeffatanii qabatan irra deebi'uun haadubbisan.
4. Yaadannoo qabatan duwwaa ilaaluudhaan, yaada qindeeffatan hunda walduraa duubaan dubbachuu danda'uu isaanii irra deebi'anii akka shaakalan deeggaraa.
5. Yaada isaanii sodaa tokko malee ibsuu akka danda'an jajjabeessaa.

Mata duree Haasawaa

A. Barataa cimaa/ Barattuu cimtuu
B. Cimanii qo'achuu
C. Misooma magaalaa
D. Misooma bunaa

Barnnoo Sadii: Dubbisuu

- Barsiisaa/ -tuu: Yaadannoo barattoonni tarsiimowwan dubbisuu kana akka barreeffatanii dubbisan taasisaa.

Tarsimolee Dubbisuu

Dubbisuun adeemsa wantoota barreeffaman dubbisuun hiika itti kennuuti. Gama biraatiin, karaa barreessitoonniifi dubbistoonni ittiin walqunnamanidha. Namni baratee wantoota barreeffaman dubbisuu danda'u, suuta suutaan akka sadarkaa barnoota isaatti dandeettii dubbisuu fooyyeffataa deema. Dandeettii dubbisuu fooyyeffachuufis tarsiimolee dubbisuu beekanii itti fayyadamuun barbaachisaadha. Kaayyoowwan dubbisaa irratti hundaa'uun tarsiimolee dubbisuu bakka afuritti qooduun ilaaluun nidanda'ama. Isaanis:

- Sakatta'aan dubbisuu
- Sffisaan dubbisuu
- Gadi fageenyaan dubbisuufi
- Bal'inaan dubbisuu

Sakatta'aan Dubbisuun: Adeemsa dubbisa dhiyaate tokko keessaa odeeffannoo murtaa'aa ta'e argachuuf jechoota barreeffamicha keessa jiran ijaan butaa dubbisuuti. Yeroo sakatta'aan dubbisan ariitiin ijaa baay'ee guddaa ta'uu qaba. Kana jechuun jechoota barreeffama keessa jiran tokkoo tokkoon dubbisuu osoo hintaane, qabxiilee murtaa'oo barbaadaman ijaan irra fiigaa barbaaduu jechuudha.

Saffisaan Dubbisuu: Barreeffama dhiyaate tokko sarara sararaan dubbisuu yoota'u, yeroo gabaabaa keessatti kan raawwatamudha. Kaayyoon saffisaan dubbisuu yaada dimshaashaa yookiin ergaa wiirtuu ta'e argachuuf gargaara. Sakatta'aan dubbisuufi saffisaan dubbisuu keessatti yeroon jiru gabaabaadha. Itti fayyadama yeroo irratti walfakkaatanillee; yeroo sakatta'aan dubbisan ariitiin ijaa baay'ee guddaadha.

Gadifageenyaan Dubbisuu: Yaadaafi hiika dubbisichaa sirriitti hubachuuf afee dhiyaate xiyyeeffannoon dubbisuudha. Kaayyoon tarsiimoo kanaa odeeffannoo hunda keessa gadi bu'anii beekuuf dubbifama. Kunis, hima himaan, keeyyata keeyyataan ta'uu danda'a. Tarsiimoo dubbisa kanaatti fayyadamuun qo'achuufi gaaffilee gaafataman hubatamanii deebisuuf gargaara.

Bal'inaan Dubbisuu: Barreeffamoota dhedheeroo bashannanaafi beekumsa bal'aa argachuuf gargaaran dubbisuuf kan ooludha. Tarsiimoon kun barattootni dubbisuu irratti ofdanda'anii akka dubbisan gargaara. Fakkeenyaaf, barreeffamoota dhedheeroo kanneen akka: walaloo, asoosamaafi kkf dubbisuuf bal'inaan dubbisuutti dhimma ba'ama.

Gilgaala 5: Gochaalee Dubbisuu Duraa

Kaayyoon gochaa kanaa barattootni waan barachuuf deeman tokko hubannoo isaan kana dura qaban wajjin walqabsiisuun gilgaala 5 jalatti gaaffilee dhiyaatan kanatu sirriidha; yookiin sirrii miti osoo hinjedhin barattootni waan isaanitti fakkaate yaada isaanii ibsachuu akka danda'an gargaaraa.

Deebii Gilgaala 5

1. Garaagarummaa keessatti dhimmoota waliin jiraachuufi dantaa biyyaa kabajuufi kabachiisuu irratti.
2. Garaagarummaa: afaanii, aadaa, duudhaa, amantiifi kkf yoota'u, tokkummaan isaan waliin qaban immoo, waltajjii tokkummaafi walqixxummaa isaanii itti ibsatan qabaachuu, dhimmoota waloo irratti waliin hirmaachuufa'i.

Gilgaala 6: Gochaalee Yeroo Dubbisuu

Gilgaala kana jalatti barattootni gaaffilee kennaman dursa barreeffatanii ilaalu. Itti aansuun yeroo dubbisa dhiyaate dubbisan gaaffilee kennaman kanneen qalbeeffachaa deebii isaa deebisaa deemu. Dhuma irratti deebii gaaffilee sirrii deebisuufi dhiisuu isaanii akka mirkaneeffatan deeggaraa.

Deebii Gilgaala 6

1. Garaagarummaa uumamaa: afaan, aadaa, amantii, eenyummaafi kkf.
2. Keeyyata 4ffaafi 5ffaa

GARAAGARUMMAA KEESSATTI MIIDHAGINA FINFINNEE

Guyyaa jalbultii kabaja Ayyaana Irreecha Finfinnee bara 2012 A.L.I

Abbaan Gadaa Tuulamaa haasawaa taasisaniin:

Keessummaa kabajaa Pirezedaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Keessummaa kabajaa Kantiibaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinneefi

Kabajamtoota jiraattota Magaalaa Finfinnee

Duraan dursee jalabultii kabaja Ayyaana Irreechaa bara kanaa ilaalchisuun mataduree, 'Garaagarummaa keessatti Miidhagina Finfinnee' jedhurratti haasawaa gochuuf carraa kana argachuu kootiin gammachuu guddaatu natti dhaga'ama!

Magaalaan Finfinnee yeroo ammaa magaalaa guddoo Oromiyaafi teessoo Mootummaa Rippaabiliika Dimookiraatawaa Fedaraalawaa Itoophiyaa yoo taatu; magaalaa guddittii teessoo Gamtaa Afrikaatis. Kana malees, iddoo jaarmiyaaleen mootummoota gamtoomanii itti argaman wiirtuu siyaasaafi qunnamtiin addunyaa keessatti gaggeeffamuudha.

Uummanni dur Finfinnee jiraachaa kan turan gosa Oromoo Tuulamaa torban Oboofi ja'aan Galaani. Oromoonni Gullallee gosoota torban Oboo keessaa isaan tokkoodha. Akka maanguddoonni himanitti, gosoota kana keessaa Hora Finfinnee dursee kan saaqe gosa Gullalleeti.

Finfinneen magaalaa teessoo mootummaafi dhaabbilee garaagaraa akkuma ta'aa dhufte hojiin daldalaafi hawaasummaan dabalaa dhufuun baay'inni uummata ishees heddummachaa dhufe. Kanumaan walqabatee sabaafi sablammoonni hedduunis guddina magaalaa Finfinnee duukaa baay'achaa dhufan. Kanaafuu lammiilee biyyoota alaa dabalatee sabaafi sablammoonni biyya keenyaa hedduun Finfinnee keessa waliin jiraachuu eegalan. Sabaafi sablammoonni kunniinis garaagarammaa adda addaa haaqabaatan malee garaagarummaa isaanii dinqisiifachaa, miira tokkummaan waldanda'anii waliin jiraachaa turan; ammas jiraachaa jiru.

Kabajamtoota! hooggantoota mootummaafi Dhaabbilee adda addaa!

Kabajamtoota Sabaafi sablammoota magaalaa keenyaaf hirmaattoota ayyaana Irreechaa

Magaalaa Finfinnee kana keessatti uummattoota gidduu garaagarummaa hedduutu jira. Isaanis sabummaa, afaan ,aadaa, amantii, eenyummaa ,haala jireenyaafi kkf maqaa tarreessun nidanda'ama.

Haata'umalee, sirnoota bulchiinsa mootummoota biyya keenyaa darban keessa garaagarummaan uumamaan dhangi'ame kunniin kan hinkabajamneefi beekamtii heeraa kan hinqabne ta'uun isaa yaadannoo barichaa ture. Erga heerri biyya keenyaa dhimmoota walqixxummaa sabaafi sablammootaa hammatee hojiirra oolee boodas, ilaalchi durii hundeen goguu dhabuun nimul'ata. Kunis, sabaafi sablammoonni afaan, aadaa, seenaafi eenyummaa isaanii qabatanii mootummaa naannoo hundeeffatanii ofiin of bulchuun biyya gargar qooduudha kanneen jedhani hindhabaman. Warri akkasitti yaadan garaagarummaa kana akka miidhaginaatti osoo hintaane, akka madda diigamsa biyyaatti warra yaadanidha.

Dhugaan jiru garuu, sabni hunduu uumaa waaqaati jechuun garaagarummaa walii kabajanii tokkummaan wajjin jiraachuun faayidaa malee miidhaa hinqabu. "Garaagarummaan keenya miidhagina keenya" kan jedhus dhaadannoo sabaafi sablammoota biyya keenyaati. Bu'uuruma kanaan sabaafi sablammoonni Finfinnees, walii isaaniitiif dugdaafi garaa osoo hintaane, aannaniifi bassoo waliif ta'uudhaan wajjin jiraachaa turan.

Sabaafi sablammoonni magaalaa kanaa hunduu aadaa mataa isaanii qabu. Aadaa bal'aa waraabamee hindhumne kanneen qaban keessaa tokko uummata Oromooti. Aadaa galaana sabni Oromoo durii kaasee kabajaa ture keessaa kabajni Ayyaana Irreechaa magaalaa Finfinnee isa

tokko. Ayyaanni kun waggaa dhibba tokkoofi shantama booda boru Fulbaana 24, 2012 Doloolloo Buddeenaatti kabajama. Kabajni ayyaana kanaa hawaasummaa cimsuurra darbees guddina dinagdee magaalaa keenyaaf bu'aa guddaa qabaachuu danda'a. Kunis, saboonni magaalaa kanaa ayyaana kana sababeeffachuun meeshaalee hedduu bittaafi gurgurtaa irratti hirmaachuu nidanda'u.

Walumaagalatti, milkaa'ina ayyaana kanaatiif sabaafi sablammoonni hedduun uffata aadaatiin kuulamtanii, ilillii birraa fakkaachuun Magaalaa Finfinnee miidhagsuu keessaniif galanni isiniif qabnu guddaadha jechaa! Ayyaanni kun kan nagaa akka hunda keenyaaf ta'u hawwaa! Ayyaana gaarii! Galatoomaa! Jechuun haasawaa isaanii guduunfan.

Gilgaala 7: Gochaalee Dubbisaan Boodaa

Gaaffileen gilgaala kana jalatti dhiyaatan gaaffilee hubannoo barattootaa cimsuuf gargaaranidha. Kanaaf barattootni dandeettii dubbatanii amansiisuufi barreessuu iddoo itti gabbifatan waan ta'eef, yaada isaanii hindaangessin. Yaadota ka'uu danda'u jedhamee yaadamu tokkoon tokkoon gaaffii jalatti haakaasan.

Deebii Gilgaala 7

1. Barsiisaa/-tuu! Miidhaa shorkeessummaan fiduu danda'u irratti barattoonni akka walii mari'ataniifi gaaffiiwwan 2ffaafi 3ffaa barattootni akka hojjetan taasisaa.

Barannoo Afur: Barreessuu

Gilgaala 8: Barruu Qopheessuu

Gilgaala kana jalatti barattootni dandeettii barruu qopheessuu isaanii gabbifatu. Dubbisa dubbisanii darban boodatti deebi'uun akka ilaalan taasisaa. Barruu qopheessuuf jechootaafi gaaleewwan kennamanitti akka fayyadaman taasisaa. Akkuma jechootaafi gaaleewwan Caatoo keessatti kennaman irraa hubatamu sabaafi sablammoota gidduu hariiroon walkabajuu jiraachuu ilaalchisanii akka barreessan qajeelchaa.

_____

_____

___

_____

_____

___

Barannoo Shan:Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 9: Hiika faallaafi walfakkii Jechootaa

Gilgaala 9A jalatti hiika faallaa jechootaa hubannoo duraan qaban caalaatti bakka itti cimsatanidha. Jechootni kunniinis dubbisa kitaaba barattootaa keessaa bahan. Haaluma ajaja kennameen barreeffachuun hiika faallaa walitti firoomsuun akka hojjetan taasisaa.

Deebii Gilgaala 9A

1. G
2. E
3. H
4. A
5. F
6. I
7. B
8. D
9. J
10. C

Gilgaala 9B jalatti barattootni hiika walfakkii jechootni qabanirratti hubannoo isaanii cimsatu. Akkaatuma ajajni kennameen barreessuun akka hojjetan taasisaa. Deebiin barattootaa sirrii ta'uufi dhiisuu isaa ilaaluun deebii isaa irratti barattoota waliin mirkaneessaa.

Deebii Gilgaala 9B

1. C
2. A
3. B
4. B
5. A
6. B
7. B
8. A
9. D
10. D

Barannoo Ja'a: Seerluga /Caasluga

Gilgaala 10: Shaakala Ciroowwanii

Gilgaala kana jalatti hubannoo waa'ee ciroowwanii iddoo itti cimsatanidha. Fakkeenyota gilgaala kana jalatti dhiyaatan barattootni akka shaakalan deeggaraa. Yaadannoo kitaaba barattootaafi kitaaba kana irra jiranis akka qalbeeffatan taasisaa.

Fakkeenyota armaan gaditti kennaman ilaalaa.

A. Waakkenneen waan dhukkubsateef, wal'aaname.
B. Erga waraabessi darbee, sareen dutte.
C. Yemmuu ollaan kee mana aarsitu, nigubdi seetee?
D. Isheen barnootaan cimtuu waan taateef, qabxii olaanaa fidde.
E. Bishaan Qabbanaa kan qulqulluu ture, erga boora'ee bubbuleera.
F. Feeneet isheen barumsaan tokkoffaa baate sun firoottan ishee hundarraa badhaasa fudhatte.

Himoota armaan olii keessatti ciroowwan adda addaatu argamu. Hima (A) keessatti Waakkenneen waan dhukkubsateef, (B) keessatti erga waraabessi darbee, (C) keessatti yemmuu ollaan kee mana aarsitu, (D) isheen barnootaan cimtuu waan taateef, kanneen jedhan

hundi isaanii ciroo hirkataadha. Himoota olii kana keessatti (A) wal'aaname, (B) sareen dutte, (C) mana gubdi seetee? (D) qabxii olaanaa fidde warreen jedhan ciroo ofdanda'aa jedhamu. Himoota (E)fi (F) keessatti warri jala muraman ciroo firoomsee yemmuu ta'an, hima (E) keessatti erga boora'ee bubbulee jiraafi (F) irraatii badhaasa fudhatte kan jedhan ciroo guuttuun daangaa malee gale gochima keessatti argamu gochima mataa ta'e guutuu taasisa.

Himoota armaan gadii keessatti ciroo hirkataa si'a tokko ciroo of danda'a immoo si'a lama akka jala sararan taasisaa.

Hub. Himoota gadii keessatti warri jala sararaman ciroo hirkataa yemmuu ta'an; warreen itaalikiin barreeffaman immoo ciroo ofdanda'oodha.

Deebii Gilgaala 10

1. Waan cimtee qo'atteef, *daree ishee keessaa tokkoffaa baate.*
2. Dameen inni biyya alaa ba'e sun *akka biyyi jijjiiramte dhaga'e.*
3. Aadaa keenya guddisuun *dirqama hunda keenyaati.*
4. Atileetonni warri ciminaan shaakalan sun *injifachuun isaanii dhaga'ame.*
5. Intalli Aadde Jiituu isheen barumsaan cimtuun sun *barsiistuu taate.*
6. Yemmuu hiriyaan kee mana haarsitu *mana gubdi seetee*?
7. Namni ofitti amanamummaa hinqabne *waanuma namni hundi jedheen amana.*
8. Osoo gootummaa qabaattee *maalif diina dheessitee galte?*

Ciroon: tuuta jechootaa gochima ofirraa qabanidha. Kun immoo ciroo jedhamuuf gochimni jiraachuun dirqama ta'uu agarsiisa jechuudha. Ciroowwan bakka lamatti qoodamu. Isaanis: Ciroo hirkataafi Ciroo ofdanda'aadha. Ciroo hirkataan kan ofii isaatii guutuu hintaanedha. Yaadni ciroo hirkataa ciroo ofdanda'aa irratti kan hirkatudha. Ciroo ofdanda'aan akkuma maqaa isaa ofdanda'ee dhaabachuun ergaa guutuu kan dabarsudha. Gochima mataa isaa kan guutuu isa taasisu qaba jechuudha. Ciroo hirkataan jechoota: waan, silaa, yoo, osoo, yemmuufi kkf. jedhamaniin walitti hidhamanii barreeffamuu nidanda'u.

Madaallii: Barsiisaa/-tuu!

- Hirmaannaafi dhaggeeffannaa barattootaa hordofuu isaanii madaalaa.
- Gabaasa qaaccessuun dhiyeessuu barattootaa madaalaa.
- Yaadolee callaa dubbisaa walitti fiduun cuunfanii yaada kennuu barattootaa madaalaa.
- Barreessuufi dubbisuu keessatti fayyadama jechootaatti dhimma ba'uu isaanii madaalaa.
- Barattoonni ciroowwan gosoota isaaniin addaan baafachuun itti fayyadamuu isaanii mirkaneessaa.

Boqonnaa Shan
Qareeyyii (Wayitii 8)
Dheerina Wayitii Tokkoo:Daqiiqaa 45

Seensa

Boqonnaa kana keessatti barattoonni yaada rimee qareeyyii maal akka ta'e hubatu. Qareeyyiin gooroowwan adda addaa ofjalaa qabaachuu isaa nixiinxalu. Gooroowwan qareeyyii kanneen jedhaman: mammaaksa, hibboo, jechama, ciigoo, arrabqabdootaafi kkf . Barattoonni maalummaa tokkoon tokkoo qareeyyiifi faayidaa isaan hawaasa keessatti qaban hubannoo duraan qaban caalaatti kan gabbifatan ta'a. Mammaaksi haala itti dhiyaatu keessatti ergaa(dhaamsa) xiinxaluun itti gargaaramuu shaakalu. Mammaaksota qabiyyee isaanitiin qoqqoodanii kaa'uun itti fayyadamuus nidagaagfatu. Maalummaa hibboofi gosoota isaanii adda baafatu. Seeraafi haala dhiyaannaa hibboo adda baafachuun itti dhimma bahuu shaakalu. Jechamootafi akaakuu isaanii adda baafachuun dubbiiwwan garaagaraa keessatti itti fayyadamuu shaakalu. Ciigoofi Arrabqabdoowwanis maalummaa isaaniifi haala ittiin dhiyaatan adda baafatu. Kanamalees, hiika ifaafi dhoksaa ciigoowwanii dubbii dachaa keessaa baasuun itti fayyadamuu nishaakalu.

Kaayyoowwan: Xumura Boqonnaa Kanaatti Barattoonni:

1. Yaadrimee qareeyyii ibsatu.

- Gooroowwan qareeyyii tarreessu.
- Jechamoota gosoota gara garaa hibboowwaniifi haasawwan arraba nama qaban adda baasu.
- Ergaa/dhimmoota ijoo garagaraa gosoota waa'ee qareeyyii qaaccessu.

Qabiyyeewwan:

1.1 Qareeyyii

1.1.2 Mammaaksa

1.1.3 Hibboo

1.1.4 Jechama

1.1.5 Ciigoo

1.1.6 Arrabqabdoo

Mala Baruu-barsiisuu

- Yaada rimee qareeyyii ibsa kennuun barattoota hirmaachisuu.
- Gooroowwan qareeyyii tokkoo tokkoon akka tarreessan gochuu.
- Mammaaksota qabiyyee isaaniitiin adda baasuun ergaafi hiikaa isaanitiin akka ibsan taasisuu.
- Hibboofi arrabqabdoota keessatti hirmaachuun akka taphatan gochuu.
- Fakkeenyota kennaman bu'ureffachuun hiika ciigoowwanii xiinxalanii akka hojjetan taasisuu.

Barnnoo Tokko: Qareeyyii

Hawaasni tokko ogafaanitti fayyadamee aadaa, duudhaa, safuu, seenaa, eenyummaa isaa ibsata. Kunis, dubbii afaaniitiin yeedaloon kennameefii, yookiin osoo hinkennamiin kalaqaafi oguma dhimma hawaasummaa adda addaa irratti xiyyeeffachuun kan dhiyaatudha. Haaluma kanaan uummanni Oromoo ogafaan isaatti dhimma ba'uun jiruufi jireenya ofii gaggeeffachaa tureera; ammas jira. Walumaagalatti, ogafaan ogumaafi jireenya hawaasa tokkoo ibsuuf humna guddaa kan qabudha. Boqonnaa kana keessatti dhimmi ogafaanii ka'umsa haata'uuf dhiyaate malee, qabiyyeen boqonnaa kanaa inni ijoon gooroowwan ogafaanii keessaa mata duree "Qareeyyii" jedhu ilaaluudha

Gilgaala 1: Shaakala Qareeyyii

Gilgaala kana jalatti barattoonni maalummaafi akaakuu isaa ilaalchisee bakka itti hubannoo isaanii cimsatanidha. Kanaafuu, barattoonni gaaffiiwwan gilgaala 1A jalatti kennaman gareen irratti mari'achuun afaaniin akka deebisan taasisaa.

Gilgaala 1B jalatti barattoonni waa'ee qareeyyii ilaalchisee gaaffiiwwan dhiyaatan keessaa deebii sirrii ta'e filachuun akka hojjetan gargaaraa. Deebii isaanii sirreessuun mirkaneessaafii.

Deebii Gilgaala 1B

1. A
2. B
3. D
4. C
5. B

Gilgaala 1C jalatti barattoonni garaagarummaa akaakuuwwan qareeyyii gidduu jiran bakka itti adda baafatanidha. Kanaafuu, gaaffiiwwan kennamaniif irratti hundaa'uun akka hojjetan gargaaraa. Itti aansuun deebii isaanii irratti yaada akka waljijjiiran taasisaa. Dhuma irratti deebii isaanii hojjechuudhaan mirkaneeffaafii.

Deebii Gilgaala 1C

1. Mammaaksa, hibboo, jechama, ciigoofi arrabqabdoo
2. Unkaan isaanii gaggabaaboodha; haalli ittiin dhiyaatanis kanneen biroorraa adda.
3. Oduun durii unkaan isaa dheeraadha, himamsa afaanitiin dhiyaata; hibboon immoo unka gabaabaadhaan dhiyaata, bifa gaaffiifi deebiitiin dhiyaata.

Barannoo Lama: Mammaaksota

Barannoo kana jalatti barattoonni maalummaa mammaaksaafi ibsa bal'aa waa'ee mammaaksaa irratti kenname dubbisuun akka qalbeeffatan taasisa. Kana keessatti mammaaksonni adda addaa tajaajila akkamiif akka oolan adda baafatu. Qabiyeewwan mammaaksaa addaan akka baafatanis nigargaara. Kaayyoo inni guddaan mammaaksi dubbatamus maaliif akka dubbatamu hubachiisuun barattoonni shaakala gilgaalotaa akka hojjetan taasisuudha.

Barsiisaa/-tuu! Barattoonni yaadannoo waa'ee mammaaksaa irratti kitaabaa barattootaafi Qajeecha kana irratti kenname akka dubbisan jajjabeessaa.

Yaadannoo Mammaaksa

Mammaksi gosa qareeyyii keessaa isa tokko ta'ee, bu'aa bayii jiruufi jireenya dhala namaa kan ibsudha. Mammaaksi yaada sabni tokko haqa jedhee kan muuxannoo jireenyasaa keessatti itti jiraataa tureefi dhaloota itti aanuuf nitajaajila jedhee waan amanu himoota gaggabaabootti gargaaramuun dubbii afaaniin daddabarsuudha. Oromoon "ittoon soogidda malee, dubbiin mammaaksa malee hinmi'aawu" jedha. Kana jechuun mammaaksi kan dubbii mi'eessu ta'uu hubachiisa. Mammaaksi dubbii ittiin eegaluuf yookiin ittiin goolabuuf gargaara. Mammaaksi jechoota gabaabaafi miidhaginaan beekama. Mammaaksi akkaataa dubbii bifa gabaabaa ta'een yaada bal'aa xiinxaluuf kan nama dandeessisudha. Gabaabumatti, iyyaafannoofi xiyyeeffaannoo dandeettii afaaniin mul'isu fayyadama.

Amalli addaa mammaaksi ittiin beekamu keessaa haala himaatiin kan qindaa'u ta'uufi iddoo barbaachisaa ta'e qofaatti qabiyyee haasawaa sana waliin walsimsiisuun kan dhihaatu ta'uu isaati. Ergaa isaa hubachuuf aadaafi seenaa hawaasichaa beekuu yookiin afaanichaan muuxannoo bal'aa qabaachuu barbaada. Qabxiin inni biroon mammaaksi yemmuu himamu fakkeenyummaan isaa qabiyyee haasaa yookiin kaayyoo dubbii sanaa waliin walsimuu qaba. Qabiyyeen dubbii: tuffii, gamnummaa, gowwummaa, dhugaa/haqa firooma, obsa, gaabbii, wallaalummaa, diinummaa, hiriyummaa k.k.f waliin walqabata.

Fakkeenya, Mammaaksota Qabiyyee isaanitiin:

Gaabbii: Gaabbiifi eegeen boodarra deemti.
Gowwummaa: Gowwaa kofalchiisaniit, ilkaan lakkaawu.
Haqa: Dhugaan niqal'atti malee, hincittu.
Haxxummaa: "Kan si qaretu namorode" jette albeen.
Qusannoo: Olkaa'an malee, olka'anii hinfuudhan.
Tuffii: Kan qaban qabaa hinguunne, gadhiisan dirree guutti.
Obsa: Obsaan aannan goromsaa dhuga.
Roorroo: Akaayin osoo gubattuu kolfiti.
Waliigaltee: Marabbaan jiraannaan mandheen mixii cidha galcha.
Firooma: Yoofunyaan dhahan, iji boossi.

Gilgaala 2: Shaakala Mammaaksaa

Gilgaala 2A jalatti barattoonni mammaaksota hiika walfakkeenyaa qaban walitti fiduun hubannoo isaanii iddoo itti cimsatanidha. Kana keessatti mammaaksota adda addaa walbira qabuun ergaa isaanii xiinxaluudha. Kanaafuu, mammaaksota kennaman barreeffachuun hiika walfakkeenya isaanii akka walitti firoomsan taasisaa. Deebii barattoonni kennan sirrii ta'uufi dhiisuu isaanii soroorsuun mirkaneessaa.

Deebii Gilgaala 2A.

1. D 3. C 5. B
2. B 4. E 6. A

Gilgaala 2B jalatti barattoonni ergaa mammaaksaan darbuu danda'u iddoo itti hubatanidha. Kanaaf barattoonni mammaaksota isaaniif kenname barreeffachuun akka hojjetan taasisaa. Deebiin hojii barattootaa sirrii ta'uufi sirrii ta'uu dhiisuu isaa mirkaneessaa.

Deebii Gilgaala 2B

1. C 3. D 5. A
2. C 4. C 6. C

Gilgaala 2C jalatti barattoonni beekumsa waa'ee mammaaksotaa keessa deebiin iddoo itti cimsatanidha. Tajaajila mammaaksotaa qabiyyee isaanitiin adda baasanii barreessu. Kanaafuu, haaluma fakkeenya kennameen ajaja gilgaala kana jalatti kenname hordofanii akka hojjetan deeggaraa.

Deebii Gilgaala 2C (Qabiyyeedhaan)

1. Shakkii
2. Tuffii
3. Gowwummaa
4. Gaabbii
5. Gowwummaa
6. Ofittummaa/ofjaalachuu
7. Tokkummaa
8. Gorsa
9. Firummaa
10. Diinummaa

Barannoo Sadii: Hibboo

Barannoo kana jalatti hibboon gosoota qareeyyii keessaa tokko ta'uufi waa'ee hibboo irratti hubannoo isaanii iddoo itti dagaagfatan ta'a. Kanaafuu, barattoonni maalummaa hibboo, gosoota hibboo, faayidaa hibboo, seerotaafi haala tapha hibboo ilaalachisee hubannoo duraan qaban daran akka cimsatan taasisaa. Gilgaala hojjechiisuun dura fakkeenyota kennaman irra deddeebi'uun sirriitti akka qalbeeffatan gochuun barbaachisaadha. Itti aansuun shaakala gilgaala barannoo kana jala jiru akka hojjetan deeggarsa gahaa taasisaafii.

Barsiisaa/-tuu! Barattoonni yaadannoo waa'ee hibboo kennameef dubbisanii akka qaayyabatan taasisaa.

Yaadannoo Hibboo

Hibboon gooroowwan qareeyyii keessaa tokko ta'ee, waldorgommii gareewwan lama gidduutti uumuun kan taphatamudha. Keessattuu ijoolleen galgala galgala hibboo walgaafachuun akka irriibni dafee isaan hinqabne, akka hinmukoofneefi naannoo isaanii ilaalchisee hubannoo akka horatan gargaara. Akkasumas, sammuun daa'immanii dandeettiiwwan waayaaduufi herreguu, akka dagaagfatan kan taasisudha. Uummata Oromoo biratti hibboo gosa lamatu beekama.

Isaanis: Hibboo hibibii/hibbakkafi hibbon tar ykn. hibboon teenaa jedhamuun beekamu. Lamaan isaanifuu maqaan kun kanmoggaafameef waan gaafatamaan jedhee jalaa qabu irratti hundaa'eeti.

Hibboon yeroo itti taphatamu, akkaataa ittiin jalqabamu, namni gaafatamuus akkaataa itti deebisu, dhumarrattis akkaataa ittiin xumuramu qaba. Fakkeenyaaf, namni hibboo hibibii gaafatu "Hibboo" yoo jedhu kan gaafatamu ammoo "Hibib"/ "Hiph", "Hibbakka" jechun deebisa. Itti aansuun gaafataan gaaffii dhiheessa. Gafatamaan deebii deebisuuf haaldureewwan raawwataman jiru. Haaldureewwan gaaffiifi deebii hibboo kunis deebii gaaffii gaafataman salphaatti barbaaduuf gaafatamtoota hibboo gargaara.

Fakkeenyaaf, A, nama hibboo gaafatu B, immoo nama hibboo gaafatamu yoo ta'e,

A: Hibboo?

B: "Hib"/ "Hibib"/"Hibbakka"

A: wajjumaan nyaannaa, maaf huuqqatta?

B: Nan qoradha; nan soqadha.

A: Qorattus, soqattus.

B: Lafarratti moo, Waaqarratti?

A: Lafarratti.

B: Ala gala moo, mana gala?

A: Mana gala.

B: Yoo beekan deebii kennu; yoo wallaalan gabaa/biyya kennu.

Deebii sirriin yoo deebise argatte jedhama; hindeebisne yoo ta'e "gabaa /biyya/ naaf kenni" jedhameet gaafatama. Gaafatamaan hibboo biyya erga kennee booda akka hinarrabsamne "afaan kee dammaan qabe" jedheet himata. Gaafataanis, arrabsuu dhiisee deebii hiibboo sanaa itti hima. Yoo deebii wallaale, lafas kennuu dide garuu, gaafataan arrabsoo hima gaggabaaboon qindaa'een arrabsa. Haalli kunis akkasumatti dabareen itti fufa. Kaayyoon hibboon tar immoo daa'imman miseensa maatii hawaasa naannoo isaanii barsiisiisuu irratti xiyyeeffata. Adeemsa isaa keessatti gaafataan "Hibboon teenaa?" jedhee yeroo eegalu; gaafatmaan immoo "Teenaa" jechuun jalaa qaba.

Hibboon yeroo hundaafi bakka hundatti hintaphatamu. Hibboon yeroo hedduu guyyaa caalaa galgala taphatama. Sababni isaa immoo, hibboo bal'inaan kan taphatan daa'imman waan ta'eef, guyyaa yoo taphatan taphatti goranii hojii itti ramadaman dagatu jedhamee waan yaadamuuf guyyaa caalaa galgala manatti akka taphatantu jajjabeeffama. Kanaaf, daa'imman guyyaa hibboo

taphatti hojii itti kenname akka hindaganneef jecha " yoo guyyaa hibboo taphatan gaanfatu namatti biqila" jechuun ijoollee akeekkachiisu. Kana malees, namootni gurguddaan seera hibboo itti himuun qajeechu malee, daa'imman waliin hibboo hintaphatan. Sababni isaa, taphni hibboo arrabsoo ofkeessaa waan qabuuf, akka Aadaa Oromootti daa'mman namoota gurguddaa arrabsuun safuufi kabaja cabsuudha.

Barsiisaa!/-tuu!

Fakkeenya hibboo armaan gadii irratti hundaa'uun kanneen biroo akka shaakalan gargaaraa.

1. Harkaan facaasanii, ijaan guru.
2. Godoo gaaraa balballi lama

Deebii: 1ffaan Barreeffama, 2ffaan funyaan

Gilgaala 3: Shaakala Hibboowwanii

Gilgaala 3A jalatti barattoonni hubannoo hibboo irratti qaban bakka itti dagaagfatanidha. Kanaafuu, gaaffiiwwan hibboo gilgaala 3A jalatti roga 'A' jala jiraniif deebii isaanii roga 'B' jala jiran wajjin akka walitti firoomsan taasisaa. Deebii barattoonni hojjetanis mirkaneessaafii.

Deebii Gilgaala 3A

1. D
2. E
3. A
4. B
5. C

Gilgaala 3B jalatti barattoonni hibboowwaniif deebii kennuun hubannoo isaanii bakka itti cimsatanidha.

Barattoonni gaaffilee hibboo kanneenii dursanii akka barreeffatan ajajaa. Gaaffiiwwan erga barreeffatanii booda, deebii akka hojjetan taasisaa. Itti aansuun immoo deebii barattootaa ilaaluun soroorsafii.

Deebii Gilgaala 3B

1. B
2. A
3. C
4. B
5. C

Gilgaala 3C jalatti barattoonni hibboowwan adda addaa shaakaluun hubannoo duraan qaban iddoo itti gabbifatanidha. Kanaafuu, haaluma kitaaba isaanii irratti ajajni kennameefiin deebii hibboo akka barreessan taasisaa. Deebii kenname irratti gareen akka mari'atan gochuun garee keessaa gaaffii tokko nama tokko gaafachuudhaan deebii isaanii mirkaneessisaa.

Deebii Gilgaala 3C

1. Mucha saawwaafi Okolee itti elman
2. Xiyyaara
3. Farda, kooraafi nama fardicha yaabbatu
4. Siree
12. gaaddidduu
13. Doobbii
14. meexxii
15. arraba

5. Nyaataa muraa
6. Bilbila
7. Yaada
8. Samii, roobaafi urjiilee
9. Lukkuu
10. Lafee cinaachaa
11. Ija
16. awwaala
17. rasaasa
18. Xaddee
19. qawwee
20. Mooyyee tumuu
21. Biqila

Barannoo Afur: Jechama

Barannoo kana jalatti, jechamootni gaaleewwaniifi ciroowwan irraa ijaaramuu akka danda'an adda baafatu. Itti fayyadama afaanii keessatti hiika jechamootaa sirriitti addaan baasuuf dursa beekumsa aadaa saba afaan jechamichi ittiin dubbatamuu beekuun barbaachisaa ta'uu bakka itti hubannoo gabbifatanidha. Jechamoota Afaan Oromoo bakka adda addaatti qoqqooduun hiika isaanii irratti hubannoo gabbifatu. Kanaafuu, haaluma fakkeenya kennameen barattoonni akka hojjetan qajeelchaa. Isa dura yaadannoo waa'ee jechamaa kitaaba barattootaafi qajeelcha kana irra jiru barreeffatanii dubbisuun hubannoo akka cimsatan taasisaa.

Yaadannoo Jechama

Jechamni qareeyyii jechoota, gaaleewwaniifi ciroowwan ergaa haala idilee keessatti qabaniin alatti ergaawwan biroo dabarsuu danda'anidha. Ergaan jechama tokkoo walitti dhufeenya jechootaarraa yookiin sanaan alaa irraa argamuus nidanda'a. Jechamootni Afaan Oromoo hedduun isaanii ergaa jechootni isaan irraa ijaaraman dhuunfaatti qaban irraa adda. Jechamootaafi ergaa isaanii sirriitti beekuufis beekumsa aadaa hawaasaafi afaan jechamichi ittiin dubbatamu beekuun barbaachisaadha.

Jechamni Afaan Oromoo bakka garaagaraatti qooduun nidanda'ama. Qooddiiwwan kanneen keessaa amma kan ilaallu:

A. Jechama qaama namaa bu'uureffatu

Akaakuun jechama qaama namaa bu'uureffatuu irra caalaa jechoota qaamolee namaa bakka bu'an bu'uura taasifachuun ergaa kan dabarsudha. Fkn. Gurra guddata Ija laafti

Gurra qaba	Garaa nyaate
Arraba dheerata	Afaanifi funyaan
Nyaara haaddatte	Dugdaafi garaa

B. Jechama lubbu-qabeeyyii biroo bu'uureffatuu

Jechamni lubbu qabeeyyii biroo bu'uureffatu maqaa lubbu-qabeeyyii namaan ala ta'an dayeeffachuun kanneen dubbatamanidha.

Fkn. Saree taate	waraabessa afaan bu'e
Ayyaana saree dhalate	Ayyaana leencaa dhalate
Qeerransa taatee na eegde	Bofa taate

C. Jechama lubbu-maleeyyii bu'uureffatu.

Jechamni lubbu-maleeyyii bu'uureffate immoo lubbu-maleeyyii adda addaa dayeeffachuun kan dubbatamudha.

Fkn.	Dhadhaa abiddabu'e	Bishaan tume
	Bishaan dhangala'e	Bishaan taate
	Dhagaa liqimse	Fixeensa ganamaa
	Qoree dhoqqee keessaa	

Gilgaala 4: Shaakala Jechamootaa

Gilgaala 4A jalatti barattoonni jechamoota kennamaniif hiika filatanii firoomsuun hubannoo duraan qaban caalmaatti gabbifatu. Kanaafuu, jechamoota hiika isaanii wajjin akka walitti firoomsaniif dhiyaatef barreeffatanii akka hojjetan taasisaa. Deebii isaan kennan ilaaluun sirreeffama isaa irratti barattootaaf yaada dhiyeessaa.

Deebii Gilgaala 4A

1.	G	3. A	5. C	7. F	9. E
2.	D	4. J	6. H	8. I	10. B

Gilgaala 4B jalatti barattoonni jechamoota dhiyaatan hiika isaanii filannoowwan kennaman keessaa adda baafatu. Deebii sirrii ta'e filachuun hubannoo hiika jechamootaa cimsatu. Kanaafuu, jechamoota gilgaala 4B jalatti kennaman barreeffatanii deebii isaanii akka hojjetan jajjabeessa. Deebii barattootaas soroorsuun mirkaneessaa.

Deebii Gilgaala 4B

1.	A	6 . D	11. A
2.	B	7. D	12. B
3.	B	8. C	13. B
4.	C	9. B	14. D
5.	D	10. C	15. A

Gilgaala 4C jalatti barattoonni hiika jechamootaa ilaalchisee hubannoo isaanii bakka itti dagaagfatanidha. Kanaafuu, jechamoota kitaaba barattootaa keessatti gilgaala 4C jalatti kennameef dubbisanii deebii isaanii akka barreessan jajjabeessaa. Dhumarrattis deebii barattoonni hojjetan ilaaluun mirkaneessaafii.

Deebii Gilgaala 4C

1. Rakkise
2. Kennaa
3. Wallisaa
4. Ba'aa itti ta'e
5. Sodaachisaa/ dheekkamsa
6. Arrabsoo
7. Nidhukkubsata
8. Gammachiise

9. Roorroo/ hacuuccaa/ jalaa ba'e
10. Afuura baafate/ boqote
11. Waan wal arguu hin dandeenye
12. Dhala dhabde
13. Kan dhoksaadhaan nama miidhu
14. Ulfa
15. Walii galan; waljaalatan
16. Seeran bulu; seera beeku
17. Carraa ganamaa
18. Namaaf na'a
19. Baay'ee qaaliidha
20. Galata dhabe/de

Barannoo Shan: Ciigoo

Barannoo kana jalatti barattoonni gooroowwan qareeyyii keessaa waa'ee ciigoo bal'inaa iddoo hubannoo duraan qaban itti gabbifatanidha. Kunis, maalummaa cigoo, caacculee isaa, ijaarsa, faayidaa ciigoofi haala dhiyaannaa isaa adda baafachuun itti fayyadamuu shaakalu. Ciigoo ilaalchisuudhaan yaadannoowwan adda addaafi fakkeenyota isaanii dubbisanii yaada isaa bal'ifatu. Kanaafuu, Barsiisaa/-tuu! Barattoonni waa'ee ciigoo ilaalchisee yaadannoo kitaaba isaaniifi qajeelcha kana irratti dhiyaate barreeffachuun dubbisanii hubannoo isaanii caalaatti akka cimsatan deeggaraa.

Yaadannoo Cigoo

Cigoon gooroowwan qareeyyii keessaa tokko yoota'u; dubbii dachaati. Cigoon karaa ittiin ergaa dhokataa tokko isa mul'ataa tokkoon golganii dabarfatanidha. Innis jechootaan taphachuu agarsiisa. Afaan Oromoo keessatti, cigoon jechaafi gaaleedhaan yookiin himaan dubbatamuu danda'a. Akkasumas, walaloofi hololoon uumamuu danda'a. Cigoon yeroo hedduu himoota toora lama lamaan haata'an malee, baay'inni himootaa yeroo hunda lama ta'uu dhiisuu mala. Yaa'insi sagalee himoota tooraan jiranii waliini.

Bifa kamiinuu dhiyaatus caacculeewwan sadii of keessaa qaba. Isaanis: Jecha dachaa, soorgoofi sookoo jedhamuun beekamu. Jechi dacha cigoo keessatti bifa gaalee ykn. Cirootiin argamu yoota'u; cigoo sana keessatti hiika tokkoo ol kan qabudha. Cigoo keessaa jecha hiika tokkoo ol qabu bargachuuf tooftaaleen jiran:

1ffaa, Aadaa hawaasa afaanichaa beekuun barbaachisaadha.
2ffaan, Sagalee olkaasuufi gadi buusuun,
3ffaan Haala keessatti dubbatameefi dhugaa waliigalaa hawaasa keessa jiru beekuu,
4ffaan Jecha dhiyaate addaan baasuufi walitti fiduun dubbisuudha. Soorgoon ergaa jechi dacha tokko kallattiidhaan dabarsudha. Sookkoon immoo lubbuu cigoo tokkoo yemmuu ta'u; bakka inni hinjirretti cigummaansaa nihafa jechuudha.

Fakkeenya: Nuttu haatolu jennee

Harree manaa baafne

Dubbiin dacha= Harree manaa baafne

Soorgoon = beeylada harree jedhamtu

Sookkoon = haxoofnee ganne

Gilgaala 5: Shaakala Ciigoowwaanii

Gilgaala kana jalatti waa'ee ciigoo ilaalchisee fakkeenyota kitaaba barattootaa irratti kennaman ka'umsa godhachuun kanneen biroo dubbachuu barreessuu, dubbisuufi caacculee isaanitti qoqooduun ergaa isaa baasuu shaakalu. Ciigoowwan yemmuu hojjetan dursa dubbii dachaa baasuun itti aansanii ergaa ifa jiruufi dhokataa ta'e baasuu shaakalu. Kanaafuu, bu'uuruma kanaan barattoonni shaakala gilgaala 4 jalatti kenname akka hojjetan taasisaa.

Deebii Gilgaala 5.

1. Dubbii dachaa = arraba kennaafii
   Soorgoo= foon arrabaa laadhaafii
   Sookoo= arrabsaa/salphisaa
2. Dubbii dachaa= jaalala magaalaa
   Soorgoo = magaalaa jiraachuu
   Sookoo = jaalala intala bifa magaalaa hin obsu
3. Dubbii dachaa= karaa kee qabatee
   Soorgoo = daandii ati deemtu irra deemna
   Sookoo= sideeggare
4. Dubbii dachaa = isa garaa qabu
   Soorgoo= uffata bal'ina qabu
   Sookoo= nama onnee(gootummaa; kutannoo…)qabu
5. Dubbii dachaa = isa wayyaa dhugaa
   Soorgoo = bishaan qulqulluu dhuguu wayya
   Sookoo = dhugaa/haqa wayya
6. Dubbii dachaa = namanarraan barani
   Soorgoo = karaa nama tokkoo nama kan biraa baran
   Sookoo= nama maqaan Namarraa jedhamu
7. Dubbii dachaa =Siifan fida amma

Soorgoo = garbuufi buna siifan fidaa ninyaatta

Sookoo = nama maqaan ishee Siifan jedhamtu

8. Dubbii dachaa= arrabaan ciratu

Soorgoo =arrabaan kutatanii nyaatu

Sookoo = nama hamatu

9. Dubbii dachaa= uumaan seera hindhabu
   Soorgoo = waan Rabbi uume
   Sookoo = nama maqaan isaa Uumaa jedhamu

10. Dubbii dachaa= sanyii maaf yarsan
    Soorgoo = sanyii midhaanii balleessan
    Sookoo = qaccee/ gosa/ namaa balleessan

11. Dubbii dachaa= amma garaa hirtu
    Soorgoo = waatokko filadhu ykn lama hinjaalatin
    Sookoo= hinshakkin
12. Dubbii dachaa= namuu ifa fe'a
    Soorgoo = namni hunduu ifa barbaada
    Sookoo= ifaan fe'ata
13. Dubbii dachaa= boru
    Soorgoo = guyyaa boruu lafa siif haaqotan
    Sookoo= nama maqaa Boruu
14. Dubbii dachaa= waaqjiraa
    Soorgoo= Rabbi nijira
    Sookoo = nama maqaa Waaqjiraa jedhamu
15. Dubbii dachaa= argaa fiddan malee
    Soorgoo= maallaqa kaffaltan malee na hin argitan
    Sookoo= barbaadaa fidaa

Barannoo Ja'a: Arrabqabdoo

Barannoo kana jalatti barattoonni arrabqabdoota adda addaa irratti yaadannoo kitaaba isaanii irratti barreeffame dubbisanii hubannoo isaanii iddoo itti dagaagfatanidha.Yaadannoo kennameefi fakkeenyota kennaman sirriitti dubbisanii shaakalu. Yaadannoofi fakkeenyota kitaaba isaanii irratti dhiyaate dubbisanii shaakaluun kanneen biroo akka barbaadanii irra deddeebiin shaakalanii dandeettii dubbii isaanii cimsatu. Kanaafuu, yaadannoofi fakkeenyota kitaaba barattootaafi qajeelcha kana irratti kennaman barattoonni sirriitti qayyabachuun akka shaakalan jajjabeessaa.

Yaadannoo Arrab-qabduu/ qajeelchituu

Arrabqabduun yaada sammuu keessatti uumamu shaakaluuf kan itti fayyadamanidha. Salphaatti bashannansiisuuf bu'aa qaba. Kunis sagaloota ykn jechootarratti ciminaafi saffisa guddaatti fayyadamuun dhiyaata. Arrab-qajeelchituun sagalootaan taphachuudha; birsagaaleen jechootaa haala adda addaan dubbifamuun hiika garaagaraa qabaatu. As irratti, ciminni guddaan sagaloota sana ariitiin dubbisuu (dubbachuu) danda'u dha. Gooroon qareeyyii kun yeroo hedduu tapha ijoollee ta'uun beekama.

Fkn. 1. Oyiruu gamaa qoteen kudhan galche.

Shan nyaadheen shan sanyiif kaawwadhe .

2. Kanan jedhe hinjenne hinjedhu.

Kanan hinjenne, jedhe hinjedhu.

Kan jette naan jedhe fidaa.

Hinjennen jedhaan.

Mee jette naan haajedhu.

Gilgaala 6: Shaakala Arrabqabdootaa

Gilgaala kana jalatti barattoonni shaakala kitaaba isaanii irratti kenname irratti hundaa'uun kanneen biroo akka shaakalan taasisaa. Eenyutu caalaatti ariitiin sirreessee dubbachuu akka danda'an waldorgomsiisaa.

D. Gaafataan **Gaafatamaan**

Huummoon Maal baatti ? Albeefi qarabaa
Morma ishee Shaf
Morma ishee Shaf
Dhumarratti, Mormakee! deebiisaan maaljedha?

E. Gaafataan **Gaafatamaan**

Binii binoo Bineensa
Eenyufaa? qamalee
Eenyufaa? jaldeessa
Dhumarratti maal nyaatta? Deebiisaan maal dubbata ?

Gaaffiiwwan Keessa Deebii Mammaaksota

A. Mammaaksota qabiyyeefi ergaa isaaniitiin addaan baasuu

1. Sareen harka ofiin guddisan, harka nama ciniinti.
2. Akaayiin akka hammaarrannaa osoo hintaane, akka alaanfannaati.
3. Haadha sagal deesse, intalli ciniinsuu gorsiti.
4. Haadha dhabuurra, haadha dhabduu wayya.
5. Abbaan booka dhugeef, ilmi afaan hinurgaa'u.
6. Jaartiin takka takkaan aayyoo jetti.
7. Kan ofarge nama hin argu.
8. Sodaa du'aa hirriiba malee hinbulan.
9. Jarjaraniif abbaa dura hindhalatan.
10. Keessa namaa hinbeektuu, keessa qabattee namaa laatti.
11. Harki harka baase.
12. Dhakaa jalli hin marguu, abbaan ofarguu.
13. Dugda naaf hooqi.

14. Yoo abbaan iyyate ollaan birmata.
15. Hiyyeessa garaa kutate, bishaan raafuutu gabbisa.
16. Bishaan darbaaf jiru sin nyaatin; jaarsi du'a gahe si abaarin.
17. Manni gubate jennaan "Nutoo duruu itti beekna" jette eeleen.
18. Bonas roobu, gannas roobu keenya gumaan lamuma " jette missirri.
19. Gabaafi haati waan namaaf kennitu hindhabdu.
20. Hantuunni quufte funyaa adurree arraabdi.

Jechamoota

B. Jechamoota armaan gaditti kennamaniif qubee hiika jechamichaa qabate filadhu.

1. Qalbiitu raarra'e

   A. . waan hunda kajeele C. waan hunda dagate

   B. obsa dhabe D. baay'ee jarjare

2. Dubbii nyaachuu jaallata

   A. haaloo kuufata C. dubbii alanfata

   B. baay'ee dubbata D. homaa hinxiixu

3. Qeerransa madaaye

   A. kan nama hinxuqne C. kan nama hindhiisne

   B. gargaarsa barbaada D. kan du'aaf qophaa'e

4. Ciqilee dhungachuu

   A. qaama ofii jaallachuu C. harka ofii qabachuu

   B. harka ofii kabajuu D. waan hindanda'amne yaaduu

5. Itti qaawwe

   A. jalaa hurate C. dhaamote

   B. karaan itti bahe D. hiyyoome

6. Miila gabbaabate

   A. qaamaa hir'ate C. baay'ee gabaabaadha.

   B. hinqaqqabiin hafe D. miilli diriiruu dide

C. Hiika jechamoota armaan gadii barreessi.

1. Cilee dibe =_____
2. Deega ganamaa =_____
3. Ciniinee qabe =_____
4. Dubbii barbaada =_____.
5. Abbaa baraati =_____.
6. Faana balleesse =_____.
7. Fuula itti agarsiise =_____.
8. Geerasa guddisa =_____
9. Gurra baase =_____
10. Horii facaase =_____
11. Utubaa manaati =_____
12. Gurra ta'eef -_____
13. Gurra mure =_____
14. Ilkaan garaa keessaa qaba =_____
15. Mormaa oliin haasofti =_____

Ciigoo

D. Ciigoowwan armaan gaditti kennaman keessaa dubbii dachaa

(sobbooqoo) isaa baasuudhaan; soorgoofi sookoo isaanii barreessi.

1. Foon nadharrasiisaa, lafee qoqorachuu

   Lafee hinqabduuf sidhiise kadhachuu.

   Dubbiin dachaa:_____

   Soorgooon:_____

   Sookoon:_____

2. Natu caala jettee maaliif boonta cufaa

   Situ hinbeekne malee caalaan amma dhufa.

   Dubbiin dachaa:_____

   Soorgoon:_____

   Sookoon:_____

3. Erga bokkaan roobee caamee

   Namni lolaan dhume.

   Dubbiin dachaa:_____

   Soorgoon:_____

   Sookoon:_____

4. Osoo karaa deemnuu, mana cidhaatti gorree
   Seenaa ijoollee Oromoo, kan nuun jedhe meerree?
   Dubbiin dchaa:_____
   Soorgoon:_____
   Sookoon:_____
5. Kan akkas bariidhaan kaate
   Mucaan sun simbira taatee.
   Dubbiin dachaa:_____
   Soorgoon:_____
   Sookoon:_____
6. Ija nabareechi
   Kuuli mee natolchii
   Dubbii dachaa =_____
   _
   Soorgoo= _____
   _
   Sookoo= _____
7. Ati yaa Booranaa loowwan maalif eegdaa?
   Qaltee silaa hin nyaattuu, hortee ormaaf laatta.
   Dubbii dachaa =_____
   Soorgoo =_____
   Sookoo =_____
8. Biyya abbaa hinqabnee hundumatu se'a
   Guyyaa aduun jirtii, kan fudhatan ji'aa.
   Dubbii dachaa = _____
   Soorgoo =_____
   Sookoo =_____
9. Namana sin gorsa, ati hingowwoominii,
   Alagaan marara jettee, ofumaa hinboo'ini.

Dubbii dachaa =_____
Soorgoo =_____
Sookoo =_____

10. Macca moo Tuulama, Karrayyuu moo Ituu?
    Ani Oromtichaa nagaafachuu hindhiistuu

Dubbii dachaa =_____
Soorgoo =_____
Sookoo =_____

11. Arsiin gaara yaasee loon waliin bobba'ee
    Saawwan soqee soqee walfaana dacha'ee
    Dubbii dachaa =_____
    Soorgoo =_____
    Sookoo =_____
12. Nama morkii fe'u maalif jalaa dinna?
    Farda lama qabdaa beenu nigombifnaa
    Dubbii dachaa =_____
    Soorgoo =_____
    Sookoo =_____
13. Arginee hubanne; nama hunda laallee
    Marruu walfakkaataa kan fillu wallaalle
    Dubbii dachaa =_____
    Soorgoo =_____
    Sookoo =_____
14. Namuma qabatee tasa lafaa ka'ee
    Osuma hinargin mataarra nutaa'e
    Dubbii dachaa =_____
    Soorgoo =_____
    Sookoo =_____
15. Biyya abbootii keenyaa kan irraa margine
    Akeekni garami nusoqnee hinargine
    Dubbii dachaa =_____
    Soorgoo =_____
    Sookoo =_____

Maddaallii: Barsiisaa/tuu!

Boqonnaa kana jalatti qabiyyeewwan garaagaraa akka jiran hubadhaa. Tokkoo tokkoon qabiyyee haaluma tartiiba taa'aniin, madaallii garaagaraatti fayyadammun barnoonni kenname barattoonni hubachuu isaanii mirkaneeffadhaa.

- Gochaaleefi hirmaannaa barattootaa hordofuun madaalaa.
- Yaada rimee qareeyyii akka ibsan gaafadhaa.
- Garaagarummaa: mammaaksaa, hibboo, jechamootaa, cigoofi arrab-qabdoota gidduu jiru addaan baafachuu barattootaa mirkaneessaa.
- Arrab-qabdoota gosoota garaagaraatti qoqqoodanii dhiyeessuun ibsa kennuu barattootaa hordofuun madaalaa.
- Ergaa/dhimmoota ijoo garaagaraa waa'ee qareeyyii akka qaaccessan taasisaa.

Boqonnaa Ja'a

Gahee Maanguddootaa (Wayitii 8) Dheerina Wayitii Tokkoo: Daqiiqaa 45

Seensa

Boqonnaakanakeessattibarattoonnigaheemaanguddoonnihawaasakeessattiqabanirratti hubannoo duraa bakka itti dagaagfatanidha. Addunyaa kana irratti dhalli namaa umriifi sadarkaa adda addaa keessa kan darbu ta'uufi umrii dabarsan keessatti namni kamuu biyya isaaf gahee gumaachu akka qabu iddoo itti hubachuu shaakalanidha. Gumaacha kana keessattis gahee maanguddoota irraa eegamu kan ilaalan ta'a. Barattoonni hawaasa keessattishooramaanguddootairraaeegamuaddaanbaasaniitarreessuufiirraasbarachuun barbaachisaadha.Kanamalees,maanguddootaandhibdeewwanhawaasakeessattimudatan furamuu akka danda'aniifi maanguddoonni barsiistota afaan, aadaa, seenaafi eenyummaa saba tokkoo akka ta'an sirriitti addaan baafachuun barachuu qabu. Kanaafuu, madda furmaata rakkoo hawaasaafi dilbii aadaa, duudhaa, seenaafi eenyummaa sabaa kanneen irraa barachuun, hojiirra oolchuuniifi dhaloota itti aananiif dabarsuun eenyu irraa akka eegamu adda baafachuun kan shaakalamuufi cimuu qabu boqonnaa kana jalatti akka ta'e hubachuun barattoonni cimanii gochaalee boqonnaa kana jala jiran shaakaluu qabu. Gochaaleenboqonnaakanajalattishaakalamuuqabanimmoofalmiigaggeessuu,dubbisanii gabaasa barreessuu, xalayaa hojii barreessuu, hiika jechootaafi gochimoota darbeeyyii addaan baasuun fayyadamuun ciminaan iddoo itti shaakalamanta'u.

Kaayyoowwan: Xumura Boqonnaa Kanaatti Barattoonni:

- Yaada ijoo dubbisaa dhaggeeffachuun walittifidu.
- Falmii keessatti qooda fudhachuun murtii loojikaawaa ta'ekennu.
- Afee/dubbisa dubbisanii gabaabsaniibarreessu.
- Iyyannoo Xalayaa hojiibarreessu.
- Hiika jechootaa garee jechoota keessaakennu.
- Gochimoota darbeeyyii adda baasuun ittifayyadamu.

1.1 Dhaggeeffachuu

1.2 Dubbachuu

1.3 Dubbisuu

1.4 Barreessuu

1.5 Fayyadama Jechootaa

1.6 Seerluga/Caasluga

Mala Baruu Barsiisuu

- Afee/ dubbisa dhaggeefachuun deebii sababa qabu akka maddisiisaniifi waandhaggeeffataniin akka walitti fidan gochuu.
- Falmii dhimmoota akka biyyaalessaatti jiran keessatti qooda fudhachuun dandeettii dubbii isaanii akka gabbifataniif hirmaachisuu.
- Afee/ dubbisa bal'aa sadarkaa isaanii madaalu dubbisuun yaada dubbisichaa cuunfanii barreessuu shaakalu.
- Gosaafi qabiyyeewwan xalayaa addaan baasuun qayyabachuufi xalayaa iyyannoo hojii hojii akka barreessan gochuu.
- Dubbisa keessatti hiika galumsa jechootaa sakatta'aa dubbisuun hiika jechootaa akka barreessan taasisuu.
- Gochimoota darbeeyyiifi faaldarbeeyyii caasaa himaa keessatti adda baafachuun, himoota barreessuu keessatti akka fayyadaman gochuu.

Barannoo Tokko: Dhaggeeffachuu

Gilgaala 1: Gochaalee Dhaggeeffachuun Duraa

Kaayyoon gochaalee kanaa barattoonni wanta barachuuf deeman tokko waan isaan hanga hammaatti beekan wajjin walqabsiisuufi. Kanaafuu, deebii isaanii sirriidha; yookiin sirrii miti hinjedhinaa. Barattoonni waan isaanitti fakkaatu gaaffilee dhaggeeffachuun duraaa gilgaala 1A jalatti argaman irratti yaadasaanii sodaa malee ibsachuu isaaniirratti jajjabeessaa. Kana booda qajeelfama ifa ta'e kennaafii.

Gilgaala 1B jalatti immoo jechoota yeroo dhaggeeffachuu hubannoo barattootaa danquu danda'an dursuun hiika isaanii akka tilmaamaniif barreessaafii. Tilmaama hiika jechootaa barattoonni kennan gabateerratti barreessaa. Kunimmoo barattoonni erga dhaggeeffatanii hiika tilmaama isaanii sirreeffachuuf gargaara.

Deebii Gilgaala 1B

1. dulloomaa
2. dhala
3. midhaan kuufamee ture
4. lafa osoo hinqotin lafa baasuu
5. jaarsummaa
6. uffata aadaa jirbiirraa hojjetame; kan maanguddoonni uffatanii bakka kabajaatti ittiin dhiyaatan

Gilgaala 2: Gochaalee Yeroo Dhaggeeffachuu

Gilgaala kana jalatti barattoonni afee/dubbisa dhaggeeffataa deemuu isaaniif bakka itti hubannoo isaanii mirkaneeffatanidha. Gaaffilee yeroo dhaggeeffannaa hojjechaa deemuu isaanitiin himoota bakka duwwaa gilgaala 2 jalatti kennameef dursanii akka barreeffatan itti himi. Mata duree dhaggeeffachuuf jiran dursaatii gabateerratti barreessaafii. Sana booda barreeffama dubbistaniif irratti hundaa'uun gaaffilee isaaniif kennaman akka guutan taasisaa. Dubbisa dhaggeeffannaa kana si'a lama irra deebi'uun dubbisaafii. Itti aansuun deebii hiriyoota isaanitiin walitti agarsiisuun akka mirkaneeffatan taasisaa deebii sirrii ta'es gabatee irratti barreessuun akka dhugoomsatan godhaa.

Deebii Gilgaala 2

1. biqilani, ijaaran
2. kabajamaa; jaalatamaa
3. agabuu bulchan
4. araara
5. Alangee,coqorsa

Obbo Jiraataa

Obbo Jiraataan maanguddoo ganda Malkaa Gafarsaati. Maanguddoon kun umriin isaanii yoo xiqqaate Gadaa 10 lakkoofsisaniiru. Ijoollummaa kaasanii ganduma kana keessatti dhalatanii guddatan. Maatii hedduus godhatanii; addunyaa hedduu horsiisaniiru. Ganda Malkaa Gafarsaa kanatti biqilanii, achumattis jaaraan. Obbo Jiraataan nama beekamaafi kabaja hawaasaa ganamaa amma galgalaatti uffatanii ittiin jiraatanidha.

Obbo Jiraataan ganda jiraatan keessatti ijoollummaa isaarraa eegalee waan hedduun beekamu. Kana keessaa inni tokko lafa warra isaarraa dhaalaan argatan eeguun kunuunsanii finna harka galche. Yeroo humna qabu lafa kanarratti daagaa hidhuun biyyeen akka hindhiqamne godhan. Yeroo ammaa lafa kana qochisiisanii midhaan hedduu galfatu. Dilbii mana baasee gaafa midhaan gabaa keessaa haphate, baasanii gurguru. Lafa qonnaaf hintaane bara humna qaban baargamoo dhaabanii misoomsan. Baargamoo dhaabanis mursiisanii gurguruun, Ofiis maallaqa argatu; biyyaaf galii argamsiisu. Namoota daldala mukarraatti bobbaa'aniif immoo bu'uura

hojii isaanii ta'anii tajaajilu. Namoota lafa isaanii agabuu bulchanii; ofiifis agabuu bulan, gorsa maanguddummaa kennu. Obbo Jiraataan nama ofiif qofaa jiraatan osoo hintaane; nama ce'ee ceesisudha.

Maanduddoon kun abbaa nagaa jedhamuunis nibeekamu. Namni buleessi kun jaarsa araaraati. Kana jechuunis, xiqqaafi guddaa, beekaafi wallaalaa, dhiiraafi dubartii akkasumas, hiyyeessaafi sooressa gidduutti nagaa boora'e qajeelchuun beekamu. Yoo namni waldhabe araaraaf dursee kan yaadatamuufi kan waamaamu eebbiffamaa maanguddoo kanadha. Jiraataan araara dhaqees, namoota dura dhaabbatanii uumaa kadhatanii, safuu eeggatanii yaada gaarii dubbachuun nama beekamudha. Mammaaksaan laphee namootaa seenanii jaalala diigame, deebisanii ijaaru. Namootni walcabsanis, dheekkamsaafi gorsa isaanitiin fayyu. Kana malees, jaalala biyyaa illee nileellisu. Dhaloota gidduu taa'anii seenaa dhugaa haasa'uu jaallatu. Jaarsi kadhatee niroobsa; abaarees nigogsa akkuma jedhamu dhimmoota garaagaraa irratti waaqa nikadhatu.

Maanguddoon umrii dheeraa kun galmee duudhaa Oromoo jedhamu. Sirna adda addaa hawaasni Oromoo qabu qajeelotti nibeeku. Sirna eebbaa keesatti iddoo baay'eetti affeeramu. Maanguddoo raagaan kun: jaarsummaa, sirna gaa'elaa, ayyaanota garaagaraafi namoota waan gaggagaarii hojjetan eebbisuuf namni isaan dursee waamamu.hinjiru. Innis bullukkoo abbaa Gadaa uffatanii, alangeefi coqorsa jiidhaa harkatti qabatanii eebbisu. Eebbi isaanis lafa hinbu'u. Oromoon yemmuu mammaaku, "Jaarsaafi eeboo dura hindhaabatan" jedhama mitiiree? Kana malees, Obbo Jiraataan qe'ee osoo hnfagaafiin horii bobbaasanii tiksu. Yeroo baay'ee ijoollee ilmaan isaanii waliin qe'ee eegu. Oduu duriis ijoolleef seenessuufi taphoota ijoollee adda addaa waliin taphachuun, sammuu bohaarsaa yeroo ittiin dabarfatu. Galgala galgalas, seenaa abboota durii dhalootatti himuun qayyabachiisu.

Walumaagalatti maanguddoo kanarraa waan hedduutu baratama. Bara jireenya isaanii kanatti wantoota gaggagaarii isaan hojjetan danuudha. Umrii jaarsummaa kana keessatti hojiiwwan: oomishaafi oomshitummaa, hawaasummaa, duudhaa dhaloota barsiisuufi nageenya argamsiisuuf ifaajeen isaan taasisan nama dinqisiisa. Maanguddoon kun qaamatu dulloome malee, sammuun isaanii kan hindulloomne ta'uusaa mul'isa. Egaan maanguddoon biroos, muuxannoo obbo Jiraataa kana hordofuun gahee maanguddummaa isaanii ba'uun isaan irraa eegama.

Gilgaala 3: Gochaalee Dhaggeeffachuun Boodaa

Gilgaala kana jalatti barattoonni shaakala dhaggeeffachuu duraafi yeroo dhaggeeffachuutti qayyabatan muuxannoo isaanii gabbifachuu akka qaban iddoo itti jajjabeeffamanidha. Gaaffilee gilgaala sadii jala jiran hubannoo dhaggeeffachuu isaanii bakka itti madaalamanidha. Kanaafuu, deebii sirrii filachuu danda'uu barattootaa mirkaneessi. Gaaffilee gilgaala 3A jala jiran ajaja kenname irratti hundaa'uun deebii sirrii akka barreessan jajjabeessaa.

Deebii Gilgaala 3A

1. C
2. D
3. C
4. B
5. D
6. B

Gilgaala 3B jalatti barattoonni dandeettii barreessuu isaanii bakka itti dagaagfatanidha. Kanaafuu, gilgaala kana jalatti barattoonni dubbisa dhaggeeffatanii ajaja kitaaba isaanii irratti kennameef hordofanii deebii sirrii ta'e akka barreessan gargaaraa.

Barannoo Lama: Dubbachuu

Barannoo kana keessatti maalummaafi qajeelfamoota sirna falmii addaan baasuun xiinxala isaanii gabbifatu. Mata duree falmii filachuun falmii gaggeessu. Falmii gaggeessuun dura qajeelfamoota sirna falmii boqonnaa 2ffaa keessatti kenname booddeetti deebi'uun dubbisanii sirriitti akka qayyabatan taasisaa.

Falmii Gaggeessuu

Gilgaala kana jalatti barattoonni sodaa malee dubbachuufi qophii taasisuun dubbiidhaan garee faallaa isaanii injifachuu shaakalu. Mata dureewwan falmiif isaaniif kennaman irratti hundaa'uun seera isaa eeganii falmii akka gaggeessan taasisaa. Mata duree falmiif filatan irratti dursanii qophii gahaa akka taasisaniifi barattoonni hundi hirmaannaa akka taasisan jajjabeessaa. Barattoonni yeroo falmii gaggeessan qindoomina yaadaa isaan dhiyeessanii madaalaa deemaa. Dhuma irratti cimina mul'ateefi hanqina fooyya'uu qabu irratti yaada sirreeffamaafi jajjabinaa kennaafii.

Gilgaala 4: Shaakala Falmii Gaggeessuu

Mata dureewwan falmii armaan gaditti siif kennaman keessaa tokko filadhaa. Itti aansuun seeraa falmii hordofuun falmii gaggeessaa.

1. Aadaafi Afaan Sabaafi sablammootaa kabajuun faayidaa moo miidhaa isaatu caala?
2. Mirga walqixxummaa barattoota dhiiraafi shamarranii kabajuufi kabachiisuu irratti mana barnootaa moo hawaasa mana barnootaatiin alaa caalaatti gahee qaba?
3. Namoonni baratan biyya keessatti hojjechuu moo biyyoota guddatan deemee hojjichuutu caala?

Barannoo Sadii: Dubbisuu

Gilgaala 5: Gochaalee Dubbisuun Duraa

Kaayyoon gochaa kanaa wanta barattoonni barachuuf deeman tokko muuxannoo isaaniitiin walqabsiisudha. Fakkeenya gilgaala kana jalatti gaaffilee dhiyaatan sirriidha yookiin sirrii miti osoo hinjedhin barattoonni wanta isaanitti fakkaatu sodaa malee akka ibsan deeggarsa taasisaafii. Muuxannoo duraan qabaniifi fakkii kitaaba isaanirra jiru walbira qabuun waan hubatan akka ibsan carraa barattootaaf kennaa. Dhimmoota gahee maan guddootaa wajjin walqabatan irratti hubannoo isaan duraan qaban xiyyeeffannoon adda baafadhaa.

Gilgaala 6: Gochaalee yeroo Dubbisuu

Gilgaala kana jalattii gaaffilee hojjetamaniif osoo gara dubbisuutti hinseenin dura qajeelfama kennuufiin barbaachisaadha. Kunis, dubbisa dhiyaate osoo dubbisuu hineegalin gaaffilee yeroo dubbisuuf dhiyaate dursanii akka qayyabatan itti haahimamu. Kana booda saffisaafi callisaan daqiiqaa 6-7 gidduutti dubbisanii akka xumuraniif yeroo qabuufiin barbaachisaadha. Dhumarratti gaaffilee yeroo dubbisaa hojjechaa turan irra deebi'uun gareedhaan akka mari'atanii mirkaneessan jajjabeessuu qabdu. Deebii isaanii irratti dogorri yoo jiraate yaada sirreeffamaa kennuufiin deeggaraa.

Deebii Gilgaala 6

1. Jaarsummaadhan rakkoowwan hawaasummaa hiikuu, garaagarummaahawaasa gidduu jiru dhiphisuu…
2. Keeyyata4ffaa
3. Sabni tokko sabummaan isaa kan ittiin beekamuufi eenyummaa isaatiinkan leellifamu ta'uu qaba.

Gilgaala7:Gochaalee Dubbisuun Boodaa

Gilgaala 7A jalatti gaaffilee dhiyaatan barattoonni hojjechuudhaan yaada dubbisichaa hubachuufi dhiisuu isaanii bakka itti ofmadaaluu danda'anidha. Barattoonni dandeettii saffisaan dubbisanii yaadolee calla dubbisichaa qayyabachuu danda'uu isaanii gaaffilee dubbisa keessaa bahaniif dhugaa yookiin soba jechuun afaaniin haadeebisan. Sababa dhugaa yookiin soba jedhanii deebisaniifis dubbischa keessaa ragaa qabatamaa dhiyeessuun haamirkaneessan.

Deebii Gilgaala 7A

1. Soba
2. Dhugaa
3. Dhugaa
4. Soba
5. Soba

Gilgaala 7B jalatti dubbisichaa irratti hundaa'uun gaaffilee gaafataman hojjechuun hubannoo isaanii iddoo itti cimsatanidha. Kanaaf, gaaffilee kanneen barreessuun deebii sirrii ta'e akka filatanii deebisan taasisaa. Deebii hojjetan irrattis barattoonni gareedhaan yaada akka waljijjiiran godhaa.

Deebii Gilgaala 7B

1. C
2. D
3. A
4. B
5. C

Barannoo Afur: Barreessuu

Barannoo kana jalatti barattoonni dandeettii barreessuu isaanii bakka itti gabbifatanidha. Xalayaa barreessuu dhimmoota jiruufi jireenya isaanii wajjin kan walqabsiisan ta'a. Kanaafuu, yaadannoo waa'ee xalayaa ilaalchisuudhaan barattootaaf kitaaba isaanii irratti kennameefi qajeelcha kana irra jiru barattoonni barreeffachuun haadubbisan. Xalayaa keessatti gosoota xalayaa, qaamolee xalayaan adda addaa qabuufi akkasumas, bakka galumsa qaamolee xalayaa sirriitti akka qayyabatan taasisuu hindagatinaa.

Yaadannoo Xalayaa Barreessuu

Xalayaan meeshaalee qunnamtii ta'ee; barreeffamaan ergaa dabarsuuf kan tajaajiludha. Xalayaan gosoota adda addaatti qoodamuu danda'a. Isaan keessaa:

Gosoota Xalayaa

Gosoonni xalayaa kaayyoo, qaamoleefi haala ittiin barreeffamaniin addaan ba'uu danda'u. Fakkeenyaaf, xalayaan hiriyaa, fira nagaa gaafachuuf, affeerraa walii gochuuf, gaddaafi gammachuu ibsuuf barreeffamuu danda'a. Walitti dhufeenyi namoota xalayaa akkasii walii barreessanii waan beekumsa yookiin firummaa irratti hundaa'eef jechoota al-idilee fayyadamuu danda'u. Karaa biraatiin yemmuu xalayaan hojii barreeffamu of eeggannoon godhamuu qaba. Walqunnamtiin namootaafi dhaabileen adda addaa hariiroon waliin uumuuf barbaadamu cimina xalayaa barreessinuu irratti hundaa'a. Kanaafuu, haalli ittiin jechoota fayyadamnuufi himoota ittiin qindeessinu haalaan itti yaadamuu qabu. Akka barattoonni kana ilaalchisee hubannoo ga'aa argatan gochuun barbaachisaadha. Fakkeenya xalayaa hojii sirriittii hinbarreeffamne qopheessuun miidhaa akkamii akka fiduu danda'u waliin mari'adhaa. Xalayaa iyyannoo hojii yoo ta'e gaariidha.

Qaamolee Xalayaa

As jalatti xalayaawwan adda addaa bakka gurguddaa lamatti ramadamanii akka dhiyaatan ta'eera. Kanaafuu, xalayaawwan maqaa garaagaraatin waamaman gosoota gurguddaa lamaan kana keessaa inni kum isa kam jalatti akka ramadamuu danda'anis akka addaan baafatan taasisaa. Qaamoleen keessa xalayaas qaamni inni kum eessatti galuu akka danda'u ilaaluun irra deddeebi'anii akka shaakalan gochuun barbaachisaadha. Mata duree kana yemmuu barsiistan

gilgaala kenname yookiin xalayaawwan kanaan dura qophaa'an kanneen biroo fayyadamuun nidanda'ma.

Kanaafuu, Barattoonni xalayaa adda addaa erga barreessan booda, akka daree keessatti dubbisan carraa kennaafii. Xalayaalee barreeffamanii dhiyaatan kanarratti jalqaba hiriyoota isaaniitiin daree keessatti yaada akka waljijjiiran taasisaa. Xalayaa barattoonni dhiyeessan irratti sirreeffamoota barbaachisu kennaafii.

Gilgaala 8: Shaakala Xalayaa Barreessuu

Shaakalawwan gilgaala kana jalatti dhiyaatan dhuunfaan akka hojjetan itti himaa. Itti aansuun deebii isaanii irratti gareen akka mari'atan godhaa. Tattaaffii barattoonni godhaniif ammoo jajjabeessaa. Dhuma irratti shaakala deebii barattoonni dhuunfaafi gareen hojjechaaturan irratti yaada sirreeffamaa kennuufiin deebii isaanii akka mirkaneeffatan gochuu hindagatinaa.

A. Kutaawwan xalayaa akaakuu lama armaan gaditti kennamaniiru. Maqaa kutaawwan kanaa bakka duwwaa irratti barreessuun agarsiisa.
   1. Ergaa /Dhaamsa xalayaa
   2. Guyyaa xalayaan itti barreeffame
   3. Maqaafi mallattoo nama xalayaa barreessee
   4. Dhaamsa kabajaa, nageenyaafi maqaa nama xalayaan barreeffameef

_____(A)

_____(B)

_____

_____

_____(C)

_____

_____

_____ (D)

B. Xalayaan haala kanaan barreeffamu xalayaa akkamiiti ?

C. Barsiisaa-tuu/ waa'ee seensa, qaamaafi cufaa xalayaa barattootatti himaa.

D. Qaamolee xalayaa armaan gadiitti kennaman haaluma walfakkaatuun bakkeewwan duwwaa irratti akka barreessan agarsiisaa.
   1. Teessoo nama xalaayaan barreeffameef
   2. Maqaafi mallattoo nama xalayaa barreessee
   3. Dhaamsa/ Ergaa xalayaa
   4. Guyyaa xalayaan itti barreeffame
   5. Teessoo nama xalayaa barreessee

6. Dhaamsa kabajaa/nageenyaafi maqaa nama xalayaan barreeffameef.

_____A

_____B

_____

_____ _____

_____C

_____

_____

_____D

_____

_____

_____

_____

E_____

_____

_____

_____

_____

_____F

Gosoota xalayaa armaan gadiif kaayyoo / faayidaa isaan barreeffamaniif irratti hundaa'uun barreessi.

A.	**B.**
Gosa Xalayaa	**Faayidaa/Kaayyoo**
1. Xalayaa Hiriyaa	A. _____
2.Xalayaa Affeerraa	B. _____
3.Xalayaa Gaddaa	C. _____
4.Xalayaa Gammachuu	D. _____
5. Xalayaa Odeeffannoo	E. _____
6 Xalayaa Iyyannoo	F. _____

F. Gosoota xalayaa armaan olitti kaa'aman akka waliigalaatti bakka lamatti qooduu dandeenya. Isaanis: Xalayaa firaa ykn kandhuunfaafi xalayaa hojiiti. Gosoota xalayaa A jala jiranii xalayaa firaa(kan dhuunfaa)fi hojii jalatti qooduun barreessi.

Xalayaa Firaa	Xalayaa Hojii
1._____	1._____
2._____	2._____
3._____	3._____
4._____	4._____

Deebii Shaakala Gilgaala 8 A, B, D

Deebii Shaakala Qaamolee Xalayaa

8A. 1. C 2. A 3. D 4.B

Gilgaalaa 8B. Xalayaa Firaa

Gilgaalaa 8D. 1.C 2. F 3. E 4. B 5. A 6. D

Deebii Shaakala Gosoota Xalayaa

A. Xalayaa dhuunfaa/firaa 2. Xalayaa Hojii

1. Xalayaa hiriyaa	1. Xalayaa affeerraa
2. Xalayaaaffeerraa	2. Xalayaa gaddaa
3. Xalayaa gaddaa	3. Xalayaa gammachuu
4. Xalayaagammachuu	4. Xalayaa odeeffannoo
	5.Xalayaa iyyaafannoo

Xalayaa Iyyannoo hojii Barreessuu

Barsiisaa/-tuu!: Dhumarratti barattoonni ulaagaa armaan gaditti baheen xalayaa iyyannoo hojii akka barreessan taasisaa.

1**. Barattoonni akka nama** Yuunivarsiitii ta'e irraa eebbifamee hojii barbaaddutti of haa ilaalan.

2. Waajjirri/dhaabbanni tokko gosa barnootaa isaan digirii ittiin eebbifamaniif qabxii isaan dorgomsiisuu danda'uun beeksisa hojii baase.

3. Yeroo galmaa'an xalayaa iyyannoo hojii ilaallatu qabatanii akka galmee dhaqan beeksisa irratti ibse haajennu.

Barannoo Shan Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 9: Shaakala Hiika Galumsa Jechootaa

Gilgaala 9B jalatti barattoonni jechoota hiika galumsa isaanitiin itti fayyadamuu bakka itti cimsatanidha. Jechoonni gilgaala 9A jalatti kennaman dubbisa barattoonni dubbisanii darban keessaa bahan. Kanaafuu, jechoota hiika galumsaatiin akka walitti firoomsaniif kennaman barreeffachuun akka walitti firoomsan taasisaa.

Deebii Gilgaala 9A

1. I
2. G
3. J
4. B
5. F
6. C
7. A
8. E
9. H
10. D

Gilgaala 9B jalatti barattoonni jechoonniifi gaaleewwan dubbisa keessatti hiika galumsaa isaan qaban adda baasuun fayyadama jechootaa caalaatti gabbifatu. Jechootaafi gaaleewwan gilgaala kana jalatti dhiyaatan dursanii akka barreeffatan jajjabeessaa. Sana booda dubbisicha irra deebi'anii sakatta'aan dubbisuun hiika jechoota kanneenii akka barreeessan taasisaa.

Deebii Gilgaala 9B

1. Haqa barbaaduu
2. Ajjeechaaf walbarbaaduu
3. Rakkoo hiikuu
4. Qabeenya dhuunfachiisuu
5. Waangara fuula duraa ta'u tilmaamuu
6. Argannoo/ kalaqa hawaasa tokkoo
7. Beekaa/ hayyuu hawaasa tokkoo
8. Fageessanii yaaduu
9. Keessa darbuu
10. Umrii dheeraa

Barannoo Ja'a: Seerluga/Caasluga

Barannoo kana jalatti barattoonni waa'ee gochimootaa ilaalchisee hubannoo qaban iddoo itti gabbifatanidha. Gochimoota Afaan Oromoo keessatti argaman keessaa, gochima darbeeyyiifi

faaldarbeeyyii barannoo kana keessatti cimsatu. Kanaafuu, yaadannoofi fakkeenyota gochimootaa himoota adda addaa wajjin walqabsiisuun ibsa kitaaba barattootaafi qajeelcha kana irratti kennaman barattoonni akka dubbisaniifi hubannoo isaanii cimsatan taasisaa. Gochimoota ilaalchisee yaadannoowwan dabalataa yoo itti dabaltanii kennitaniif gaaridha.

Yaadannoo Gochimaa

Jechi 'Gochima' jedhu gaalee 'Gochaa hima' jedhu irraa ijaarame. Kana jechuun gocha tokko kallattiin kan ilaallatudha. Gochimoonni garee ramaddii jechootaa keessaa isa tokkodha. Garee jechoota Afaan Oromoo biroorraa dhuma himootaarratti argamuun isaanii caasaan adda ta'uu agarsiisa. Gochimoota Afaan Oromoo keessatti argaman hedduudha. Isaan keessaa gochima darbeeyyiifi faaldarbeeyyiin armaan gaditti ibsamaniiru. Fakkeenyota itti aanan sirriitti qayyabadhu.

1. Barattuun mana barumsaa deemte.
2. Caalaan bofa ajjeese.
3. Taliileen Roobaadhaaf qubeessituu kennite.
4. Badhaasaan haadhaaf wandaboo bite.

Gochimoota Darbeeyyii

Himootni armaan olii kun gochimoonni isaanii darbeeyyiidha. Fakkeenyota kana keessatti gochimoonni raawwataman matima irraa gara aantimaatti kan darbanidha. Gochaa raawwatamuuf matimniifi aantimni jiraachuudha. Hima tokko keessatti aantimni lama jiraachuu danda'a. Fakkeenya himoota 1ffaafi 2ffaa keessatti jechoonni barattuu,Caalaa jedhaman matima. Himoota kanneen keessatti mana barumsaafi bofti immoo aantima kallattiidha. Jechoonni *deemteefi ajjeese* jedhan gochimoota. Himoota kana keessatti aantimni walitti dhufeenya kallattii matima wajjin qaba. Himootni 3ffaafi 4ffaan gochima darbeeyyii qabu. Kunis, aantima kallattiifi aantima alkallattii of keessaa qabu jechuudha. Jechoonni Roobaadhaaf, haadhaaf jehan aantima alkallattiidha. Isaan kun kallattiin matimaan walitti dhufeenya hinqaban. Jechoonni *qubeessituufi wandaboo* jedhan immoo aantima kallattii ta'u. Matimaan walitti dhufeenya kallattii qabu jechuudha. Kanaafuu, himoota 1ffaafi 2ffaa irratti gochimoonni isaanii darbeeyyii yemmuu ta'an; himoota 3ffaafi 4ffaa irratti immoo gochimoota dachaa darbeeyyii jedhamu.

Gochima Faaldarbeeyyii

Akkuma maqaa isaa irraa hubatamutti gochima raawwii kallattii agarsiisa. Gochaan raawwatame tokko matimarratti kan hafedha. Kana jechuun aantima kallattii hinqabu jechuudha. Fakkeenya

1. Barattoonni hedduun qorumsa darban.

2. Daraartuun kolfite.

3. Himoota armaan olii kana keessatti gochimoonni *darbaniifi kolfite* jedhan gocha kallattiin matimaan raawwatamedha. Kanaafuu, gochimni darbaniifi kolfite jedhan faaldabeeyyii ta'u jechuudha.

Gilgaala 10: Shaakala Gochimootaa

Gilgaala 10A kana jalatti barattoonni fakkeenya isaaniif kenname irratti hundaa'uun hima keessatti adda baafachuun gochima darbeeyyii ykn faaldarbeeyyii ta'uu gochimootaa haabarreessan. Sababa barattoonni gochima darbeeyyii kyn faaldarbeeyyii jechuudhaan deebisan, akka ibsarratti kennan gaafadhu. Gochi raawwatame kamtu ce'aa? Kamtuu osoo hince'iin matimaan raawwatame ta'uusaa adda baafachuu isaanii madaali.

Gilgaala 10B jalatti barattootaaf jechoota gochimaa adda addaa kennameeraaf. Fakkeenyota barannoo kana keessatti dhiyaataniifi gosa gochimaa adda baasuun gilgaala 10A jalatti hojjetanniin, bu'uureffachuun gochimoota kennamaniin hima ijaaruu shaakalsiis. Himoonni barattoonni barreessanis, hima gochima darbeeyyii ykn hima gochima faaldarbeeyyii qaban shan shan haabarreessan. Himoota barreessanis daree keessatti dhiyeessuun yaada irratti akka waliif kennan taasisaa.

Deebii Gilgaala 10A

1. Gochima faaldarbeeyyii
2. Gochima darbeeyyii
3. Gochima darbeeyyii
4. Gochima faaldarbeeyyii
5. Gochima darbeeyyii
6. Gochima darbeeyyii
7. Gochima faaldarbeeyyii
8. Gochima darbeeyyii

B. Gochimaa armaan gaditti siif kennaman gargaaramuun himoota gochimni isaanii darbeeyyiifi faaldarbeeyyii ta'an ijaari.

1. utaalte: _____
2. rafe : _____
3. Ijaare:_____
4. dhaabe: _____
5. gale: _____
6. dubbiste:_____
7. barsiise: _____
8. nyaate: _____
9. barreessite:_____
10. qale: _____

Boqonnaa Torba
Asoosama Dheeraa (Wayitii 8)
Dheerina Wayitii Tokkoo: Daqiiqaa 45

Seensa

Boqonnaa kana keesstti barattoonni waa'ee asoosama dheeraa baratu. Yaadrimee asoosama dheeraa, caacculee asoosama dheeraa, amaloota isaafi faayidaawwan asoosamni dheeraan hawaasaaf qabu boqonnaa kana keessatti kan baratan ta'a. Asoosamni dheeraan waa'ee dhala namaa jalqabaa hanga dhumaatti turtii yeroo dheeraa fudhatu waan guutuu ta'e kan ibsudha. Asoosamni caaseffama isaa keessatti caacculee/miseensota/ ofkeessatti hammachuun ittiin ijaaraman adda baafatu. Hojii kalaqaa ta'uun jechoota filatamoofi malleen dubbii adda addaatti dhimma bahuun jiruufi jireenya dhala namaa dhugaa addunyaa kana keessa jiru ibsu. Asoosama dubbisuu amaleeffachuun yaadota, gochoota/ ta'iinsota/ asoosama keessaa dinqisiifachuun dubbisuu gabbifatu. Mata duree kana irratti hubannoo walii galaa caalaatti cimsachuudhaaf shaakalawwan garaagaraa boqonnaa kana jalatti dhiyaatan irra deddeebi'uudhaan shaakaluun barbaachisaadha. Dhumarratti, amaloota asoosama dheeraan ofkeessaa qabu addaan baafatu. Asoosamni dheeraan tokko gochoota raawwii isaafi caacculee inni qabu addaan qoqqooduufi ibsa kennuu shaakalu.

Kaayyoowwan: Xumura Boqonnaa Kanaatti Barattoonni:

- Yaadrimee Asoosama Dheeraa ibsu.
- Caacculee Asoosama dheeraa tarreessanii ibsu.
- Amaloota Asoosama Dheeraa adda baasu.
- Gocha kutaa Asoosama Dheeraa tokko keessaa raawwii isaa irra deebi'anii barreessu.

Qabiyyeewwan:

1.1 Yaadrimeewwan Asoosama Dheeraa

1.2 Caacculee Asoosama Dheeraa

1.3 Amaloota Asoosama Dheeraa

Mala Baruu Barsiisuu

- Yaadrimee asoosama dheeraarratti yaadannoofi ibsa kennuu.
- Barattoonni caacculee asoosama dheeraa tarreessanii akka ibsan gochuu.
- Amaloota asoosama dheeraa akka adda baasan taasisuu.
- Barattootaaf asoosama dheeraa tokko dubbisuun gocha kutaa tokko keessatti ta'e irra deebi'anii akka shaakalan taasisuu.

Barannoo Tokko: Dubbachuufi dubbisuu

Gilgaala1: Gochaalee dubbisuun duraa

Kaayyoon gilgaala kanaa barattoonni asoosama dheeraa dubbisuutti osoo hinseeneeni dura waa'ee asoosamaa irratti muuxannoo duraan qaban walitti fiduun waanbarachuuf deeman caalaatti iddoo itti gabbifatanidha. Gaafiiwwan gochaalee dubbisuun duraa gilgaala kana jalatti kennaman irratti barattoonni haa mari'atan. Deebii isaan kennan sirriidha yookiin sirrii miti osoo hinjedhin yaada isaanii sodaa malee akka ibsan taasisaa. Barattoonni waa'ee asoosama dheeraa irratti odeeffannoo/ hubannoo/isaan qaban madaalaa.

Gilgaala 2. Gochaalee Yeroo dubbisuu

Gilgaala kana jalatti barattoonni gara asoosama dubbisuutti osoo hinseenin dura gaaffiiwwan sirriitti dubbisuun wantoota yeroo asoosama dubbisan maal hojjechuu akka qaban akka beekaniif jajjabeessaa. Gaaffiiwwan gilgaala kana jalatti dhiyaatan asoosama dheeraa tokko ijaaruuf miseensota/caacculeen/. Kanaafuu, barattoonni akkaataa qindoomina jaargochaafi namfakkiiwwan asoosamicha keessatti kalaqaman, mata dureefi yoomessi kan ittin raawwatame xiyyeeffannoo keessa galchuun xiinxalaa akka dubbisan taasisaa. Itti aansuun yeroo bal'aa barattootaaf kennuun barattoonni hunduu sirriitti dubbisanii akka xiinxalan jajjabeessaa. Dubbisaa deemuu isaanii adda baafachuudhaaf, gaaffilee deebii gabaabaa qaban gidduu gidduutti gaafadhu.

Gilgaala 3: Gochaalee dubbisuun boodaa

Kaayyoon gilgaala kanaa barattoonni ergaa asoosama dubbisan keessaa argatan iddoo itti babal'ifataniifi hubannoo isaanii gabbifatanidha. Kana malees, haala qabatamaa jiruufi jireenya isaaniin walbira qabanii ilaaluun asoosamni dhugaa jireenya dhala namaa kan ibsu ta'uu xiinxalu. Kanaafuu, hubannoo barattootaa kanas deebiiwwan gaaffilee kanneenii irratti hundaa'uun yaada isaanii bal'inaan akka ibsatan jajjabeessaa.

Deebii Gilgaala 3A

1. Soba
2. Soba
3. Dhugaa
4. Soba
5. Dhugaa

Gilgaala 3B jalatti barattoonni jechoota filatamoo asoosamichaaf miidhagina kennan hiika galumsaa isaan qaban irratti hundaa'uun hubannoo isaanii bakka itti cimsatanidha. Kanaafuu, barattoonni jechoota walitti firoomsii kennameef dursanii akka barreeffatan taasisaa. Itti aansuun immoo jechoota asoosama keessaa ba'an hiika galumsaa isaaniin akka walitti firoomsan jajjabeessaa. Deebii barattoonni deebisanis soroorsuun mirkaneessaafii.

Deebii Gilgaala 3B

1. E
2. J
3. H
4. G
5. A
6. F
7. I
8. D
9. C
10. B

Gilgaala 3C jalatti barattoonni yaada asoosama dubbisanii haalaan hubachuu isaanii iddoo itti xiinxalanidha. Gaaffiiwwan gilgaala kana jalatti kennaman barreeffatanii akka hojjetan taasisaa. Deebii gaaffiiwwan hojjetanii irratti keessa deebi'uun gareen akka yaada waljijjiiran gargaaraa. Dhumarratti barattoonni dubbisa dubbisan hubachuu ilaalchisee sadarkaa akkamii irra akka jiran madaalaa.

Deebii Gilgaala 3C

1. B
2. C
3. C
4. D
5. A
6. B
7. A
8. D
9. A
10. D

Yaadannoo Asoosama Dheeraa

Asoosamni damee Ogbarruu keessaa tokko yoo ta'u; ta'insoota jiruufi jireenya dhala namaa bu'uureffachuun sababaafi bu'aa irratti hundaa'ee kan seeneffamudha. Bu'uurri asoosamaa dhugaa hawaasa keessatti argamudha.

Asoosama bakka lamatti qoodnee ilaaluu dandeenya. Isaanis: Asoosama dheeraafi gabaabaa yoo ta'an; maalummaa asoosama gabaabaa kutaalee darban keessatti baratteerta. Kutaa kana keessatti immoo maalummaa, caacculeefi amaloota asoosama dheeraa kan ilaaltu ta'a.

Asoosamni dheeraan waan namoonni dhalootaa hanga du'aatti keessa darban kan seenessudha. Namfakkiiwwan bakka bocamanitti, namfakkiiwwan dhugaa jiruufi jireenyaa bakka bu'anidha. Yaada isaaniifi gocha isaanii kan dhugummaan agarsiisu seeneffama fuulleffannaa tokko qabuufi itti fufiinsa qabu kan agarsiisudha. Dheeraa ta'uu isaa irraa kan ka'e wanta isa keessatti raawwate tokkoo tokkoon yaadachuun nama rakkisa. Hubachuudhaafis yeroo namatti fudhata.

Bariisaa/-tuu! Yaadrimee asoosama dheeraa ilaalchisee barattoonni yaadannoo kitaaba isaaniifi qajeelcha kana irra jiru barreeffatanii akka dubbisan taasisaa. Kanamalees, yaadannoon dabalataa yoo jiraate kennuufiin hubannoo isaanii caalaatti akka cimsatan deeggaraanii. Gaaffiiwwan barannoo kana jalatti dhiyaatan irra deddeebi'uun akka shaakalan deeggaraa. Barattoonni gaaffiiwwan barannoo kana waliin walqabatan kanneen biroo akka shaakalan qajeelchaa.

Barannoo Lama: Caacculee Asoosama Dheeraa

Gilgaala 4: Shaakala Caacculee Asoosama Dheeraa

Gilgaala 4 kana jalatti barattoonni asoosama dubbisanii xiinxaluufi asoosamichaa keessaa caacculee isaa baasuun ibsuu iddoo itti shaakalanidha. Asoosamni kun asoosama dheeraa 'Godaannisa' jedhamu keessaa kutaa tokko kan gocha tokko irratti xiyyeeffatetu fudhatame. Kanaafuu, barattoonni asoosama dhiyaateef sirriitti dubbisuun gaaffiiwwan hubannoo dubbisuu isaanii cimsuufi caacculee asoosamaatiin walqabatanii dhiyaatan akka hojjetan jajjabeessaa. Deebii shaakala barreessanis gareen ta'uun akka waliif ibsan taasisaa. Dhumarratti deebii isaanii wajjin ta'uun mirkaneessaafii.

Deebii Gilgaala 4:

1. **Namfakkiiwwan:** Soolan Disaasaa, Kuulanii, Maannaaloo Balaay, Aabbo Waltajjii, Adde Margee, Birasaaw Mollaa…
2. **Walitti Bu'insa Salphaa:** Waldhabdee Kuulaniifi Aadde Margee gidduutti ta'e, waldhabdee haadha Asoosaafi firoottan abbaa warraa ishee duraanii gidduutti ta'e,
3. **Walitti Bu'insa ulfaataa:** Waldhabdee Soolan Disaasaafi Ciqaa-Shuumii gidduutti ta'e, Waldhabdee Kuulaniifi Maannaaloo gidduutti, Maannaaloofi firoottan Kuulanii gidduutti ta'e…

4. **Haadha Asoosaafi Maannaaloo:** Isheen abbaan manaa irraa duunaan heeyyama firoottan abbaa manaashee malee ijoollee kophaatti gattee aadaafi safuu hawaasaa cabsitee Maannaaloo wajjin galte. Maannaaloon immoo osoo haadha fuudhee wajjin jiraatuu kuulanii kan ilmoo ta'uufii maltu gudeeduu isaatiin aadaafi safuu hawaasaa cabse.

5. Yoomessa: Yeroon isaa yemmuu sirni kufaatii Mootummaa Hayila Sillaasee dhiyaatu yookiin kufaatii sirna Mootummaa kanaa waggaa tokko dursuun. Bakki raawwii gocha asoosaan irratti hundaa'ee immoo Wallagga Lixaa, Biilaafi Najjootti kan raawwatamedha.

6. Sirna Mootummaa Hayila Sillaasee keessatti mirgi siyaasaafi dinagdeen uummata naannoo asoosaan asoosama isaatiin hammachiisee kan hinkabajamneefi sarbiinsi mirga dhala namaa bal'inaan kan gaggeeffamaa ture ta'uu agarsiisa.

Caacculee Asoosama Dheeraa

Asoosamni dheeraan caacculeewwan ofkeessatti qabatu qaba. caacculeewwan kunniin immoo kanneen armaan gadiiti. Isaanis:

Jaargocha: Asoosama tokko keessatti seenaan asoosamichaa qindaa'ee akka dhiyaatu kan taasisudha. Kana jechuunis ijaarsa gochaa asoosamaati.

Namfakkii: Asoosama keessatti qooddattoota barreessaan yaada isaa waliin akka deemuu danda'anitti kalaqee dhiyeessudha. Kunis gochaalee barreessaan asoosamichaa itti kenne warreen raawwatanidha. Walitti bu'iinsa asoosama keessatti raawwatamu hunda baasee kan ibsu jechuudha.

Waldiddaa: Walitti bu'insoota barreessaan asoosama keessatti kalaqee namfakkiiwwan bakka isaanii kennametti raawwatanidha. Waldiddaan bakka lamatti qoodama. Isaanis:

A. Waldiddaa keessaa: Kun namfakkiiwwan asoosama tokkoo yaada tokko raawwachuufi dhiisuu irratti keessa isaaniitiin waldidan jechuudha.

B. Waldiddaa alaa: Namfakkii/ qooddattoonni asoosamaa qaama isaaniin ala ta'een walitti bu'an jechuudha. Kunis, namni nama waliin, namni hawaasa bal'aa waliin, namni haalawwan adda addaa waliin, namni uumaa waliinifi kkf

Seenaa: Raawwiiwwan adda addaa walduraa duuban qindaa'anii dhiyaatanidha.

Yoomessa: Bakkaafi yeroo raawwii asoosaan fayyadamee asoosama isaa keessatti barreessudha.

Ija: Kallattii seenaan asoosama tokkoo ittiin seeneffamudha.

Ergaa: Kan asoosaan itti yaadee dubbistootaaf dabarsudha.

Filannoo Jechootaa: Qooqa/afaan/ miseensi olaanaan asoosama tokkoo itti gargaaramudha. Haalli itti fayyadama asoosichaa jechoota yookiin qooqa hubatamaa yaada barreessaatiif gumaacha guddaa qaba.

Barsiisaa/-tuu! Caacculee asoosamaa ilaalchisee kitaaba barattootaafi qajeelcha kana irratti yaadannoo gaggabaabaan kennameera. Kanaafuu, barattoonni barreeffachuun sirriitti akka dubbisanii qayyabataniif deeggarsa taasisaafii. Yaadannoon dabalataas yoojiraate barreessuufiin hubannoo isaanii daran akka cimsatan taasisaa.

Barannoo Sadii: Amaloota Asoosama Dheeraa

Gilgaala 5: Shaakala Amaloota Asoosama Dheeraa

Gilgaala 5 kana jalatti barattoonni amala asoosamni dheeraan qabaachuu danda'u xiinxaluun bakka sirriitti hubataniidha. Kana gochuudhaaf, asoosama dheeraafi asoosama gabaabaa walbira qabuudhaan garaagarummaa asoosama lamanii akka adda baafatan deeggaraa. Kitaabilee asoosamaa dheeraafi gabaabaa adda addaa dhiyeessuufiidhaan barattoonni dubbisanii amaloota isaan qaba adda baafachuu akka shaakalan deeggaraa. Gaaffilee gilgaala kana jalatti dhiyaatan barattooonni gareedhaan irratti mari'achuudhaan deebii isaanii akka barreessan jajjabeessaa. Deebii barreessanis daree keessatti waliif ibsuudhaan yaada isaa irratti bal'inaan akka mari'ataniifi dabaree dabareedhaan daree keessatti akka dhiyeessan jajjabeessaa. Walii walii isaanitiin yaaddeebii waliif akka kennan taasisaa. Dhumarrattis deebii barattootaa soroorsuun mirkaneessaafii.

Deebii gilgaalaa 5.

1. **Garaagarummaa:**

Asoosamni Dheeraan**:**

- Dubbisnii xumuruuf yeroo dheeraa fudhata.
- Seenaa dhalootaa jalqabaa hanga du'aatti dhiyeessa.
- Namfaffiiwwaniifi waldidaa hedduu ofkeessaa qaba.
- Ergaa guddaa, ergaawwan xixiqqaa marsanii argaman hedduu ofkeessaa qaba.
- Walxaxaafi bal'aadha.

Asoosamni Gabaabaan**:**

- Dubbisanii xumuruuf yeroo gabaabaa fudhata.
- Seenaa gabaabaa tokkorratti xiyyeeffata.
- Waldiddaafi namfakiiwwan muraasa irratti hunda'a.
- Gochaalee yaada walxaxaa keessa hinseenu.
- Ka'umsaa hanga xumuraatti ergaa tokkorratti xiyyeeffata.

2. Sababoota asoosamni dheeraan akka bal'aatu taasisan:
   - **S**eenaa dhalootaa kaasee hanga du'aatti dhiyeessa waan ta'eef.
   - Yoomessa bal'aa qabaachuu isaati.
   - Waldiddaafi namfakkiiwwan hedduu qabaachuufi ta'iinsota walxaxaa ta'ee qophaa'uu isaati.
   - Ergaa guddaa marsanii kanneen argaman ergaawwan xixiqqaan biroon hedduun jiraachuun isaati.
3. Wantoonni ergaa asoosama dheeraa dafanii hubachuuf ulfaataa taasisan:
   - Dheeraa waan ta'eef taateewwan raawwataman tokko tokkoon yaadachuun nama rakkisa.
   - Seenessa keessatti taateewwan hedduu waan kaasuuf, tokko jalqabee xumura osoo itti hingodhiin rarraasee dhimma biraatti ce'a.

- Ergaa barreeffamu dhoksaan waan ta'eef, amma dhumaatti dubbisanii ergaa keessa jiru xiinxaluuf bilchiina nama gaafata.
- Namfakkiiwwaniifi waldiddaan baay'achuu isaanii irraa kan ka'e, haala walxaxaa ta'een waan dhiyaatuuf.

Amaloota Asoosama Dheeraa

Asoosamni dheeraan amaloota asoosama gabaabaa irraa ittiin adda ta'u qaba. Amaloonni kunis akka armaan gadiitti tarreeffamaniiru. Isaanis:

- Unka bal'aa qaba.
- Dubbisuuf yeroo dheeraa fudhata.
- Ergaa bal'aa qaba.
- Seeneffama dhalootaa hanga du'aatti namoonni keessa darban kan seenessudha.
- Waldiddaafi sababoota hedduu ofkeessaa qaba.
- Dheeraa ta'uu isaa irraa kan ka'e wanta isa keessatti raawwate tokkoo tokkoon yaadachuun nama rakkisa.
- Hubachuudhaafis yeroo namatti fudhata.
- Suuta suuta gara ergaa ijootti geessa.
- Qooddattoota/ namfakkiiwwan/ lakkoofsaan hedduu ta'an ofkeessaa qaba.

Madaallii:

Barsiisaa/-tuu! Boqonnaa kana keessatti qabiyyeewwan dhiyaatan yemmuu daree barnootaa keessatti hojiirra oolchitan, qabiyyeen galma ga'uu isaa tooftaalee armaan gadiitiin madaalaa.

- Yaadrimee asoosama dheeraa akka ibsan gaafadhu.
- Hirmaannaafi hojii barattootaa hundaa faana bu'uun hordofi.(gaaffiiwwan yeroo dubbisaa xiinxalaa dubbisuu isaanii gidduu gidduutti gaaffii gaafachuun mirkaneeffadhaa).
- Caacculee Asoosama Dheeraa tarreessuun akka ibsan gaafadhu.
- Amaloota Asoosama Dheeraa adda baafachuufi dhiisuu barattootaa, gaaffii gaafachuun madaali.
- Duubdeebii barattoota asoosamarratti ijaaruu danda'u kenni.

Baqonnaa Saddeet
Sab-Qunnamtii Hawaasaa (Wayitii 8)
Dheerina Wayitii Tokkoo: Daqiiqaa 45

Seensa

Boqonnaa kana keessatti barattoonni dubbisa dhaggeeffannaa "Aantummaa uummataa" jedhu dhaggeeffatu. Muuxannoo duraan qaban mata duree dubbisaa wajjin walqabsiisuun dandeettii tilmaammii isaanii gabbifatu. Barattoonni dubbisa dhaggeeffannaafi dubbisa kitaaba isaanii irra jiru bu'uureffachuun dandeettiiwwan afaanii akka cimsatan isaan gargaara. Kana jechuun dubbisa qajeelcha irraa dubbifamuuf dhaggeeffachuun yaadolee callaa dubbisa dhaggeeffatanii irratti mari'atu. Yeroo dubbisa kitaaba isaaniirraa dubbisanis yaada qayyabatan deebisanii ibsuun dandeettii qayyabannaa isaanii mirkaneeffatu. Barreeffama dubbisuun ergaa dubbisaa baasuufi yaadolee dubbisichaa irratti yaaddeebii adda addaa akka kennaniif gargaara. Kana malees, yaada loojikaawaa ta'e hordofanii barruu qopheessuu shaakalu. Dabalataanis mata duree falmii filachuun falmii keessatti qooda fudhachuudhaan dandeettii dubbachuu isaanii akka dagaagfatan taasisa. Itti aansuun immoo itti fayyadama jechootaafi gochimoota hennaawwan adda addaa Afaan Oromoo keessatti argaman akka shaakalaniifi dhimma itti ba'an taasisa. Kanaafuu, boqonnaa kana keessatti barattoonni qabiyyeewwan ibsaman irratti hirmaannaa gaarii taasisuun hubannoo isaanii caalaatti gabbifachuu akka danda'aniif tumsi barsiisaa/-tuu barbaachisaadha.

Kaayyoowwan: Xumura Boqonnaa Kanaatti Barattoonni:

- Ergaa afaaniin dhiyaate sirriitti dhaggeeffachuun yaada xumuraa kennu.
- Haasawaaa Sab-qunnamtii taasisame tokko irratti yaada kennu.
- Faayidaa Afee/dubbisaa dubbisuun adda baasu.
- Barruu Amansiisaa tartiiba loojikaawaa hordofe barreessu.
- Hiika jechootaa faallaafi walfakkii galumsaafi filatanii fayyadamu.
- Gochimoota hennaalee hundaa sirriitti fayyadamu.

Qabiyyeewwan:

1.1 Dhaggeeffachuu
1.2 Dubbachuu
1.3 Dubbisuu
1.4 Barreessuu
1.5 Fayyadama Jechootaa
1.6 Seerluga/Caasluga

Barannoo Tokko: Dhaggeeffachuu

Gilgaala 1: Gochaalee Dhaggeeffachuun Duraa

Kaayyoon gilgaala kanaa barattoonni gara dubbisa dhaggeeffachuutti osoo hinseeniin muuxannoo duraan qaban mata dureefi gaaffiiwwan dhiyaatan wajjin walqabsiisuudhaan dandeettii yaadolee dhiyaatan tilmaamuu shaakaluu isaanii bakka itti cimsatanidha. Kanaafuu, barattoonni garee gareen taa'anii gaaffiiwwan dhaggeeffannaa duraa irratti mari'achuun yaada isaanii akka waliif qoodan taasisaa. Shaakala kennameef irratti barattoonni hunduu walqixa hirmaachuu isaanii hordofuun deeggarsa taasisaafii. Ibsa barattoonni garee isaanii keessatti waliif taasisan duukaa bu'uun hirmaannaa isaanii jajjabeessaa. Yaada barattoonni kennan irratti kanatu sirriidha, kanatu sirrii miti osoo hinjedhin sodaa malee yaada isaanii ibsachuu akka danda'an jajjabeessaa. Dhumarrattis, mata duree dubbisa dhaggeeffannaa " Aantummaa uummataa" jedhu gabateerratti barreessuun barattoonni dhaggeeffachuuf akka qophaa'an taasisaa.

Gilgaala 2: Gochaalee Yeroo Dhaggeeffachuu

Gilgaala kana jalatti barattoonni dandeettii oduu miidiyaa irraa fudhatame yemmuu dubbifamuuf dhaggeeffachuun yaada hubatan deebisanii ibsachuu shaakaluu bakka itti cimsatanidha. Kanaafuu, himoota bakka duwwaa yeroo dubbisa dhaggeeffatan akka guutaniif dhiyaate dursanii barreeffachuun dhaggeeffannaaf akka qophaa'an taasisaa. Itti aansuun dubbisicha suuta dubbisuufiin dhaggeeffachaa bakka duwwaa himootaa guutaa akka deeman itti himaa. Dhumarratti, dubbisicha altokko irra deebi'uun dubbisaafii; barattoonni dubbisa dhaggeeffachaa deebiin himoota guutan dareef akka dhiyeessan carraa kennuufiin sirreeffama barbaachisu kennaafii.

Deebii Gilgaala 2

1. ulfaafi gadameessati
2. baqaqsanii hodhuu, dinqisiifannaa
3. daa'ima dugdatti baattee yaaluu
4. namoonni hospitaalatti ishee eeguu
5. nama daa'ima ishee qabuuf waan dhabdeef
6. Deebii gaaffii kanaa barattoonni akka barreessan taasisaa.

Aantummaa Uummataa

Namoota baay'eetu ogummaa barateen mana hojii mootummaas ta'ee, dhuunfaa keessatti qacaramee hojjeta. Haata'uutii garuu, nama meeqatu haal-duree tokko malee itti gaafatamummaa isaa sirriitti hubachuun uummatasaaf quuqamee tajaajila laata? Dhaabbata fayyaa Keeniyaatti oduun Doktora tokkoo tibbana dhagaa'ame, waa'ee dhuma oduu kanaa nutti himaatii haacaqasnu!

Keeniyaa keessatti Doktora ispeeshaalistii ulfaafi gadameessaa kan taate Saabwaaraa Siwaalee jedhamtu, daa'imashee dugdatti baachuun tajaajila wallaansa baqaqsanii hodhuu kennitee dinqisifannaa olaanaa gonfatteetti.

Maarree, Doktor Saabwaaraan hojii hojjette kanaan dinqisifannaa olaanaan kan taasifameef daa'imashee dugdatti baachuun dubartii ulfa yaala barbaachaaf dhaqxe tokkoof tajaajila wallaansa baqaqsanii hodhuu yeroo laattuuf mullachuu isheetiin.

Doktariin kun daa'ima ishee dugdatti baattee tajaajila wallaansa baqaqsanii hodhuu laatte kunis ofiisheetiis ulfa ji'a sadii akka taate himteetti. Doktar Saabwaaraan akka dubatteetti, " Daa'ima koo dugdatti baadhee tajaajila wallaansa baqaqsanii hodhuu akkan kennu kan nataasise, nama daa'ima koo naa qabu waanan dhabeefi" jetteetti.

Haata'umalee, guyyaa sana ammoo dabaree koo waan ta'eef kana sababa godhachuun hojiirraa hafuun anarra hinjiru. Sababnisaa immoo namoonni baay'een hoospitaala keessatti waan na eegaa jiraniif, daa'ima koo baadhee hojii koo hojjechaa kanaan tureef jechuunis dubbatteetti. Haaluma walfakkaatuun, abbaan manaa ishees akkuma ishee Doktara waan ta'eef hojiidhaaf bakka biraa deemee akka tureedha kan himte Saabwaaraan.

Aantummaan uummata ofii jiraanaan, haalli nama hindaangessu!

(**Maddi: Kallacha Oromiyaa…) irraa akka qabiyyee barnootaaf mijatutti fooyya'ee kan fudhatame.**

Barannoo Lama:Dubbachuu

Gilgaala 3: Shaakala Dandeettii Dubbachuu

Barsiisaa/-tuu! Gilgaala kana jalatti barattoonni shaakala dubbachuu garaagaraa taasisuun dandeettii dubbachuu isaanii iddoo itti dagaagfatanidha. Ijaarsa garee barattootaa cimsuudhaan gochaalee barannoo kana jalatti dhiyaatan irratti mari'atanii hubannoo isaanii akka gabbifatan jajjabeessuun barbaachisaadha.

1ffaa. Dubbisa oduu miidiyaa mata dureen isaa "Aantummaa uummataa" jedhu dhaggeeffataniiru. Oduu dhaggeeffatan kana irratti yaada akka waljijjiiran taasisaa. Adeemsa marii barattootaa keessatti barattoonni hunduu walqixa akka hirmaatan jajjabeessuun barbaachisaadha.

2ffaa Barattoonni oduu sab-qunnamtii hawaasaa tokko dhaggeeffachuun yaada ijoo tokko qabatanii dhiyaachuu akka danda'an ajajaa. Ibsa sab-qunnamtiin kenname gabaabsanii qabachuudhaan daree barnootaa keessatti marii ho'aa taasisuu akka shaakalan taasisaa. Mata duree marii isaanii ilaalchisee, yaada akka garee isaaniitti irratti waliigalan yookiin yaada miidiyaa odeeffannoo irraa argatanii madaaluun dareef gabaasa akka dhiyeessan jajjabeessaa. 3ffaa Barattoonni waliin dubbii barattoota lamaanii kitaaba isaaniirratti jalqabame lama lama ta'uun yaadota waliin dubbicha xumuruu danda'aniin akka xumuran taasisaa. Dhumarrattis, barattoonni waliin dubbii kan biroo qopheessuun daree keessatti akka dhiyeessan jajjabeessaa.

Deebii Waliin Dubbii

Barattuun Simboo Daadhiifi barataan Dhugaasaa Dabalaa waliif fira.

Barattuu Simboo Finfinneetti Mana Barumsaa Burqaa Wayyuu Sadarkaa 2ffaa tti baratti.

Barataa Dhugaasaa Dabalaa immoo Mana Barumsaa Amboo Sadarkaa 2ffaa tti barata.

Barattoonni kunniin lamaan waliif fira waan ta'aniif, yeroo baay'ee bilbaila harkaatti gargaaramuun nagoomii walgaafatu; odeeffannoo waliif dabarsu.

Waliin dubbii isaan taasisan akka armaan gaditti dhiyaateera. Kanaafuu, barattoonni lama lama ta'uudhaan akka barattoota kanneenitti waliin dubbii kan biraa qopheessanii akka dhiyeessan taasisaa.

Dhugaasaa: Bilbila harkaa bilbile.

Simboo: Heloo! Heloo! Dhugaasaa?

Dhugaasaa: Akkam! Nagaa keetii Simboo?

Simboo: Nagaa! fayyaa kooti. Waan tokko illee dhibee hinqabu.

Dhugaasaa: Maatiin keefi hiriyoonni wajjin barattuu hunduu nagadhaa?

Simboo: Maatiin koo hunduu, hiriyoonni koos fayyaa isaaniiti.

Dhugaasaa: Barnoonni samisteerri 2ffaa baranaa akkamii ?

Simboo: Baay'ee gaariidh! Barnoota hundaa seeraan barannee xumurreerra.

Dhugaasaa: Qorumsa haala gaariin hojjettee ?

Simboo:. Qorumsi bareedaa ture; haala gaariin hojjedheera.

Dhugaasaa: Kanaafuu, akka dareettis, akka mana barumsaatti sadarkaa ni argatta kaa?

Simboo: Akka mana barumsaa kootti, sadarkaa 1-3ffaatti na baha jedheen yaada.

Dhugaasaa: Baay'ee namatti tola.

Simboo: Ati hoo akkami? Sirriitti qu'attee qorumsa hinhojjenne ?

Dhugaasaa: Anis haalaan qu'adhee qorumsa haala gaariin hojjedheera.

Simboo: Kanaafuu, maarree atis sadarkaa akka mana barumsaa keetti ni argatta jechuudha.

Dhugaasaa: Manni barumsaa kee meeshaalee yaaliifi kibaabilee gahaa niqabaa?

Simboo: Manni barumsaa keenya meeshaalee yaalii saayinsiifi kitaabilee gahaa niqaba.

Dhugaasaa: Kan keenyas, kitaabilee gahaa niqaba; garuu hanqina meeshaalee yaalii niqaba.

Simboo: Qorumsa biyyoolessaa bara dhufuuf, ammummaa ka'ee qu'achuun barbaada.

Dhugaasaa: Anis qu'annaa itti fufuuf qophiirran jira.

Simboo: Baay'ee gaariidha! ta'us qaba.

Dhugaasaa: Ganna kana keessa Ambo dhuftee hindaawwattuu?

Simboo: Qophaa'aan jira; Ambo dhufee bohaaruuf.

Dhugaasaa: Maarree! Aniifi qilleensi Amboo si'i simachuuf qophoofnee si eegna.

Simboo: Naaf jiraadhaa! Walargina.

Dhugaasaa: Nagaan koottu ! Maatii kee hundatti nagaa naaf himi.

Simboo: Tole! Nagaan naaf turi !

4ffaa Barattoonni dhimmoota sab-qunnamtii hawaasaa ilaalchisuun mata duree falmii isaaniif dhiyaate keessaa filatanii falmii akka gaggeessan taasisaa. Osoo falmii hineegalin dursa qajeelfamoota sirna falmii kitaaba isaanii keessaafi qajeelcha kana irra jiru sirriiti dubbisanii seera falmiifi adeemsa isaa irratti hubannoo haa argatan. Barattoonni hundi dabaree dabareen falmii keessatti akka hirmaatan hubannoo kennaafii.

Qajeelfamoota Falmii

- Falmii gaggeessuuf qindeessaa tokkoofi abbootii seeraa sadi filachuun barbaachisaadha.
- Abbootiin seeraa filatamanis ragaawwan amansiisoo dorgomtoonni dhiyeessan irratti hundaa'uun garee lamaanin dhiyaataniif loogii malee murtii kennuu qabu.
- Gareen walfaman lamaanuu yaada isaanii mata duree falmiif filatan irratti hundaa'uun duraa duuba eeganii qabxiilee ijoo dhiyeessuu qabu.
- Falmii keessatti kan falmamu yaada garee faallaati malee, nama falmiif dhiyaate miti.
- Falmiin kan gaggeeffamu yaadan injifachuu waan ta'eef moo'achuuf yaada ofii ragaan tumsuun dhiyeessudha.

Barannoo Sadii: Dubbisuu

Gilgaala 4: Gochaalee Dubbisuun Duraa

Gilgaala 4A jalatti barattoonni barreeffama dhiyaateef dubbisuu osoo hineegalin mata duree dubbisa dhiyaatee ilaalchisee muuxannoo duraan qabaniifi odeeffannoo waliigalaa dubbisichaa irratti qaban akka ibsan taasisaa. Gaaffiiwwan dubbisa dura dhiyaateef irratti erga mari'atanii booda dubbisicha tarsiimoo dubbisuu adda addaatti dhimma ba'uun dubbisanii akka xiinxalaniif haala mijeessaafii. Kanaafuu, barattoonni gaaffiiwwan maalummaa sab-qunnamtii, sab-qunnamtii hawaasaa, faayidaa sab-qunnamtiifi meeshaalee sab-qunnamtii ilaalchisee odeeffannoo qaban akka waljijjiiran jajjabeessaa. Dhumarrattis, deebii isaanii sirriidha; yookiin sirrii miti jechuu osoo hintaane, yaada isaanii dabareen waldhaggeeffachuun akka waliif dhiyeessan deeggaraa.

Gilgaala 4B jalatti barattoonni osoo dubbisa dhiyaateef dubbisuu hineegalin jechoota hubannoo dubbisuu isaanii danquu danda'an dursanii bakka itti tilmaamanidha. Kunis barattoonni gareedhaan ta'uun hiika jechootaa dursanii tilmaamuun dubbisuuf akka ofqopheessan gargaara. Hiika jechootaa barattoonni tilmaaman deebii isaa dubbisa keessatti argachuu waan danda'aniif deebii isaan deebisan irratti yaada osoo hinkennin gabatee irratti barreessaafii. Dhumarratti, erga dubbisanii xumuranii booda, tilmaama duraan kennan akka mirkaneeffatan itti himaa.

Barsiisaa/-tuu! Barattoonni fakkii kitaaba isaanirra jiru ilaaluudhaan odeeffannoo fakkicha irraa argatan akka ibsan gaafadhaa.

Deebii Gilgaala 4B

1. tattaaffii/carraaqqii
2. hir'isuu
3. qooda
4. guddisuu
5. walitti dhufeenya taasisuu

Gilgaala 5: Gochaalee yeroo Dubbisuu

Kaayyoon gilgaala kanaa barattoonni yeroo dubbisicha dubbisan tarsiimolee dubbisuu adda addaatti akka dhimma ba'aniifi. Tarsiimoleen dubbisuu hunduu kaayyoo mataa isaanii danda'an qabu. Dubbisa kana yeroo dubbisan tarsiimoo dubbisuu keessaa kan kaayyoo barattoonni dubbisa kana dubbisaniif waliin adeemuu danda'utti akka fayyadamaniif yaadameeti. Gaaffiiwwan gochaalee yeroo dubbisuu kana jalatti dhiyaatan barattoonni dubbisicha saffisaan callisanii dubbisuun yaadolee callaa dubbisa keessaa akka baasaniif cimsaa. Barattoonni dubbisa dubbisuu eegaluun dura gaaffiiwwan dubbisanii akka qalbeeffatan taasisaa. Itti aansuun dubbisicha dubbisaa deebii gaaffiiwwanii yaadota murtaa'oon tarreessuun akka deebisan gargaaraa. Erga dubbisanii xumuranii booda, tarsiimoo sakatta'uutiin dubbisuun deebii isaanii akka mirkaneeffatan jajjabeessa. Dhumarratti, deebii kennaname walitti fiduun yaada cuunfaa waliigalaa kennuufiin barattoonni deebii isaanii akka mirkaneeffatan taasisaa.

Deebii Gilgaala 5

1. Namoota dhuunfaa, dhaabbilee adda addaafi biyyoota gidduutti hariiroo gaariin akka jiraatu taasisa.
2. Dimookiraasii dagaagsuu, bulchiinsa gaarii fiduu, aadaa, duudhaafi seenaa uummataa dhalootaaf dabarsuuf
3. Odeeffannoo gaarii ta'e dabarsuun bulchiinsa gaarii keessatti misoomaafi guddina fiduudha.
4. Karaa miidiyaalee garaagaraa tamsaasuudha.
5. Dhimmoota ispoortii, siyaasa, misooma, hawaasummaafi kkf irratti xiyyeeffachuu danda'a.

Gilgaala 6: Gochaalee Dubbisuun Boodaa

Gilgaala 6A jalatti barattoonni dubbisa dubbisanii darban ilaalchisuun yaada dubbisichaa xiinxaluu isaanii gaaffiiwwan hubannoo dubbisaa kanneen hojjechuun hubannoo isaanii ofmadaalu. Gaaffiiwwan kanneen barreeffachuun dhuunfaan akka hojjetan taasisaa. Deebii gaaffilee filachuun barattoonni erga hojjetanii deebii isaanii soroorsuun mirkaneessaafii. Barattoonni deebii dogoggoraa yoo deebisan dubbisa keessaa akka mirkaneeffatan taasisaa.

Deebii Gilgaala 6A

1. D
2. A
3. D
4. B
5. B
6. A

Gilgaala 6B jalatti barattoonni yaada dubbisa dubbisanii darbanii muuxannoo isaanii duraa wajjin walitti fiduun iddoo itti hubannoo isaanii dagaagfatanidha. Kana jechuun muuxannoo jireenya isaanii isa dhugaafi barnootaan kan argatan walitti fiduun hiika itti kennuun gabbifatu. Kanaafuu, gaaffiiwwan gilgaala kana jalatti dhiyaatan xiinxaluun deebii isaanii daree keessatti afaaniin akka waliif ibsan jajjabeessaa.

Fakkeenyaaf,

1. Odeeffannoo addunyaa, barnoota, ergaa qilleensaa dabarfachuu, ergaa yeroo gabaabaa fudhachuufi kkf
2. Dubbiifi yaadota sobaa, holola irraa fagaachuu, hojii hannaafi mirga sabaa, amantii, aadaa… hawaasaa sarbuurraa fagaachuu
3. Baay'een yoo ibsamaniyyuu: televiijiinii, pilaazmaa 'online' barnoonni kennamaa jiraachuufi…

Barannoo Afur: Barreessuu

Gilgaala 7: Shaakala Barreessuu

Gilgaala kana jalatti barattoonni mala tartiiba loojikaawaa ta'e hordofanii barruu qopheessuu bakka itti shaakalanidha. Barattoonni dhimmoota sab-qunnamtii hawaasaa bu'uureffatanii qabxii ijoo isaaniif kennametti gargaaramanii akka barreessan taasisaa. Yaadolee ijoo barruu qopheessuu keessatti akka gargaaramaniif dhiyaatan tartiiba loojikaawaa ta'een akka qindeessan itti agarsiisaa. Bu'uuruma kanaan adeemsa barruu qopheessuu keesstti qabxiilee aramaan gaditti dhiyaatan hammachiisuun barruu eegale barattoonni akka xumuran taasisaa.

- Kaayyoo sabqunnamtiihawaasaa
- Ofeeggannoo sabqunnamtii hawaasaa keessatti taasifamuu qabu
- Bu'uura ka'umsaa sabqunnamtii hawaasaa
- Tajaajila sabqunnamtiin hawaasaakennu

Fakkeenya

Dhaabbileen sab-qunnamtii hawaasaa hundeeffamni isaanii bu'uura heeraafi seeraa qabaachuu qabu. Kana jechuun jaarmiyaan tokko hojiitti seenuun dura itti gaafatamummaa fudhachuu, seera hordofamuufi ittiin bulmaata dhaabbatichaa ifatti beekamuu qaba.

_____

_____

_____

_____

_____.

_____

_____

_____

_____

_____

_____

_____

_____.

_____

_____

_____

_____

_____.

Barannoo Shan: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 8: Shaakala Fayyadama Jechootaa

Gilgaala8 Ajalatti barattoonni hiika faallaa jechootaa adda baasanii shaakaluun hubannoo isaanii iddoo itti gabbifatanidha. Fayyadama jechootaa kana keessatti immoo, jechoota hiikaan waliif faallaa ta'an roga 'A'fi roga 'B' jalatti dhiyaatan ilaaluun walitti firoomsu. Kanaafuu, barattoonni jechoota hiikaan waliif faallaa ta'an kitaaba isaanii gilgaala 8A jalatti kennaman dursanii akka barreeffatanii hojjetan taasisaa. Dhumarratti, deebii isaanii soroorsuun mirkaneessaafii.

Deebii Gilgaala 8A

1. J
2. F
3. I
4. H
5. D
6. B
7. A
8. C
9. E
10. K

Gilgaala 8B jalatti barattoonni jechoota hiika walfakkii qaban ilaalchisee shaakalawwan adda addaa kennaman hojjechuun hubannoo isaanii iddoo itti gabbifatanidha. Bu'uuruma kanaan jechoonni hiika walfakkii qaban barattoonni akka shaakalaniif filannoodhaan kitaaba barattootaa gilgaala 8B jalatti kennameera. Kanaafuu, barattoonni dursanii barreeffachuudhaan deebii gaaffiiwwan kanneenii akka hojjetan taasisaa. Dhumarratti, deebii barattoonni hojjetan soroorsuun mirkaneessaa.

Deebii Gilgaala 8B

1. B
2. D
3. C
4. B
5. C
6. D
7. B
8. C
9. D
10. A

Barannoo Ja'a: Seerluga /Caasluga/

Gilgaala 9: Shaakala Hennaawwanii

Gilgaala kana jalatti barattoonni hennaawwan Afaan Oromoo keessatti argaman hunda adda baafachuun itti fayyadama dubbii afaaniifi sirna barreessuu keessatti shaakaluun hubannoo isaanii caalmaatti iddoo itti dagaagfatanidha. Gosoota hennaawwanii caasluga himootaa keessa galchuudhaan gochimoonni caasaawwan akkamii qabaachuu akka danda'an irratti barattoonni hubannoo duraan qabanitti dabaluun gabbifatu. Kanaafuu, barattoonni tokko tokkoon hennaa jalaa fakkeenya kennaman sirriitti xiinxaluun gochima isaanii akka shaakalan gargaaraa. Gilgaala 9A jalatti barattoonni seensa hubannoo waliigalaa hennaa Afaan Oromoo irratti qaban bakka itti shaakalanidha. Gaaffiiwwan hubannoo isaaniif dhiyaate tajaajila hennaawwan Afaan Oromoo kennan wajjin walqabsiisanii kan sirrii ta'e **'dhugaa'** kan sirrii hintaane **'soba'** jedhanii afaaniin deebii akka kennan barattoota jajjabeessaa.

DeebiiGilgaala9A

1. **Dhugaa** **3. Soba** **5. Dhugaa**
2. **Dhugaa** **4. Soba**

Hennaa

Hennaan yeroo raawwii gocha tokkooo kan agarsiisudha. Kunis, gocha kanaan dura raawwatame, kan amma raawwatamaa jiruufi gara fuulduraatti kan raawwatamu ta'uu danda'a. Gochoonni kunneen kan duraan raawwatan yoo ta'an darbeennaa, amma kan raawwatamaa jiru yoo ta'e ammeennaafi gara fuulduraatti kan raawwatamu taanaan durannaa jedhama. Gochi yeroodhaan bakka sadiitti kan qoodamu yemmuu ta'u; bifaan immoo raawwilaafi raawwima qaba. Inni duraa gocha hinraawwatamne yoo ta'u; inni itti aanummoo gocha raawwatame ta'ee kan yeroodhaan adda hinbaafamne ta'uu mul'isa. Barsiisaa/-tuu Barattoonni hennaawwan kitaaba isaanii irra jiruuf fakkeenyota asirratti kennaman kanneen irra deddeebi'uun akka dubbisaniifi gaaffiiwwan shaakalaa kitaaba isaaniirratti kennaman akaakuu hennaawwan isaanii adda baasanii akka barreessan taasisaa.

1. **Hennaa Ammeennaa:** Ammeennaan gocha amma raawwatamaa jiru, yeroo mara dhugaa ta'eefi gocha gara fuula duraa raawwatamuuf jedhu mul'isa.

   Fakkeenya,

   A. Yoomiif nifiiga.

   B. Waraabessi niyuusa.

C. Manni barumsaa torbee dhuftu banama.

2. **Hennaa Amsiqaa:** Gocha amma raawwatamaa jiru ta'ee, kan osoo hinxumuramin yeroo gabaabaafis ta'ee, yeroo dheeraaf itti fufee raawwatamaa jiru kan agarsiisudha.

   Fakkeenya, Barattoonni barreessaa jiru.

3. **Hennaa raawwima Ammeennaa:** raawwimni ammeennaa gochaa duraan eegalee hanga ammaatti itti fufaa jiru, gocha yeroo darbe keessa raawwatamee xumurame garuu, bu'aan isaa amma mul'atu agarsiisuufi gocha yeroo darbe keessa raawwatamee yeroon raawwii isaa hinbeekamne ibsuuf tajaajila.

   Fakkeenya,

   A. Isheen waggoota shanan darbeef Finfinnee keessa jiraatteerti.

   B. Yeroosan mana bitate.

   C. Ani Fiilmii "Eelaa" ilaaleera.

4. **Hennaa Darbeennaa:** Darbeennaan gocha yeroo darbe keessa raawwatame ibsa; kanamalees, gocha yeroo darbe keessa raawwatamaa ture dura raawwatame ibsuuf gargaara.

   Fakkeenya,

   A. Roobeeraan biddeen nyaate.

   B. Yeroon ani mana barumsaa ga'u qormaanni xumuramee ture.

5. **Hennaa Raawwima Darbeennaa:** Gochaawwan henna darbe keessatti raawwataman keessaa isa dursee raawwatame kan ibsudha.

   Fakkeenya, Yeroon ani mana ga'u harmeen mana cuftee deemteerti.

6. **Hennaa Tarsiqaa:** Hennaan kun gocha raawwatamee darbe ta'ee, isa assiqu kan agarsiisudha.

Fakkeenya, Yeroon ani dhufu isheen deemteerti. Yeroon ani dhufu kan jedhu tarsiqaadha.

7. **Hennaa Murannaa:** Gocha gara fuulduraatti raawwatamuun isaa hinoolle garuu, yeroon itti raawwatamu adda ba'ee kan hinbeekamnedha.

Fakkeenya, Caaltuun Doktora ta'uuf jirti.

8. **Hennaa Marannaala:** Gocha gara fuula duraatti raawwatamuu malu ibsa. Gochi kun gara fuulduraatti raawwatamuu yookiin raawwatamuu dhiisuu danda'a. Fakkeenya, Roobni nirooba ta'a.

Gilgaala 9B jalatti barattoonni shaakala hennaawwanii hojjechuudhaan hubannoo isaanii bakka itti gabbifatanidha. Hennaawwan hunda walbira qabuun gargar baafachuuf gochimoota hennaa agarsiisan wajjin walitti firoomsuu akka shaakalan gargaaraa. Hennaawwaniifi himoota gochima isaanii xiinxaluun walitti firoomsuufi fakkeenyota kennaman sirriitti akka xiinxalan taasisaa. Barattoonni erga hennaawwan himoota isaanii wajjin walitti firoomsanii booda deebiin isaanii sirrii ta'uufi ta'uu dhiisuu akka mirkaneeffataniif irra deebi'uun hojjedhaafii.

Deebii Gilgaala 9B

1. D
2. A
3. F
4. I
5. G
6. H
7. E
8. C

Gilgaala 9C jalatti barattoonni himoota hennaawwan isaanii gochimoota isaan ittiin ijaaraman sakatta'uun shaakalu. Gochimoota irratti hundaa'uun gosoota hennaa adda baafachuu shaakalu. Kanaafuu, barattoonni hundi himoota gilgaala 9C jalatti kennaman barreeffatanii akka hojjetan itti himaa. Dhumarratti, deebii barattoonni deebisan irratti dogoggorri yoo jiraate irra deebi'uun ilaalaa mirkaneessaafii.

Deebii Gilgaala 9C

1. Hennaa Ammeennaa
2. Hennaa murannaala
3. Hennaa darbeennaa
4. Hennaa Raawwima Ammeennaa
5. Hennaa Tarsiqaa
6. Hennaa Amsiqaa
7. Hennaa raawwima Darbeennaa
8. Hennaa Murannaa

Madaalli: Barsiisaa/-tuu!

Boqonnaa kana keessatti qabiyyeewwan dhiyaatan daree barnootaa keessatti kan hojiirra oolanidha. Qabiyyeewwan kunniin galma ga'uu isaanii tooftaawwan armaan gadiitti gargaaramuun madaalaa.

- Gabaasni barattoonni afaaniin dhiyeessan mala loojikaawaa ta'eefi hiika qabeessa ta'uu isaa hordofaa.
- Barattoonni jechoota sirrii ta'anitti fayyadamuufi sodaa malee yaada isaanii hammam ibsachuu akka danda'an madaalaa.
- Afee/dubbisa irratti murtii barattoonni kennan madaalaa.
- Barruu tokko mala loojikaawaa ta'e hordofanii qindeessuu shaakaluu barattootaa madaalaa.
- Barattoonni fayyadama jechootaa hiika walfakkiifi faallaa jechootaa akka galumsaatti itti fayyadamuu isaanii madaalaa.
- Dandeettiiwwan dubbachuufi barreessuu keessatti gochimoota hennaawwan adda addaa sirriitti fayyadamuu barattootaa madaalaa.
- Dhumarrattis, yaada waliigalaa boqonnaa kanaa barattoonni hammam akka xiinxalan madaalaa.

Boqonnaa Sagal
Hojii Uumuu (Wayitii 8)
Dheerina Wayitii Tokkoo: Daqiiqaa 45

Seensa

Boqonnaa kana keessatti barattoonni dandeettiiwwan afaanii arfan bu'uureffachuun ogummaawwan afaanii kanneen biroo kan dagaagfatan ta'a. Dandeettii dhaggeeffachuu isaanii sirriitti cimsachuudhaafis, dubbisa dhaggeeffannaa dubbifamuuf hordofuu qabu. Erga dhaggeeffatanii booddees yaaddeebii waan dhaggeeffatanii kennuun walqabsiisanii shaakala dubbii taasisu. Adeemsa kana keessatti barattoonni dandeettii dubbii isaanii caalatti akka dagaagfataniif deeggarsi adda addaa godhamuuffi qaba. Itti aansuudhaan tarsiimowwan dubbisuu keessaa saffisaafi sakatta'aan dubbisuutti gargaaramuun yaada dimshaashaafi yaadota callaa dubbisa dhiyaatee baasuun nishaakalu. Kanamalees, afee/dubbisa/ dhaggeeffatanii yookiin dubbisanii tooftaa yaadannoo qabachuu isaanii caalaatti fooyyeffatu. Dabalataan immoo fayyadama jechootaa hiika galumsa isaanii barreessuufi gochimoota ce'aafi ceelaa himoota keessatti sirnaan itti fayyadamuu nishaakalu. Qabiyyeewwan kanneen bal'inaan shaakaluunis barattoonni dandeettiiwwan afaanii caalmaatti nicimsatu. Adeemsa kana milkeessuu keessatti gaheen barsiisotaa daran olaanaadha. Kanaafuu, barattoonni qabiyyeewwan heeraman kanneen shaakalanii dandeettiiwwan afaaniifi dhimmoota boqonnaa kana keessatti dhiyaatan hunda akka gonfataniif irra deddeebiin deeggarsa gochuufiin gaariidha.

Kaayyoowwan: Xumura Boqonnaa Kanaatti Barattoonni:

- Dhaggeeffachuun waliigaluufi waliigaluu dhabuu isaanii ragaadhaan argarsiisu.
- Ilaalcha dhuunfaa isaanii sababa waliin afaaniin ibsu.
- Afee/dubbisa dubbisuun eenyuuf akka barreeffame adda baasu.
- Dubbisa irraa yaadannoo nifudhatu.
- Hiika jechoota haaraa akka galumsaatti nikennu.
- Gochimoota ce'aafi ceelaa hima keessatti fayyadamu.

Qabiyyeewwan:

1.1 Dhaggeeffachuu

1.2 Dubbachuu

1.3 Dubbisuu

1.4 Barreessuu

1.5 Fayyadama Jechootaa

1.6 Seerluga/Caasluga

Mala Baruu barsiisuu:

Boqonnaa kana keessatti qabiyyeewwan garaagaraatu argama. Tokko tokkoon isaanii mala baruu barsiisuu ittiin galma gahan qabu. Kanaafuu, malawwan baruu barsiisuu armaan gadiitti gargaaramuudhaan daree keessatti dhiyeessaa.

- Afee/dubbisa/ dhaggeeffachiisuun yaada waandhaggeeffataniitti waliigaluufi waliigaluu dhabuu isaanii akka ibsan gochuu
- Hojii uumuurratti ilaalcha dhuunfaa isaanii sababa waliin akka ibsan gaafachuu
- Muuxannoo barattoonni qabaniifi yaada dubbisaa walbira qabuun marii gareen adeemsisuu
- Afeen/ dubbisni/ eenyuuf akka barreeffameefi yaada dimshaashaa dubbisichaa baasuu shaakalchiisuu
- Wanta dubbisaniifi dhaggeeffatan irraa barattoonni yaadannoo akka qabatan shaakalchiisuu
- Jechoota haarawaaf hiika galumsaa akka kennan gochuu
- Gochimoota ce'aafi ceelaa adda baasuun himoota adda addaa keessatti akka itti fayyadaman taasisuu

Barannoo Tokko: Dhaggeeffachuu

Gilgaala 1: Gochaalee Dhaggeeffachuun Duraa

Kaayyoon gochaalee dhaggeeffachuun duraa gilgaala 1A wantoota barattoonni wanta barachuuf deeman tokkoofi hubannoo isaanii duraa wajjiin walqabsiisuufi. Kanaafuu, adeemsa shaakala barattootaa keessatti deebii kanatuu sirriidha; kanatuu sirrii miti osoo hin jedhiniin barattoonni waan isaanitti fakkaatu irratti yaada isaanii soda malee haa ibsatan. Gaaffiiwwan kanneen irratti gareedhaan akka mari'atan jajjabeessaa. Akkasumas, gilgaala 1B jalatti hiika jechoota waan isaan dhaggeeffachuuf deeman keessaa ba'aniifi dhaggeeffachuu isaanitti gufuu ta'uu malan dursanii akka tilmaama taasisaa. Tilmaama hiika jechootaa barattoonni kennan gabateerratti barreessaafii.

Deebii Gilgaala 1B

1. walgituu
2. hubannoo babal'isuu
3. galii funaanuu
4. ofiin hojjechuurra qaama biraa irraa eeguu

Gilgaala 2: Gochaalee Yeroo Dhaggeeffachuu

Gilgaala gochaalee yeroo dhaggeeffachuu kana keessatti barattoonni gaaffiiwwan bakka duwwaa kennaman guutuun dandeettii dhaggeeffachuu isaanii gabbifatu. Kanaafuu, himoota bakka duwwaa akka guutaniif kennameef dursanii barreeffachuudhaan dubbisa dhaggeeffachaa yaadota callaa himoota kennaman guutuu danda'aniin guutaa akka deeman jajjabeessaa. Dubbisicha al lama irra deebi'uun dubbisaafii. Dhumarratti, barattoonni deebii isaanii akka mirkaneeffataniif deebii sirrii ta'e gabateerratti barreessaafii.

Deebii Gilgaala 2

1. Dinagdee, hawaasummaafi siyaasa
2. Baay'inni uummataafi dinagdeen walmadaaluu dhabuu, aadaa hojii boodatti hafaa, rakkoo ilaalchaafi hojii tuffachuu fa'a.
3. Leenjiiwwan hubannoo cimsan, qabeenyafi humna namaa qindeessudha.
4. Aadaa hojii jijjiiruu, ilaalcha jijjiiruu, hojii tuffachuu dhiisuu, eeggattummaafi hirkattummaa keessaa ba'uufi.

Hojiin jireenya

Hojiin bu'uura guddina biyyaafi dhala namaati. Dhalli namaa akka nama tokkootti jiraachuuf wantoonni bu'uuraa kanneen akka nyaataa, uffataafi bakka jireenyaa isa barbaachisu. Wantoonni bu'uuraa dhala namaaf barbaachisan kunneen kan argamuu danda'an yoo hojii hejjetan qofa. Hojii argachuun yeroo ammaa immoo dorgommiin kan guutamedha. Hojiin garuu, jireenya dhala namaa kamiifuu muteessadha. Hojii dhabdummaan baay'achuun, hiyyummaa babal'isee biyyaafi maatiirratti akkasumas, namoota dhuunfaarratti dhiibbaa hamaa gama: dinagdeen, hawaasummaafi siyaasaan qaqqabsiisaa jira. Rakkoon hojii dhabdummaan akka babal'atuuf wantoonni sababa hedduun jiraachuu nimalu. Kanneen keessaa muraasni isaanii: baay'inni uummataafi dinagdeen biyyaa walmadaaluu dhabuu, aadaan hojii duubatti hafaa ta'uu, hojii tuffachuu, hojii tokko tokkoof maqaa hintaane kennuufi rakkoo ilaalchaa maqaa dhahuun nidanda'ama. Rakkoolee hojii dhabdummaa akka biyyaatti mul'atan kanneen fufuuf, tarsiimolee garaagaraa baafachuun irratti hojjechuun murteessaadha.

Mootummaan gama isaatiin hojii dhabdummaa hir'isuu keessatti qooda olaanaa qaba. Gaheen mootummaa rakkoo kana hir'isuuf, inni duraa tarsiimoo qopheessuudha. Inni biraan hubannoo hojii uummachuu ilaalchisee leenjiiwwan kennuu, qabeenyaafi humna namaa adda baasuun galtee hojiif haala mijeessuu danda'udha. Kana malees, karooraafi sagantaa hoji uummachuu sadarkaa ministeera irraa kaasee hanga gandoota baadiyyaatti diriirsuu danda'udha. Kana keessatti hojii dhabdoonni gurmaa'anii hojiitti akka galan: kakaasuu, hubannoo isaanii cimsuu, leenjiin utubuu, bakka itti hojjetan mijeessuu, haala gabaa naannoo qorannoon kallattii itti argisiisuudha. Qabsoo hiyyummaa mo'achuuf taasifamu keessatti, kaappitaala hojii ittiin eegalan bifa liqiidhaan tajaajila akka argatan gochuunis hojimaata keessaa isa tokkodha.

Rakkoo hojii dhabdummaa maksuu ykn hir'suuf taasifamu keessatti gaheen hawaasa bal'aas iddoo guddaa qaba. Hawaasni bal'aan, hojiin murteessaa ta'uusaa bareechee beeka. Garuu, wantoota hojii dhabdummaan akka babal'atan taasisan cabsee keessaa bahuun irra eegama. Isaan kunis: aadaa hojii duubatti hafaa ta'e, hojii tuffachuu, hojiiwwn tokko tokkoof maqaa hintaane kennuu, rakkoo ilaalchaa, eeggattummaafi hikattummaa keessaa bahuun murteessadha. Fakkeenyaaf, baadiyyaa keessatti hojii qonnaafi horsiisarrtti yoo bobba'an waanuma dinagdeen hinjijiiramne godhanii kan ilaalan nijiru. Dhugaan jiru garuu faallaa kanaati. Qonnaan bultoonni mala saayinawaatti gargaaramuun midhaan garaagaraa calleessan, kuduraaleefi mduraalee oomishan, beeyladoota horsiisaniifi furdisan abbaa qabeenyaa ta'uu danda'aniiru. Magaalaa keessatti immoo waldaan gurma'uun: hojiiwwan mukaafi siibilaa, daldala xixiqqaa, manneen bunaafi shaayii, qonnaa magaalaarratti bobba'an hedduun ofjijjiiranii namoota baay'eef carraa hojii uumaniiru. Namoonni jiraattota baadiyyaas haata'u; magaalaanis kutnnoofi seexaan hojiitti bobba'aan ofjijjiiruu qofa osoo hintaane, ulaa carraa hojii namoota hedduufi uumuu bira darbanii, ashuuraa argamsiisuun guddina biyyaa isaaniitiifi dirqama lammummaa isaanii bahaa jiru. Namoonni hojii tuffachuu dhiisanii, naamusa hojii hidhachuun kutannoon hojiitti yoo bobbaanaan waan hinjijiiramneef hinqaban. Fkn, aadde Aagituu Idawoo Guddataa jedhamtu lammii biyyaa keenyaa kanturte biyya Xaaliyaanii keessatti hojii re'oota horsiisuufi bu'aa re'ootaa gabaa biyyaa sanaaf dhiyeessuun hojii guddaa uumtee turte. Biyya kana keessatti hojii uummachuu bira dabartee namoota baay'eefi carraa hojii uumteetti. Biyyuma hambaa kana keessatti invastimeentii kanaan beekamtii guddaa argatteetti. Kana irraa wanti hubatamu, namni murtoo yaadaafi sammuu qabaannaan hojii uummachuun akka danda'amu namatti agarsiisa jechuudha.

Dargaggoonnifi shamarran biyya keenyaas carraawwan hojii uumuu argamanitti gargaaramuun biyyuma keessatti hojii uummachuun barbaachisaadha. Namoonni tokko tokko hojii barbaachaaf jecha biyyoota adda addaatti karaa seeraan alaa godaanan baay'een isaanii lubbuudhan dhabamaniiru; irbaata bineensaa ta'aniiru. Kanneen bineensaan nyaatamuu irraa baraaraman illee hedduun isaanii yeroo balaa garaagaraatiif saaxilamuun qaama hir'uu gara biyyaatti deebi'an nimul'ata. Haata'u malee, carraa biyya keessa jirutti fayyadamuun baadiyyaa keessatti hojii

qonnaa adda addaa irratti bobba'anii bu'aa argachaa kan jiranis hedduudha. Magaalaa keessatti immoo waldaan gurmaa'uun hojiiwwan ogummaa adda addaafi daldala irratti bobba'uun offooyyessuu bira darbanii namoota birootiif carraa hojii kanneen uuman illee jiru.

Walumaagalatti, hojiin jireenya dhana namaatiif murteessaa ta'uun isaa kan walnama gaafachiisu miti. Hawaasni bal'aanis hojii uumuun akka danda'amu bareechee beeka. Namni harkaafi miila akkasumas, sammuu yaaduu danda'u qabu waanhunda qabaachuu danda'a. Hojii tuffachuun garuu, aadaa hojii boodatti hafaafi ilaalcha badaa hojiif qaban dhiisanii yaada ofiin murteeffachuun hojii uumuun namoonni hedduun fakkeenya ta'uu danda'an nijiru. Kanaafuu, namoonni haalaafi carraa jirutti fayyadamuun naannoo isaaniitti hojii uumanii jijjiirama fiduu irratti kutannoon isaanii murteessadha.

Barannoo Lama: Dubbachuu

Gilgaala 3: Shaakala Dandeettii Dubbachuu

Gilgaala kana jalatti barattoonni dandeettii dubbachuu isaanii bakka itti gabbifatanidha. Kanaafuu, qabxiiwwan marii dhimmoota hojii uumuufi hojii dhabdummaa hir'isuurraatti barattoonni gareedhaan akka marii adeemsisan kennameef irratti marii bal'aa akka gaggeessan deeggaraa. Barattoonni yeroo marii gaggeessan dhumarra dareef ibsa kennuu akka danda'aniifi waan mari'atan irraa yaadannoo mataa isaanii akka qabatan taasisaa. Dhumarrattis, barattootni waan irratti mari'atan ilaalchisee garee isaaniirraa namni tokko tokko ka'anii dareef ibsa akka taasisan jajjabeessaa.

Barannoo Sadii: Dubbisuu

Gilgaala 4: Gochaalee Dubbisuun Duraa

Kaayyoon gochaalee dubbisuun duraa barattoonni waan barachuuf deeman muuxannoo duraan qaban wajjin walitti fiduun hubannoo isaanii gabbifataa adeemanidha. Gaaffiiwwan gilgaala 4A jalatti dhiyaatan irratti barattoonni osoo gara dubbisuutti hingalin dura gareen marii haagaggeessan. Deebii isaan kennan sirrdha; sirrii miti osoo hinjedhin sodaa malee yaada isaanii akka waljijjiiran gargaaraa. Dhumarratti fakkiiwwan kitaaba barattootaa irratti argamu ilaaluun waan fakkicharraa xiinxalan waliif akka ibsan barattoota jajjabeessaa.

Gilgaala 4B jalatti barattoonni jechoota hiika galumsaa isaan qaban bakka itti tilmaamanidha. Kana keessatti immoo itti fayyadama jechootaa gabbifatu. Kanaafuu, barattoonni osoo gara dubbisaatti hinseeniin dura gareedhaan ta'uun hiika jechootaa akka tilmaaman deeggaraa. Hiika galumsa jechootaas isa barattoonni deebisan gabateerratti barreessaafii. Dhumarrattis, deebii jechoota tilmaamanii dubbisa keessaa akka mirkaneeffatan taasisaa.

Deebii Gilgaala 4B

1. daandii
2. hojii
3. muuxannoo
4. Dhaabsisuu
5. Salphaa
6. qunnamtii akka tasaa
7. Haamilee; kutannoo; kaka'umsa…
8. Irra aanuu; mo'achuu
9. Deeggaruu; gargaaruu; cinaa dhaabbachuu…
10. Carraa gaarii

Gilgaala 5: Gochaalee Yeroo Dubbisuu

Gilgaala kana jalatti barattoonni dubbisa dhiyaateef callisaan dubbisuudhaan yaadota ijoofi callaa addaan baafachuu shaakaluu bakka itti dagaagfatanidha. Kanaafuu, barattoonni dubbisa eegaluudhaan dura ajaja kennameef sirriitti adda baafachuudhaan akka qophaa'an taasisaa. Haaluma dubbisicha dubbisaa gaaffiiwwan kennamaniif xiyyeeffannoon xiinxalaa akka deeman deeggaraa. Dubbisicha yeroo tokko dubbisanii erga xumuranii deebii gaaffiiwwanii mirkaneeffachuuf al tokko sakatta'aan akka dubbisaniif daqiiqaa 3-5 kennaafii. Dubbisicha xiyyeeffannoon dubbisuu isaanii mirkaneeffachuuf deebii gaaffiiwwanii irra deebi'aa gaafadhaa.

Deebii Gilgaala 5

1. Osoo hin nuffin itti cichanii hojii hojjechuu, seexaa qabaachuu…
2. Dhiibbaa keessaafi dhiibbaa alaa
3. Dinagdee guddisuuf, jireenya hawaasummaa dabaluu, muuxannoo gaarii dhalootaaf dabarsuufi kkf
4. Tokkummaa dhiibbaa keessaafi dhiibbaa alaa:
    - Lamaanuu dhiibbaawwan hojii dhuunfaa ofii uummachuuf nama kakaasanidha.

Garaagarummaa dhiibbaa keessaafi dhiibbaa alaa

a. Dhiibbaan Keessaa:

- Fedhii hojii dhiibbaa alaatiin osoo hin taane kan keessa namaatii maddudha.
- Hirkattummaa dinagdee jibbuu irraa kan dhufudha.
- Bilisummaa dinagdee hawwuu irraa kan dhufudha.

- Hojii dhuunfaa ofii uummatanii galii argachuuf kan nama kakaasudha.
- Maatii ofii utubuufi…

b. Dhiibbaa Alaa:

- Dhiibbaa namni tokko hojii akka uummatuuf maatiirraa itti dhufu.
- Dhiibbaa naannoorraa
- Mootummaarraafi… akka hojii dhuunfaa uummataniif kan nama kakaasudha.

5. Keeyyata 2ffaan Namni kamuu hojii mataa isaa uummatee hojjechuu akka danda'u.

   Keeyyata 4ffaan namni hojii uummatetti milkaa'uuf wantoonni raawwatamuu qaban akka jiran kan ibsudha.

Gilgaala 6: Gochaalee Dubbisuun Boodaa

Gilgaala 6A jalatti barattoonni dubbisa dhiyaate erga dubbisanii booda yaadolee callaa keeyyata tokkoo keessaa ciccitanii hafan barbaaduun keeyyaticha guutuu taasisuu bakka itti shaakalanidha. Kanaafuu, barattoonni keeyyata yaadolee callaan keessaa hafee dhiyaate dursanii akka barreeffatan taasisaa. Kana booda, dubbisa keeyyatichi keessaa fudhatame duubatti deebi'uun keeyyata san dubbisanii yaadolee citee hafe akka xiinxalan taasisaa. Dhumarratti, keeyyaticha guutuu taasisanii akka dubbisan taasisaa.

Deebii Gilgaala 6A

Hawaasni biyya keenyaa dachee uumamaan badhaatuu taate irra taa'uun carraa hojii hawwuu keessaa ba'uun barbaachisaadha. Leecalloowwan uumamaan dacheen keenya badhaate akkasumas, fedhiifi beekumsa akkamiin walitti fidanii hojii mataa ofii uummachuun akka danda'amu beekuun murteessadha. Gosoonni hojii namoonni hundi uummachuu qaban garuu walfakkaataa ta'uu qaba jechuu miti. Haalota adda addaa irratti hundaa'uun garaagarummaa qabaachuu danda'a. Kunis, sadarkaa namoonni irratti argaman: barnoota, bakka hojiifi haalli qabeenya namootaa murteessadha.

Gilgaala 6B jalatti barattoonni dubbisa dhuunfaafi callisaan dubbisaanii hubannoo dubbisuu isaanii bakka itti mirkaneeffatanidha. Gaaffiiwwan gilgaala kana jala jiran erga dubbisanii booda barattoonni deebii gabaabaa barreessuun akka hojjetan jajjabeessaa. Erga hojjetanii boodas barattoonni tokko tokkoon deebii barreessan akka dhiyeessan taasisaa. Deebiirratti sirreeffamni yoo barbaachise barattootaaf carraa dursaa kennuufiin akka sirreessan taasisaa. Dhumarrattis, deebii sirrii ta'e waliin mirkaneessaa.

Deebii Gilgaala 6B

1. Hojiin bu'uura jireenya dhala namaa waan ta'eef, namni kamuu jiraachuuf hojjechuu akka qabuufi warreen hojii hinqabne immoo hojii uummachuun akka danda'amu barsiisuudha.
2. Namoota hojii hinqabneefi kanneen hojii qabanis, hojii isaanii akka guddifatan barbaadaniif.
3. Dhiibbaa kaka'umsa keessaafi dhiibbaa alaa jedhamuun waamamu.
4. Wantoonni milkaa'ina hojii tumsan:
    - Dandeettii waa uummuu
    - Si'aayina hojii qabaachuu
    - Jaalala hojii qabaachuu
    - Seexaa qabaachuu
    - Ofitti amanamummaa qabaachuu
    - Dandeettii hojii hoogganuufi kkf

Barannoo Afur: Barreessuu

Gilgaala7: Shaakala Dandeettii Barreessuu

Kaayyoon gilgaala kanaa shaakalli dandeettii barreessuu barattootaa akka cimu taasisuudha. Kunis tooftaan barattoonni yaadannoo baafachuu danda'an bakka itti shaakalanidha. Qabiyyee barannoo tokkoo keessaa yaadannoo gabaabaa fudhachuudhaan qabxiilwwan callaa ta'an tartiiba isaanii eeganii gabaasuun akkaataa itti barreeffamu shaakaluudha. Kanamalees, barattoonni waan dubbisan yookiin waan dhaggeeffatan irraa yaadannoo mataa ofii qabachuu akka danda'aniif qabiyyee kana jalatti shaakala adda addaa hojjechuun dandeettii yaadannoo qabachuu isaanii dagaagfachuu danda'u. Kanaafuu, gaaffiiwwan bu'uuraa barattootaaf dhiyaate gaafachuun waa'ee yaadannoo qabachuu ilaalchisee hubannoo isaan qaban adda baafadhaa. Yaadannoo gabaabduu mata duree kana ilaalchisee dhiyaateef akka dubbisan taasisaa. Itti aansuun fakkeenya tooftaa yaadannoo qabachuu dubbisa " Hojii uumuu" jedhu keeyyata tokkoffaa keessaa ba'e akka qalbeeffatan taasisaa. Keessumattuu, qabxiiwwan yaada ijoo, yaadolee callaafi unkaa ittiin barreeffatan sirriitti adda haabaafatan.

Dhumarrattis, barattootaaf, 1ffaa barreeffama bal'aa ta'e tokko barbaadanii dubbisuun yaadannoo mataasaan qabachuun fidanii yaada isaa dareef akka dhiyeessan. 2ffaa irratti immoo oduu miidiyaarraa yookiin namoota waltajjii gaggeessan irraa dhaggeeffataniin yaadannoo qabachuun dareef akka dhiyeessan taasisaa.

Barannoo Shan: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 8: Shaakala Fayyadama Jechootaa

Gilgaala kana jalatti barattoonni jechoota adda addaa haala galumsa isaanitiin fayyadamuu ilaalchisee bakka hubannoo isaanii itti cimsatanidha. Haaluma kanaan gilgaala 8A jalatti hiika faallaa jechootaa adda baafachuuf jechoota roga 'A' jalatti dhiyaataniif hiika faalla isaanii roga 'B' jala jiran wajjin walitti firoomsu. Kaafuu, deebii barattoonni hojjetan irratti garee garee keessaa waljala jijjiiruun deebiin garee hundaa walfakkaachuufi dhiisuu isaa waliin haalilaalan. Dhumarrattis, deebii barattoota hundaa mirkaneessaa.

Deebii Gilgaala 8A

1. D
2. C
3. F
4. A
5. B

Gilgaala 8B jalatti barattoonni jechoota hima keessa galchuun itti fayyadamuu bakka itti shaakalanidha. Kunis, himoota jalqabaman keessaa jechoonni bakka adda addaatti hir'achuun himichi ergaa guutuu dabarsuu irratti mudaa akka hingodhanne taasisuudha. Jechoota gilgaala 8A jalatti roga A jala jiran keessaa filachuun himoota gilgaala 8B jala jiran bakka galuu qabanitti galchuun himoota kanneen guutuuf gargaara. Kanaafuu, barattoonni himoota bakka duwwaa gilgaala kana jala jiran dursanii akka barreeffatan taasisaa. Itti aansuun deebii sirrii guutuufi sirna qubeessuu isaanii mirkaneessaa.

Deebii Gilgaala 8B

1. gonfachuu
2. hayyuu
3. seequu
4. Jeejee
5. sarmuu

Gilgaala 8C jalatti immoo barattoonni jechi tokko himoota garagaraa keessa galuudhaan unka isaa osoo hinjijjirratin hiika adda addaa qabaachuu danda'uu isaa bakka itti xiinxalanidha. Barattoonni kana akka hubataniif immoo fakkeenyota kitaaba isaanii irratti kenname xiyyeeffannoon akka dubbisan hubachiisaa. Kana booda fakkeenya kitaaba barattootaafi qajeelcha kana irratti kenname bu'uureffachuun himoota keessatti jechoota jala muramaniif hiika galumsa isaanii akka barreessan taasisaa. Dhumarratti, hiika galumsaa sirrii barreessuufi dhiisuu isaanii mirkaneessaa.

Fakkeenyota kennaman:

a. Galataan amala badaa qaba. Hiikni jecha jala muramee= yaraa

b. Baay'achuu aara warshaalee irraa kan ka'e qulqullinni qilleensa magaalaa badaa jira.
Hiikni jecha jala muramee = manca'aa jira jechuudha.

c. Nama rakkoo dinagdee qabu utubuun gaaridha.
Hiikni isaa= gargaaruu

d. Biqiltuu duufee kufuuf jedhu utubuun barbaachisaadha. = mukaan biraa jala dhaabuu.

Deebii Gilgaala 8 C

1. Imaanaa/ galfata
2. Waan nyaatamu/soorata
3. Nama gaddisiisa
4. Dhiyeesse
5. Hafe
6. Dhandhama badaa
7. Dubbii jibbisiisaa
8. Sanyii
9. Qaccee/qancee/ ittiin yeroo qonnaa sangaa waxalan
10. Baay'ee; hedduu
11. Qabeenyaas ta'ee, wanti hundi akkuma galaanaa yaa'ee darba
12. Dhandhama gaarii
13. Qaaliidha
14. Abidda boba'u
15. Heerumuu

Barannoo Ja'a: Seerluga/ Caasluga

Gilgaala 9: Shaakala Gochimoota Ce'aafi Ceelaa

Gilgaala kana jalatti barattoonni waa'ee gochimoota ce'aafi ceelaa ilaalchisee hubannoo isaanii bakka itti gabbifatanidha. Fakkeenyota kennamn ka'umsa godhachuudhaan barattoonni maalummaafi tajaajila gochimootni ce'aafi ceelaan hima keessatti qaban akka adda baafatan taasisaa. Barattoonni ibsa fakkeenya armaan gadii jalatti kennaman akka barreeffataniifi dubbisan taasisaa.

Fakkeenya,

a. Gammadaan nijijjiira.
b. Firaa'ol lilmoo waraana.

Himoonni kunniin gochimootni isaanii dhamjecha (-am) maxxanfachuun yemmuu barreeffaman

c. Gammadaan nijijjiirama.
d. Firaa'ol lilmoo waraanama.

Gochi tokko yemmuu mathimaan raawwatamu gochima ce'aa (Active) jedhama.
Fakkeenya himoota *a* fi *b* keessatti kennaman gochimoonni mathima kennameen raawwataman. Kana jechuun mathimatu gocha raawwata jechuudha. Himoota *c* fi *d* keessatti gochimarratti dhamjecha (-am) maxxanfachuudhaan gara gochima ceelaa (passive)tti jijjiira. Gama biraatiin gochimoonni faaldarbeeyyii ta'an dhamjecha (-am) maxxanfachuu hindanda'an. Fakkeenyaaf,

e. Daa'imtichi nirafa.
f. Jabbiin niburraaqa.

Himoota *e* fi *f* keessatti gochimoonni faaldarbeeyyii 'rafafi burraaqa' jedhan fufii (-am) maxxanfachuu hindanda'an.
Nirafa- raf-am-a yookiin burraaq-am-a hinjedhamu.
Barsiisaa/-tuu! Qabiyyee armaan olii kana ilaalchisee, yaadannoo dabalataa kennuufiin barattoonni waa'ee gochimoota *ce'aa*fi *ceelaa* caalaatti akka qayyabatan deeggaraa.
Barattoonni shaakala himootaa kennaman keessaa gochimoota ce'aa yookiin ceelaa ta'uu isaanii adda baasuun akka barreessan taasisaa. Dhumarrattis, deebiin barattootaa sirrii ta'uufi dhiisuu isaa mirkaneessaa.

Deebii Gilgaala 9

1. Gochima ce'aa
2. Gochima ce'aa
3. Gochima ceelaa
4. Gochima ceelaa
5. Gochima ceelaa
6. Gochima ce'aa
7. Gochima ce'aa
8. Gochima ce'aa
9. Gochima ceelaa
10. Gochima ce'aa

Madaallii:

Barsiisaa/-tuu! Boqonnaa kana keessatti qabiyyeewwan dhiyaatan daree barnootaa keessatti kan hojiirra oolanidha. Qabiyyeewwan kunniin galma ga'uu isaanii tooftaawwan armaan gadiitti gargaaramuun madaalaa.

- Gochaaleefi hirmaannaa barattootaa hunda hordofaa.
- Barattoonni qabatamaadhaan dandeettii isaanii ibsuu danda'uufi dhiisuu isaanii adda baasaa.
- Waliin dubbii gochuuf akkaataa barattoonni itti yaada isaanii qindeeffatan madaalaa.
- Barreeffamoota dubbisaniifi waan dhaggeeffatan irraa yaadannoo sirnaan qabachuu isaanii madaalaa.
- Hiikaa galumsa jechootaa kennuu akka danda'an madaalaa.
- Gochimoota ce'aafi ceelaa ta'an himoota adda addaa keessatti fayyadamuu danda'uu isaanii maalaa.

Wabii

Addubnyaa Barkeessaa. (2010).***NATOO***: Yaadrimee caasluga Afaan Oromoo.Finfinnee: Oromiyaa.

_____. (2011). ***Sanyii:*** jechaafi Caasaa Isaa (Word and Its Structure). Finfinnee: Efficeincy Printing Press.

_____. (2014). ***SEMMOO***: Bu'uura Barnoota Afaanniifi Afoola Oromoo. Oromiyaa, Finfinnee. Far East Trading PLc.

Dhaabaa Wayyeessaa. (2020). ***GODAANNISA***: Asoosama Haaressame. Finfinnee, Itoophiyaa: ILsabaa printing, PLC.

Dowens, w. . 1998. Language and Society. 2nd(edt.), Cambridge: Cambridghe University Press

Geetaachoo Rabbirraa. (2015***). Furtuu***: Seerluga Afaan Oromoo kutaa 9ffaa fi 10ffaa. Finfinnee Dhaabbata Maxxansiisaa Kurraaz Intarnaashinaal.

Qajeelcha Qormaata Afaan Oromootiin Biiroo Aadaafi Turiizimii Oromiyaa. (1998). ***JILDII-***1: Caasluga Afaan Oromoo: Finfinnee, Oromiyaa.

_____. (2010). ***WIIRTUU JILDII-12:*** Barruu Qormaata Afaan Oromoo. Giddugala Aadaa Oromootti : Finfinnee. Bole Printing Enterprise.

Rabbirraa Tarrafaa. (2009). ***GADAA***: Caasluga Afaan Oromoo Kuitaa 9ffaa fi 10ffaa. Finfinnee, Itioophiyaa.

Wasanee Bashaa. (2012).***QORII HAMBAA***: Afoola Maxxansa 11ffaa. Finfinnee, Oromiyaa.

Silabasii Barnoota Afaan OromooKutaa 10ffaa Seemisteera 1ffaa

Boqonnaa Tokko: Afaaniifi Hawaasummaa (wayitii 9)

Barannoo kanaan booda barattoonni:

- Afee/dubbisa dhaggeeffachuun odeeffannoo isaarratti marii'atu.
- Marii gaggeessuun yaada marii afaaniin gabaasu
- Barreeffama dubbisuun barreeffamichii qaama kamiif akka barreeffame adda baasu
- Barreeffama keessatti malleen dubbiitti gargaaramu
- Barruu qopheessu
- Jechoota tishoo ijaaruun ittis gargaaramu

Gahumsawwan/ogummaawwan	Qabiyyeewwan	Tarsiimolee barachuufii meeshaalee	Madaallii
Barattoonni barnoota kanaan booda • Ergaalee haala dubbii garaagaraa keessatti dubbataman dhaggeeffachuudhaan odeeffannoo dhagahan irratti marii\atu • Qabiyyee yookiin mata-duree kennamerratti Marii'achuudhaan afaaniin gabaasu dhiyeessu • Dubbisa bal'aa tokko dubbisuun dubbistoota addaa baasu • Malleen afaanii garaagaraatti fayyadamuun haalota garaagaraa ittiin ibsuu jalqabu • Qabxiilee hima ijoofi callaatti gargaaramuun jechoota waqabsiiftootatti fayyadamanii keeyyattoota tartiibaan kaahun barruu qopheessu • Hiika galumsaa jechootaatti gargaaramuun himoota ijaaru • Jechoota tishoo addaan baasuun barreeffama keessatti fayyadamu	**11.Dhaggeeffachu:** 1.2. dubbachuu 1.3.Daubbisuu	•Sadarkaalee dandeettii dhaggeeffachuu barsiisuu garaagaraa gargaarami **Dhaggeeffachuu duraa** •Qabiyyee dhaggeeffachuu irratti hundaahuudhaan barattootni waa'ee qabiyyee akka tilmaaman ajaji •Cimdiidhaan dhaggeeffachuudhaan hiika galumsa jechoota haaraa akka kennan gaafadhu **Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu** •Qajeelfama ifaa ta'e kenniif Fkn. Maal hojjechuuf? Si'a meeqa akka dhaggeeffachuuf jiran? Kkf. •Barattootni guutummaan akka ofhordofan qajeelchi • Afee /Dubbisa dhaggeeffachuu sagalee olkaasuun ykn. Meeshaalee sagalee warabame dhaggeeffachiisuuf oolanin dhiyeessi •Afee/dubbisa dhaggeeffachuurratti hundaahunn gaaffilee garaagaraa akka dhaggeeffataniifi deebisan ajaji **Shaakala dubbisa Boodaa** •Barattootni irra deebi'anii gareedhaan dhaggeeffachuudhaan marii'achuun himoota keessa deebi'anii sirreessuu madaali •Gochaa /shaakala barattootni barruu ittiin qopheessuuf tajaajilu kenniif(Fkn. Mata-duree sadarkaa daree sanaa madaalu kenniif) •Barattotni gareedhaan yaada/dhimma /ijoo mariif barbaachisu tokko irratti marii'achuun afaaniin dareedhaaf akka gabaasan ajaji (Fkn. COVID-19 sadarkaa dareen) **DUBBISA DURAA** •Tilmaama dubbisicharratti qaban barattootni marii'atu •Hiika jechootaa akka qabiyyee dubbisaatii kennu **Yeroo Dubbisaa** •Barattootni guutummaan dubbisicha gonfachuun gaaffilee dubbisa keessaa bahaniif deebii kennu Fkn. Tokko tokkoo keeyyataaa keessatti himoota calla addaan baasuun,walqabsiistotam, jechoota ce'umsaa, sirna tuqaaleefikkf **Dubbisa Boodaa** •Barattootni dhuunfaadhaan yaada cuunfaa dubbisichaa ijaarratu,itti aansanii yaada walitti qabatu,achii cuunfaa /gudunfaa jabaa tokko itti aansanii barreessu •Gochaalee hiika jechootaa gara hiika galmee jechootaa geessu fidu danda'u kennuu •Gochaalee ijaarsaafi itti fayyadama jechoota tishoo fayyadan kennuufii	• Odeeffannoo afee dhaggeeffachuurraa dhagahan akka waliif qoodan gaafadhu • Hagam barattootni sodaa tokko malee jechoota barbaachisootti gargaaramuun yaada ofii akka ibsatan madaali Evaluate how much students summary writing is organized logically • Hagam barattootni jechootaaf hiika kennuuf galmee jechoota tti gargaaraman madaaluu • Barattootni hagam jechoota tishoo ijaaruufi itti fayyadamuu danda'an madaaluu • Barattootaaf duubdeebii ijaarsaa kennuu

Boqonnaa Lama:Fuudhaafi Heeruma Aadaa(Wayitii 8)

Kaayyoo barachuus: Boqonnaa kana booda barattootni:

- Haasawa namoota biro dhaggeeffachuudhaan duubdeebii kennu.
- Falmii gaggeessu.
- Dubbisanii yaada dubbisa keessaa mirkaneeffatu.
- Tarsiimoolee garaagaraa fayyadamuudhaan dubbisuun yaada isaanii barreeffamaan ibsatu.
- Dubbachuufi barreessuu keessatti barattootni jechoota teekinkaafi barnootaa fayyadamu.
- Use informative, interrogative and command statements.

Gahumsawwan/ogummaawwan	Qabiyyeewwan	Tarsiimolee barachuufii meeshaalee	Madaallii
Barnoota kana booda barattootni: • Barattootni haasawa namoota biroo dhaggeeffachuudhaanduubdeebii ijaarsaa gadfageenyaan kennu • Barattootni falmii daree keessatti ofitti amanummaafi dubbii sirriitti gargaaramuun falmii daree keessatti gahee taphatu. . • Dunnisuudhaan qabiyyee dubbisaa mirkaneeffatu. • Tooftaalee barreessuu garaagaraa fayyadamuun ilaalchaafi yaada dhuunfaa isaan sirriitti barreessuun ibsatu. • Qabiyyeewwan jechoota afaanii waliin deemanii, barnootaafi fayyadama jechootaa teekinikaa dabalatee dhimmoota walxaxoo bal'aadhaaf • jechoota sirriiti fayyadamu. Barattootni himoota gaaffii, himoota ajajaafi himoota himamsaa ijaaru. .	2.1 . Dhaggeeffachuu	• Barattootni waa'ee fuudhaafi heeruma aadaa maatii isaanii gaafachuun duubdeebii ijaarsaa hiriyoota daree isaaniif dhiyeessu • Gochaalee barattootni boodarra falmii irratti gaggeessan kennuu. Fkn. Faayidaafi miidhaa fuudhaafi heeruma aadaa • Tarsiimooleefi sadarkaalee dubbisuu barsiisuu gargaaramuu. skills Yeroo Dubbisuu • Barattootni waa'ww dubbisa dubbisuuf deemanii hubannoo isaanii duraanii waliin akka walqabsiisuun dubbisuuf deeman gochuu. • Barattootni gareedhaan waa'ee fuudhaafi heerumaa waanbeekan akka marii'atan ajajuu. • Calaqqee dareedhaaf akka dhiyeessan gochuu • Waa'ee qabiyyee dubbisa dubbisuuf deemanii Hunda akka tilmaaman afeeruu. • Barattootni hiika galumsaa jechuoota haaraa irratti akka marii'atan taasisuu. Yeroo dubbisuu • Barattootni guutummaan dubbisa irratti hirmaataa akka dubbisan gochuu. • Dubbisicha callisaan akka dubbisan gochuun /qajeelchuun gochaalee yeroo dubbisaa hojjechiisuu FKN. Deebiigabaabaa kennuu, bakka duwwaa guutuu,wantoota garaagaraa adda baasuu kkf Dubbisa Boodaa • Baratytootni deebii isaanii irrattigareedhaan akka marii'atan godhi • Barattootni yaada isaanii afaan akka callaqqeessan taasisi • Kutaa dubbisaa seensaa fi gudunfaatti gargaaramanii barruu guutuu tokko akka dhiyeessan taasisi • Gareedhaan ta'uudhaan himoota gaaffii,himoots ajajaa,himoota himamsaa kkf akka ijaaran godhi	• Gochaalee kennaman hordofuun gochaa garaagaraa keessatti hirmaatu • Barattoota akkaataatti falmii gaggeessan Madaali • Yaada ijoo dubbisaa afaaniin akka gabaasan taasisi.

Boqonnaa Sadaii ; Dubartootaafi Misooma (wayitii 8)

Kaayyoolee barannoo:

Boqonnaa kana booda barattootni:

- Miidiyaalee garaagaraa dhaggeeffachuudhaan ilaalchadubbattootaa dhimmoota dubartootaa garaagaraa waa'ee dubartootaafi misoomaa haasa'anii madaalu.
- Yaada murtaa'aaf saffisaan dubbisu.
- Waa'ee dubartootaafi misoomaa af-gaaffii qopheessuun afaaniin gabaasu
- Cuunfaa barreeffamaa /afee dhiyaatee keeyyata tokkoon dhiyeessu
- Himoota salphaa, dachaafi xaxamaa ijaaruun itti fayyadamu

Gahumsawwan/ogummaawwan	Qabiyyeewwan	Tarsiimolee barachuufii meeshaalee	Madaallii
Barnoota kana booda barattootni; • Ilaalcha dubbattoota garaagaraa dhaggeefachuudhaan madaalu • Dubbisanii yaada murtaa'aa saffisaan adda baasu • Mata –duree kennamerraati af-gaaffii qopheessuun afaaniin gabaasu • Cuunfaa afee/dubbisaa keeyyata tokkoon dhiyeessu	3.1. Dhaggeeffachuu 3.2. Dubbachuu 3.3. Dubbisuu 3.4. Barreessuu 3.5. Fayyadama jechoota	• Ilaalcha dubbattootni garaagaraa miidiyaalee garaagaraa (TV,RADIO,YOUTUBEfi KKF) ajandaa dubartootaafi misoomaa dhiyeessandhiyeessan dhaggeeffachuudhaan madaalanii afaaniin akka dhiyeessan ajaji • Barattotni barbaachisummaa dubartootni misooma keessatti qaban ilaalchisee af-gaaffii akka dhiyeessanii afaanii gabaasan ajaji Tarsiimoolee dubbisuu garaagaraa fayyadami Dubbisuu Duraa • Muuxannoo dubartootaarratti hundaahuun gahee dubartootni misoma keessatti qaban irratti barattootni gareedhaan akka marii'atan taasisi Dareedhaaf akka calaqqee dhiyeessan godhi.S Yeroo dubbisuu • Jechootaaf hiika galmee/guboo/jechootaa akka kennan taasisi • Barattootni gaaffilee garaagaraa akka deebisan godhi. Fkn. Deebii gabaabaa, bakka duwwaa guutuufi kkf Dubbisa boodaa • Yaada cuunfaa dubbisichaa keeyyata tokkoo akka barreessan godhi • Seenaa dubartoota Itoophiyaa ilaalchisuun barruu tokko akka qopheessan ajaji • Seenaa dubartoota Itoophiyaa hirmaanna misoomaa keessatti qaban ilaalchisuun barreeffama afaan dhalootaa waliigaltee irratti hundaahuun barruu tokko akka qopheessan taasisi • Haala dhiyeenyaa waliigalaa gara xixiqqaatti 'deductive' gargaaramuun barattootni himoota salphaa,xaxamaa,dachaafi himamsaa akka barressan shaakal keenni • Cuunfaafi yaadannoo kennuu	• Gochaalee faana bu'uun hirmaannaa barattoota kee hordofi • Gabaasa barattootaa madaali • Barattootni karaa itti ragaa af-gaaffii irra qindeessan madaali • Adeemsa falmii keessatti yaada mormii isaan akkataatti dhiyeeffatan madaali. • Yaada ijoo afaaniin akka gabaasan gaafadhu • Himoota salphaa, dacha, xaxamaa akka ijaaran gochuu

Boqonnaa Afur: Garaagarummaa keessatti Tokkummaa (wayitii 8)

Kaayyolee barannoo:
Boqonnaa kana booda barattootni:

- Dubbattoota garaagaraa dhaggeeffachuudhaan xiinxala dhiyeessu
- Barattootni dubbisuu
- dhaan hiika yaada adda baasu
- Barreessuufi dubbachuu keessatti ibsa mammaaksota fayyadamu
- Hiika walfakkiifi faallaa jechootaaf kennu
- Ciroowwan ibsu

Gahumsawwan/ogummaawwan	Qabiyyeewwan	Tarsiimolee barachuufii meeshaalee	Madaallii
• Haasawa bal'aa dubbattoota garaagaraa dhaggeeffachuudhaan garaagarummaa yaadaa uumaman ilaalchisuun yaadakennu,waldorgomsiisu,n deebii kennu • Dubbisa kennameef tokko callisaan dubbisuufi hubannoo fooyye qabu agarsiisuun tarsiimoolee dubbisuu saffisaan dubbisuu, sakattaan dubbisuu,qeequun odeeffannoo/ yaada walitti fidu • Mammaaksota dubbiifi barreeffama keessatti bakka barbaachisutti gargaaramu • Mata-duree kennamerratti barruu qopheessu • Hiika jechootaa fi hiika faallaa jechootaa kennu • Garee jechootaa hunda sirriitti addaan baasuun bakka barbaachisaatti sirriitti fayyadamu	4.1 Dhaggeeffachuu 4.2 . dubbachuu 4.3 Dubbisuu 4.4 Barreessuu 4.5. Fayyadama Jechootaa 4.6. Seerluga	• Barattootni dubbattoota garaagaraa haasawa bal'aa taasisan dhaggeeffachuudhaan garaagarummaa yaada isaanii walbira qabuufi waldorgomsiisuun xiinxalsiisuu Fkn. Walgahii • Barattootni haasawa namoota gaaagaraa daree keessatti akka taasisan gochuudhaan haasawa namoota garaagaraa akka waldorgomsiisan taasisi Tarsiimoofi sadarkaalee dandeettii dubbisuu gara garaa fayyadamu Shaakala dubbisuu duraa • Muuxxannoo barattootaarratti hundaa'uun gareedhaan ta'uun miihdaalee shorrkeessummaa irratti akka mar'iatan godhi • Akka isaan dareef calaqqee dhiyeessan godhi/taasisi • Jechoota bu'uuraa keessaa jechoota hubannoo barattootaaf ulfaataadha jettu dubbisa keessaa baasuudhaan barattoonni hiika faallaafi walfakkii akka kennan taasisi. Shaakala yeroo dubbisuu: • Callisaafi gadi fageenyaan dubbisuudhaan barattoonni yaada waliigalaa akka baasan godhi. • Gohaalee garagaraa deebbii gabaabaa qaban akka deebisa godhi Dubbisa boodaa: • Biyyoota gara garaa akka fakkeenyaatti fudhatuun barattoonni dhiibbaa shororkeessummaan qaburratti akka mari'atan/haasa'an taasisi • Barattoonni waa'ee barbaachisummaa sab-daneessummaa/ tokkummaa keessatti garaagarummaa ibsu maddoota toora(www.) yookiin miidiyaa irraa dhaggeeffatan dubbisuun afaaniin akka gabaasan taasisi • Walkabajuu ilaalchisee barruu tokko akka barreessan taasisi (waliin walii isaanii) • Barattootni shaakala hiika jechoota faallaa walfakkii akka godhan ajaji. • Barattootni gareedhaan ta'uun gosaafi tajaajila garee jechoota hunda irratti akka mari'atan godhi.	• Hirmaannaafi daawwannaa hojii barattootaa hordofuu • Gabaasa qaaccessaa barattoonni dhiyeessan madaaluu • Yaada calla dubbisaa walitti fiduun yaada kennuu • Barreessuufi dubbisuu keessatti fayyadama jechoota barattootaa madaali. • Barattootni gosootaafi faayidaa garee jechootaa hunda akka himan taasis.

Boqonnaa Shan: Qareeyyii (wayitii 8)

Kaayyolee barannoo:

Boqonnaa kana booda barattootni:

- Yaadrimee qareeyyii ibsu.
- Gooroowwan qareeyyii tarreessu.
- Jechamoota gosoota gara garaa hibboowwaniifi haasawwan arraba nama qaban adda baasuu.
- Ergaa/dhimmoota ijoo gara garaa gosoota waa’ee qareeyyii qaaccessu.

Gahumsawwan/ ogummaawwan	Qabiyyeewwan	Tarsiimolee barachuufii meeshaalee	Madaallii
Barattoonni barnoota kana booda: • Yaadrimee qareeyyii ibsu • Gooroowwan qareeyyii adda baasuun ibsu • Gosoota jechamootaa hiikuufi arrabqabdoota adda baasuun kaa'u • Ergaa ijoo og-afoolaatiin xiinxalu	**5.1 Qareeyyii** **5.1.1 Mammaaksota** **5.1.2 Hibboowwan** **5.1.3 Arrab qabdoota**	• Barattoonni maxxansaalee gara garaafi toora gara garaa irraa waa'ee qareeyyiifi gooroowwan qareeyyiirratti akka dubbisan gochuu. • Barattoonni gareedhaan ta'anii akka mari'ataniifi calaqqee dareef akka dhiyeessan taasisuu. • Barattoonni mammaaksota gara garaa, hibboowwaniifi arrab qabdootaa muuxannoo qaban fiduun akka dhiyeessan godhi. • Gareedhan ta'uudhaan sababoota garaagaraa mammaaksota, hiibboowwanfi arrabqabdoota akka marii'atan taasisi • Yaada isaanii irraa fudhachuun yaadannoodhaan cimsi • Aanaa isaanii keessaa gooroowwan qareeyyii garaagaraa walitti qabuun faayidaa isaa akka ibsan godhitaasisi • Barattootni garaagarummaa mammaaksotaa,hiibboowwaniifi arrabqabdootaa gidduu jiru addaan baasuun marii'achuun akka calqqee dhiyeessan taasisi Barattotni ergaa ijoo goorowwan garaagaraa qareeyyii akka qaaccessan gochuu	• Gochaaleefi hirmaannaa barattootaa hordofi • Yaadrimee qareeyyii akka ibsan gaafadhu • Garaagarummaa mammaaksotaa,hiibboowwaniifi arrabqabeeyyii giddu jiru addaan baasuufi dhiisuu isaanii madaali • Duubdeebii ijaarsaa kenniif

Silabasii Afaan Oromoo Kutaa 10ffaaSemisteera 2ffaa

Boqonnaa Ja'a : Gahee/Shoora Maanguddootaa (wayitii 8)

Kaayyoo Barannoo:

Xumura barnoota kanaatti barattoonni:

- Yaada ijoo dubbisaa dhaggeeffachuun walitti fidu
- Falmii keessatti qooda fudhachuun murtii loojikaawaa ta'e kennu
- Afee/dubbisa dubbisanii gabaabsanii barreessu
- Iyyannoo Xalayaa hojii barreessu
- Hiika jechootaa garee jechoota keessaa kennu
- Gochimoota darbeeyyii adda baasuun fayyadamu

Ga'umsoota/ Dandeettiiwwan barachuu	Qabiyyeewwan	Tarsiimolee Meeshaalee Barnootaa	Madaallii
• Afee/dubbisa dhaggeeffachuun deebii sababa qabu maddisiisanii waan dhaga'an walitti fidu • Falmiiwwan walxaxaa akka biyyaalessaafi addunyaatti jiru keessatti qooda fudhachuun hubatanii yaada irratti kennu • Afee/dubbisa bal'aa sadarkaa isaanii kan madaalu irraa dubbisuun dubbisicha gabaabsanii barreessuun dandeettii dubbisuu hojiirra oolchu • Waan Xalayaan of keessatti hammatu fayyadamuun xalayaa barreessu • Hiika jechootaa garee jechootaa keessaa fayyadamu • Dubbachuufi barreessuu keessatti gochimoota darbeeyyiifi faaldarbeeyyii fayyadamu	5.1 **Dhaggeeffachuu** 5.2 **Dubbachuu** 5.3 **Dubbisuu** 5.4 **Barreessuu** 5.5 **Fayyadama Jechaa** 5.6 **Seerluga**	• Gulantaalee dandeettii dhaggeeffachuu barsiisuu adda addaa fayyadami **Dhaggeeffachuun dura** • Barattoonni gareen ta'anii muuxannoo duraan qaban irratti hundaa'uunwaa'ee gahee Maanguddootaa akka mari'atan godhi • Hiika jechootaa bu'uuraa dubbisa dhaggeeffachuu keessaa barattoota rakkisa jettee yaaddu baasuudhaan akka isaan hiika galumsaa kennan taasisi **Yeroo Dhaggeeffachuu**: • Barattoonni Afee/dubbisa dhaggeeffatanii gochaalee adda addaa akka deebisan godhi fkn deebii gabaabaa, bakka duwwaa guutuu **Dhaggeeffachuun booda** • Deebii isaanii gareedhaan akka irratti mari'atan godhi • Gochaalee adda addaa akka shaakalan godhi fkn Deebii sababarratti hundaa'e dubbisa dhaggeeffatan keessaa akka maddisiisaniifi walitti fidan godhi • Dhimma biyyaalessaa adda addaa lama irratti falmii akka adeemsisan godhi fkn Faayidaa/bu'aa walkabajuun qabuufi miidhaa isaarratti • Barattoonni Afee/dubbisa callisaan dhaggeeffachuun jecha ofii isaaniitiin gabaabsanii irra deebi'anii barreessu • Barreeffama Xalayaa tokko akka ilaalanii qabiyyee isaa adda baasan godhi • Qabiyyeewwan ijoo Xalayaa tokko keessatti hammatamuu qaban gareedhaan ta'anii mari'achuun yaada isaanii dareef akka ibsan godhi • Yaada isaanirraa fudhachuun goola ba kenni • Xalayaa iyyannoo hojii akka barreessan godhi • Hiika jechootaa garee jechootaa keessaaf garee gareen akka shaakalan godhi • Barattoonni gareedhaan gochimoota darbeeyyiifi faaldarbeeyyii barreesuu keessatti fayyadamuu shaakalu	•Barattootni yaada dubbisa dhaga'anii hangam akka walitti fidan madaali •Barattoonni hangam sodaa tokko malee,warra yaada kaanii kabajuun,dabaree isaanii eeguufi jechoota sirrii fayyadamuun akka yaada isaanii ibsan madaali •Gabaaabsanii irra deebi'anii barreessuu keessatti hangam gaaleewwan walsimsiisuufi tartiibaan kaa'uu,seensaafi xumura,fayyadama afaanii,sirrummaa seerlugaa akka fayyadaman madaali •Xalayaa isaan barreessan hangam mala loojikaawaan akka gurmaa'e.seerluga isaa akka eegeefi ergaa barbaachisu akka dabarsu madaali •Barattoonni gosoota malleen dubbii adda baafachuufi dhiisuu isaanii madaali •Duubdeebii isaan ijaaru kenniif

Boqonnaa Torba : Asoosama Dheeraa (wayitii 8)

Kaayyoo Barannoo:

Xumura barnoota kanaatti barattoonni:

- Yaadrimee Asoosama Dheeraa ibsu
- Caacculee Asoosama dheeraa tarreessanii ibsu
- Amaloota Asoosama Dheeraa adda baasu
- Gocha kutaa Asoosama Dheeraa tokko keessaa raawwii isaa irra deebi'anii barreessu

Ga'umsoota/ Dandeettiiwwan barachuu	Qabiyyeewwan	Tarsiimolee Meeshaalee Barnootaa	Madaallii
• Yaadrimee Asoosama Dheeraa ibsu • Seenaa gabaabaa barreessuu keessatti caacculee Asoosama Dheeraa adda baasuun fayyadamu • Qooddattoota muummee Asoosama Dheeraa adda baasu • Caasaa adda addaa Asoosama Dheeraa irratti mari'achuun caasaan Asoosama Dheeraa Jaargocharratti dhiibbaa akkamii akka qabu ni ibsu • Taatee tokko Asoosama Dheeraa keessaa filachuun akka raawwiitti irra deebi'anii barreessu	6.1 **Asoosama Dheeraa** 6.2 **Yaadrimeewwan Asoosama Dheeraa** 6.3 **Caacculee Asoosama Dheeraa** 6.4 **Amaloota Asoosama Dheeraa**	• Maddoota adda addaarraa yaadrimee Asoosama Dheeraa akka dubbisan godhi (fkn Kitaabota maxxansamanirraa, kkf) • Gareen mari'atanii yaada isaanii dareef akka qoodan taasisi • Asoosama Dheeraa barreeffame itti argisiisuun muuxannoo isaan Asoosama dubbisuurratti qaban gaafadhu • Barattoonni mana isaaniitti Asoosama Dheeraa akka dubbisan godhi • Barreeffama Asoosama Dheeraa keessaa maal akka argan/hubataniifi yaada argatan akka ibsan godhi • Yaada isaanii fudhadhuutii Asoosama maxxansamerraa caacculee isaa argisiisi • Asoosama maxxansamerraa caacculee Asoosamaa ofii isaaniitiin akka baasan godhi • Gudunfaa gochuun yaadannoo kenniif • Gareen ta'anii Asoosama Dheeraa dubbisan irraa amaloota isaa irratti ibsa akka kennan godhi • Barattoonni Asoosamoota Dheeraa dubbisuu akka shaakalaniifi ibsa Asoosamicha keessatti kenname fayyadamuun raawwii akka qpheessan godhi	• Hirmaannaafi hojii barattootaa hundaa hordofi • Yaadrimee Asoosama Dheeraa akka ibsan gaafadhu • Caaccculee Asoosama Dheeraa tarreessuun akka ibsan gaafadhu • Amaloota Asoosama Dheeraa adda baafachuufi dhiisuu isaanii madaali • Duubdeebii isaan ijaaru kenni

Boqonnaa Saddeet : Sab-qunnamtii Hawaasaa (wayitii 8)

Kaayyoo Barannoo:

Xumura barnoota kanaatti barattoonni:

- Ergaa afaaniin dhiyaate sirriitti dhaggeeffachuun yaada xumuraa kennu
- Haasaa Sab-qunnamtii taasisame tokko irratti yaada kennu
- Faayidaa Afee/dubbisaa dubbisuun adda baasu
- Barruu Amansiisaa tartiiba loojikaawaa hordofe barreessu
- Hiika jechootaa faallaafi walfakkii galumsaafi filatanii fayyadamu
- Gochimoota hennaalee hundaa sirriitti fayyadamu

Ga'umsoota/ Dandeettiiwwan barachuu	Qabiyyeewwan	Tarsiimolee Meeshaalee Barnootaa	Madaallii
• Ergaa afaaniin dhiyaate dhaggeeffachuun walbirra qabu, cuunfaa ni kennu,ni xiinxalu • Gama haasawaa walxaxaa maddeen Sab-qunnamtii irraa dhaga'aniitti yaada kennu • Barruu bal'aa sadarkaa isaaniif qophaa'e qabiyyee isaa sakatta'uun tarsiimoolee dandeettii dubbisuu barsiisuutiin barruu baay'ee bal'aafi walxaxaa hojiirra oolchu. • Tartiiba loojikaawaa ta'een barruu amansiisu, mariisisu ykn ibsu barreessu. • Jechoota filatamoo hiika walfakkiifi faallaa akka galumsaatti fayyadamu. • Dandeettii dubbachuufi barreessuu keessattin gochimoota hennaalee hunda sirriitti fayyadamu. Fkn: hennaa ammeennaa bu'aa diraamaatiif fayyadamuu.	7.1 **Dhaggeeffachuu** 7.2 **Dubbachuu** 7.3 **Dubbisuu** 7.4 **Barreessuu** 7.5 **Fayyadama Jechaa** 7.6 **Seerluga**	• Barattoonni sabquunnamtii miidiyaa tokko dhaggeeffachuun waa'ee haasawaa isaa irratti yaada afaaniin gabaasu. • Barattoonni sabquunnamtii dhaggeeffachuun gareen mariyatanii yaada itti kennu. Mata duree adda addaa lama irratti falmii garee adeemsisu.Fkn: faayidaafi miidhaa sabquunnamtii hawaasaa. • Gulantaalee dandeettii dubbisuu barsiisuu adda addaa fayyadamu. **Dubbisa dura** • Muuxxannoo duraan qaban irratti hundaa'anii gareedhaan waa'ee sabquunnamtii hawaasaa irratti akka mariyatan godhi • Yaada isaanii dareef akka dhiyeessan godhi • Jechoota haaraa dubbisa keessaa hiikni isaa barattoota rakkisa jettee yaaddu hiika galumsaa isaanii kenniif. **Yeroo Dubbisuu** • Barattoonni guutumaa guutuutti dubbisatti akka seenan gochuun saffisa fudhatama qabuun dubbisanii gaaffilee adda addaa akka deebisan godhi.Fkn: bakka duwwaa guutuu, yaadota tokko tokkoon tarreessuu, deebii gabaabaa kennuu, kkf. **Dubbisa Booda** • Barattoonni cimdiidhaan faayidaa dubbisichaa irratti mariyatu.(dubbisichi eenyuuf akka barreeffame) • Akka isaan ergaa dubbisichaa jireenya qabatamaa isaaniitiin walitti fidan taasisi. • Qabiyyee dubbisaa cimdiidhaan akka madaalanuufi murtii isaanii akka gabaasan godhi. • Mala tartiiba loojikaawaatiin barattoonni barruu qopheessanii falmii guutuu marii/ibsa barruu mata duree kennamee taasisu. Fkn: mata duroota sabquunnamtii • Barattoonni garee keessatti jechoota adda addaa filachuun hiika walfakkiifi faallaa akka galumsaatti irratti mariyatu. • Barattoonni gareedhaan gochimoota hennaalee sirriitti dubbachuufi barreessuu keessatti akkamitti hojiirra akka oolchan ni shaakalu	• Gabaasni isaan mala loojikaawaa afaaniitiin kennan ammam hiika qabeessa akka ta'e madaali • Barattoonni yaada isaanii soda tokko malee jechoota sirriitti fayyadamuun hangam akka ibsan madaali. • Afee/dubbisa sana irratti hanqina murtii barattoonni kennan madaali. • Barruun barattootaa mala loojikiitiin hangam akka qindaa'e madaali • Barattoonni hiika walfakkaataafi faallaa jechootaa akka galumsaatti hangama akka fayyadaman madaali. • Dandeettii dubbachuufi barreessuu keessatti barattoonni gochimoota hennaalee sirriitti hangam akka fayyadaman madaali.

Boqonnaa Sagal: Hojii Uumuu /Entrepreneurship (wayitii 8)

Kaayyoo Barannoo:

Xumura barnoota kanaatti barattoonni:

- Dhaggeeffachuun waliigaluufi waliigaluu dhabuu isaanii ragaadhaan argarsiisu.
- Ilaalcha dhuunfaa isaanii sababa waliin afaaniin ibsu
- Afee/dubbisa dubbisuun eenyuuf akka barreeffame adda baasu (dhaggeeffataa)
- Dubbisa irraa yaadannoo fudhatu
- Hiika jechoota haaraa akka galumsaatti kennu
- Gochimoota ce'aafi ceelaa hima keessatti fayyadamu.

Ga'umsoota/Dandeettiiwwan barachuu	Qabiyyeewwan	Tarsiimolee Meeshaalee Barnootaa	Madaallii
• Yommuu dhimmoota hubannoo gahaa irratti argachuu barbaadan qabxiilee waliigaltee/waldhabbii dhaggeeffachuun ni sakatta'u. • Ilaalcha isaanii (barreessuu dabalatee) ibsuun sababa fudhatama qabu kennu • Callisanii waan ajajaman (barruu argatan biroo) dubbisuun callisaan dubbisuufi hubannoo isaanii fooyyeffachuu argisiisuuf maloota sakattaafi saffisaan dubbisuutti fayyadamu • Tarsiismolee yaadannoo qabachuu fudhachuu adda addaa fayyadamu. Fkn: dadammaqsituu, yaadannoo kallattii, maappii sammuu, qabxiilee deeggartuufi ijoo dubbisa bal'aa galmeessu. • Jechoota barnootaa dabalatee hiika jechoota baay'ee walxaxoofi baramoo hin taanee akka galumsaatti jijjiiranii fayyadamu • Gochimoota ce'aafi ceelaa adda baasuun sirriitti fayyadamu. Fkn: adeemsa tokko ibsuuf.	8.1 **Dhaggeeffachuu** 8.2 **Dubbachuu** 8.3 **Dubbisuu** 8.4 **Barreessuu** 8.5 **Fayyadama Jechaa** 8.6 **Seerluga**	• Barattoonni afee/dubbisa dhaggeeffachuun waliigalteefi waliigaltee dhabuu isaanii ragaadhaan agarsiisi • Faayidaa hojii uumuun qabu irratti mariisisuun ilaalcha isaanii sababa fudhatama qabuun akka ibsan godhi • Gulantaalee dandeettii dubbisuu barsiisuu adda addaa fayyadami **Dubbisa dura** • Muuxxannoo isaanii irratti hundaa'anii waa'ee faayidaa hojii uumuu gareen akka mariyatan godhi • Barattoonni cimdiidhaan mariyachuun hiika galmee jechootaa jechootaaf kennu. **Yeroo Dubbisuu** • Yaada dimshaashaa argachuuf callisaan akka dubbisan godhi. • Dubbisichi eenyuuf akka barreeffame akka adda baasan godhi (dhaggeeffataa) • Dubbisichi waa'ee maalii akka ibsu akka hubatan godhi • Jechoota barnootaa dabalatee hiika jechoota baay'ee walxaxoofi baramoo hin taanee akka galumsaatti jijjiiranii fayyadaman shaakalchiisi. • Gochimoota ce'aafi ceelaa mariyachuun himoota keessatti sirriitti fayyadami.	• Gochaaleefi hirmaannaa barattootaa hordofi. • Ragaa qabatamaadhaan ejjennoo isaanii ibsuu danda'uufi dhabuu barattootaa madaali. • Waliin dubbii gochuuf yaada isaanii akkamitti akka qindeeffatan madaali. • Barruu barreeffamaafi gabaasa isaanii madaali • Hiika galumsa jechootaa akka kennan gaafadhu • Fakkeenya ciroowwan adda addaa akka kennan gaafadhu

QAJEELCHA BARSIISOTAA
KUTAA 10

Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee